

**XIINXALA ERGAA MAMMAAKSOTA OROMOO DUBARTOOTAAF  
MAMMAAKAMAN: IJA YAAXXINA FEMINIZIMIITIIN, GODINA  
BUUNNOO BEDDELLEE AANAA BEDDELLEE  
XIYYEEFFACHUUN**

**BAYYANAA EJJETAA KAFANIITIIN**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI  
OGBARRUUTIIN BARSISUUF QOPHAA'EE, YUUNIVERSIITII JIMMAA,  
KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAIFI HUMAANIITIITTI, DAMEE  
BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTTI DHIYAATE**

**HAGAYYA 2014/2022  
JIMMA, OROMIYAA**

**YUUNIVERSIITII JIMMAA**  
**KOLLEEJII HAWAASAAFI HUMAANIITII**  
**MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

**XIINXALA ERGAA MAMMAAKSOTA OROMOO DUBARTOOTAAF**  
**MAMMAAKAMAN: IJA YAAXXINA FEMINIZIMIITIIN, GODINA**  
**BUUNNOO BEDDELLEE AANAA BEDDELLEE**

**XIYYEEFFACHUUN**

**QORATAAN:- BAYYANAA EJJETAA KAFANII**

**GORSITUUN:- ALAMITUU OLII (PhD)**

**GORSAA GARGAARAAN:-ALAMAAYYOO FAQQADAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI**  
**OGBARRUUTIIIN BARSIIISUU GUUTTACHUUF QOPHAA’EE, YUUNIVERSIITII**  
**JIMMAA, KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITIITTI DAMEE**  
**BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTTI DHIYAATE**

**HAGAYYA 2014/2022**

**JIMMA, OROMIYAA**

## MIRKANEESSA

Waraqaa qorannoo kana ulaagaa qorannoon tokko guutuu qabu guutuudhaan qopheessee kanan xumureeru yoo ta'u, hojii koo ta'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Qorataan:

Maqaa: **Bayyanaa Ejjetaa Kafanii**

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

# YUUNIVARSIITII JIMMAA

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Qorannoon ulaagaa Digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuutiin guuttachuuf, Bayyanaa Ejjetaatiin Mata Duree: Xiinxala Ergaa Mammaaksa Oromoo Dubartootaaf Mammaakan: Ija Yaaxxina Femimizimiitiin Godina Buunoo Beddellee Aanaa Beddellee gidduleeffachuun hojjetame sadarkaa ulaagaa Yuunivasiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

### Gorsaa:

Maqaa: Alamituu Olee (PhD)

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

### Gorsaa Gargaaraa:

Maqaa: Alamaayyoo Faqqadaa (PhD) Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

### Qoraa Alaa:

Maqaa: \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

### Qoraa Kessaa:

Maqaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

### I/G/Muummee:

Maqaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

## Galata

Waraqaa qorannoo kana hojjedhee xumuruu keessatti namoota na gargaaran keessaa sadarkaa duraatti hubannoo barbaachisu naaf laachuun nuffii tokko malee kan na gargaaran Dr. Alamituu Oliif galanni koo guddaadha. Dr. Alamaayyoo Faqqadaas kallattiin natti agarsiisan salphaa miti. Beekumsaafi oguma qaban natti hin waakkanne. Isaaniifis, galanni koo guddaadha. Itti aansuun milkaa'ina qorannoo koof Dr. Taayyee Guddataa dhiyeessii wixinee qorannoo koo irratti yaanni isaan naaf kennan gumaacha guddaa naaf ta'eera. Isaaniifis, kabajaafi galata guddaan qaba. Akkasumas, Hawaasa Aanaa Beddellee ragaa odeeffannoo naaf kennaniifi kanneen haala naaf mijeessanis galata narraa qabu. Dabalataanis, hiriyoottan koo kallattii adda addaan cina koo dhaabatan keessumaa Ogeessa Waajjira lafaa Godina Buunoo Beddellee kan ta'e Obbo Tsaggaayee Cimdeessaa kaartaa Godinaafi aanaa qorannoon kun ilaallatu qopheessee naaf kennuu bira darbee meeshaalee barreessaa na deeggaruun hojii kootti na jajjabeessaa waan tureef, galanni koo daangaa hin qabu. Karaa biraas, hiriyoonna koo maqaa isaanii ani hindhoofne deeggarsa hedduu naaf godhanis hedduudha. Isaaniinis galatoomaan jedha. Deeggarsa guddaa naaf godhaniif Waajjira Barnoota Bul/Mag/Beddellees guddaan galatoonfadha. Xumura irratti haadha warraa koo Urgee Asaffaa kallattii maraan yeroo hunda hojii korratti jajjabina naaf laatteefi yeroo gahaa hojii kootiif akkan qabaadhu kan na gargaarteeff galanni koo dhuguma adda. Silaa isa nadhiphisu naaf dhiphattee, ba'aan baachuuf malu naaf baattee, jabaattee na jabeessuu keef ulfinaaf kabajatu siif mala. Galatoomi.

# GABATEE BAAFATAA

Baafata

Fulaa

Galata.....	iv
GABATEE BAAFATAA .....	v
JIBSOO .....	viii
AXAREERAA .....	ix
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1.    Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2.    Ka’umsa Qorannichaa.....	4
1.3.    Kaayyoo Qorannichaa.....	7
1.3.1.    Kaayyoo Gooroo .....	7
1.3.2.    Kaayyoo Gooree .....	7
1.4.    Barbaachisummaa Qorannichaa.....	7
1.5.    Daangaa Qorannoo.....	8
1.6.    Hanqina Qorannichaa.....	9
1.7.    Qindoomina Waraqaa .....	9
1.8.    Haala Waliigalaa Naannoo Qorannoon itti gaggeeffamee .....	10
1.8.1.    Hidda Latiinsa Oromoo Godina Buunoo Beddellee .....	12
1.8.2.    Aanaa Qorannichi irratti xiyyeeffatuufi Haala Jireenya Hawaasichaa .....	12
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU WALFAKKII.....	14
2.1.    Yaadrimee Fookiloorii .....	14
2.2.    Akaakuuwwaan Fookiloorii .....	16
2.1.1.    Afoola .....	17
2.3.    Gosoota Afoolaa .....	19
2.3.1.    Mammaaksa .....	20
2.4.    Qabiyyee Mammaaksaa .....	21
2.5.    Faayidaa mammaaksaa .....	22
2.5.1.    Dubbi Miidhagsuu isaa .....	22
2.5.2.    Muuxannoo ibsuu.....	23
2.5.3.    Dubbi Gabaabsuuf .....	23
2.5.4.    Safuu Hawaasaa Eeguuf.....	23

2.5.5.	Barsiisuufi Amansiisuuf.....	24
2.6.	Hanqina Mammaaksi qabu.....	24
2.7.	Amaloota mammaaksaa .....	25
2.7.1.	Jechoota Filatamoo fayyadamuu isaa.....	26
2.7.2.	Tasa Haasa'amuu Dhiisuu isaa .....	26
2.7.3.	Dubbii Dubbatamaa jiruun kan walsimu ta'uu .....	27
2.7.4.	Itti fayyadamuufis ta'ee hubannoof bilchina kan barbaadu ta'uu .....	27
2.7.5.	Dubbii Qolaatiin kan dhiyaatu ta'uu.....	28
2.8.	Afoolaafi Dubartummaa .....	29
2.9.	Mirga Dubartootaan Walqabatee Yaadota jiran.....	29
2.10.	Yaaxxina Qorannichaa .....	30
2.10.1.	Yaaxxina Dubartummaa .....	31
2.10.2.	Maalummaa Dubartummaafi Yaaxxinoota isaanii.....	33
2.10.2.1.	Yaaddiddama Fookloorii Dubartummaa.....	34
2.10.2.2.	Yaaddiddama Qorannoo Hawaasummaaf Aadaa /Reciprocal ethnography/ .....	37
2.10.2.3.	Yaaddiddama Walitti Dhufeenyummaa (Intersectionality) .....	39
2.11.	Sakatta'a Qorannoo Walfakii.....	42
<b>BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA .....</b>		<b>45</b>
3.1.	Saxaxa Qorannichaa.....	45
3.2.	Irraawwatamtoota Qorannichaa .....	46
3.3.	Iddattoofi Mala Iddatteessuu.....	47
3.3.1.	Mala Iddatteessuu Akkayyoo.....	48
3.3.2.	Mala Iddatteessuu Darbaan Dabarsaa .....	48
3.4.	Mala Funaansa Ragaa .....	48
3.5.	Meeshaalee Funaansa Ragaalee .....	49
3.5.1.	Afgaaffii.....	49
3.5.2.	Marii garee .....	50
3.6.	Mala Qaaccessa Ragaalee Qorannichaa.....	51
3.7.	Naamuusa Qorannichaa .....	51
3.8.	Gabaasa Turtii Dirree Qorannoo.....	52
<b>BOQONNAA AFUR: QAACCEESSA RAGAALEE .....</b>		<b>54</b>
4.1.	Qabiyyee Mammaaksota Gadaantummaa Dubartootaa ibsan.....	54

4.1.1.	Mammaaksota Wallaalummaa Dubartootaa ibsan.....	54
4.1.2.	Mammaaksota dadhabina gahumsa dubartootaa agarsiisan.....	58
4.1.3.	Mammaaksota barbaachisummaa dubartii qeequuf mammaakaman.....	60
4.1.4.	Mammaaksota amanamummaa dhabuu dubartootaa agarsiisan.....	63
4.1.5.	Mammaaksota Madda Waldhabdee ta'uu Dubartootaa ibsan.....	65
4.2.	Mammaaksota Cimina Dubartootaa ibsani.....	67
4.2.1.	Mammaaksota Beektuu ta'uu Dubartii agarsiisan.....	68
4.2.2.	Mammaaksota Barbaachisummaa Dubartootaa Agarsiisan.....	70
4.2.3.	Mammaaksota Haxxummaa Dubartootaa agarsiisan.....	73
4.2.4.	Mammaaksota jaalalaafi barbaachisummaa haadhaa ibsan.....	76
4.2.5.	Mammaaksota oguma qabaachuu yookan harka toleeyyii ta'uu dubartootaa ibsan.....	79
4.2.6.	Mammaaksota Kabaja Dubartootaa ibsan.....	81
	<b>BOQONNAA SHAN: GOOLABAAFI YAADA FURMAATAA.....</b>	<b>84</b>
5.1.	Goolaba.....	84
5.2.	Yaada Furmaataa.....	88
	<b>Wabiilee.....</b>	<b>91</b>
	Dabalee A.....	94
	Dabalee B.....	95
	Dabalee C.....	96
	Dabalee D.....	102
	Dabalee E.....	103
	Dabalee F.....	104



## JIBSOO

### **Jechootaafi gabaasituwwan**

Cuubata	→	mi'eessituu
Habuurraa	→	haala qabatamaa qaamaan biratti argamuun daawwachuu
Iddatteessuu	→	jamaa keessaa hirmaattoota filachuu
Iddattoo	→	qaama xiqqaa jamaa keessaa filatamuun qorannoonirratti gaggeeffamu
Iraawwatama	→	qaama yookiin jamaa qorannoon irratti gaggeeffame
Jamaa	→	hawaasa qorannoon irratti gaggeeffamu
Madda	→	ka'umsa gochi tokko irraa ka'uu danda'u
Udumamoo	→	Waan walitti cunqaa'e
Wayyooma	→	Gaarummaa

## AXAREERAA

*Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa ergaa qabiyyee mammaaksota Oromoo dubartoota bu'uureffatanii mammaakaman xiinxaluudha. Maddi odeeffannoo qorannichaas buleessaafi buleetii hawaasichaati. Gosti qorannoo kanaa ammoo qorannoo qulqulleeffataa yemmuu ta'u, ragaaleen argamanis saxaxa ibsaattii gargaaramuun qaaceffamanii jiru. Qorannoo kanaan mammaaksonni Oromoo dubartoota bu'uureffachuun mammaakaman hawaasa keessaa mala akkayyoo fi mala darbaan dabarsaa gargaaramuun kan funaanaman yoo ta'u, qorannichi dayeessa dubartummaa bu'uureffachuun kan gaggeeffamedha. Mammaaksonni kunneenis kanneen ciminaafi hanqina isaanii bu'uureffatanii mammaakaman adda addatti akkaataa qabiyyee isaaniitiin xiinxalamaniiru. Bu'uuruma kanaan, mammaaksonni gadaantummaa dubartootaa ibsuuf mammaakaamaan; hanqina beekumsaa, hanqina gahumsa hoggansaa, gootummaa dhabuu, kan hinbarbaachifne ta'uu, amanamummaa kan hinqabne ta'uu, madda waldhabdee ta'uun dubartootaa kan qaaceffaman ta'us, mammaaksonni akkanaa aadaafi safuu hawaasa keenyaa waliin kan hindeemneefi rakkoo xiinsamuu, siyaas-dinagdee, hawaasummaa kan qabuufi miira gadaantummaa dubartoota keessatti kan uumu akkasumas, gama walqixxummaa dubartootaan rakkoo mataasaa akka qabu xiinxala gaggeeffameen hubatameera. Karaa biraas, mammaaksonni cimina dubartootaa ibsan keessumaa; dubartiin beektuu ta'uu, jaalala haadhummaa, haxxummaa dubartootaa, dubartiin barbaachiftuu ta'uu, ogummaa qabaachuufi kanneen kabaja dubartootaa ibsan gadi fageenyaan xiinxalamaniiru. Kanumarraa ka'uunis, yaadonni walfaallessan kallattii gadaantummaafi cimina dubartootaa ibsaniin kan argamanis ta'u, yaadonni faallaa maalummaa dubartootaa jiraniifi gadaantummaa isaanii leellisan adeemsaan maqfamaa akka deemaniifi kanneen cimina isaan qaban ifa baasan barsiifamuufi bakka bu'aa deemuu akka qaban wayyooma qabaachuun qorannoo kanaan kan ifoome yoo ta'u, barteefi dudhaa hawaasichaa waliin kan hindeemne aadaa gaarii hawaasichi qabuun bakka buusaa dhaloota barsiisaa deemuun qaroomina hawaasichaa daran beeksisuu keessatti shoora guddaa kan bahu ta'uun xiinxala gaggeeffameen hubatameera.*

## **BOQONNAA TOKKO: SEENSA**

Qorannoon kun “Xiinxala Ergaa Qabiyyee Mammaaksota Oromoo Dubartootaaf Mammaakaman Godina Buunoo Beddellee Aanaa Beddelleetti ija yaaxxina Feminizimiitiin,” mata duree jedhu irratti kan gaggeeffame yoo ta’u, boqonnaa kana jalatti yaadoleen dhiyaatan: seenduuba qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, qindoomina waraqaafi haala waliigalaa naannoo qorannichi itti gaggeeffamee qabatee dhiyaateera.

### **1.1. Seenduubee Qorannichaa**

Fooklooriin barsiifata, duudhaa, mul’istuu eenyummaa hawaasa tokkootiifi damee aadaa hawaasaati. Sadarkaan, eenyummaan, aadaan, falaasamniifi guutummaan waa’ee hawaasa tokkoo kan ifu fookiloorii isaatiini. Mul’istuu eenyummaa hawaasa tokkooti jechuudha. Ben Amos (1979, f. 430), “Foklore is a sphere of interaction, a mirror of culture, a perspective screen of personality,” jechuun ibsa. Yaada kanarraa wanti hubatamu, fookilooriin kan hawaasa walitti fidu, ibsituu/calaaqee aadaa hawaasa tokkoofi eenyummaa hawaasichaa akka ta’e lafa kaa’a. Kanuma bu’uura godhachuun afoolli eenyummaa, bartee, dudhaafi maalummaa aadaa hawaasaa waliin walitti dhufeenya guddaa akka qabu hubachuun ni danda’ama. Dabalataanis, Malakne (2006) fookiloorii yammuu ibsu,

Folklore is that part of people’s culture which is reserved, consciously or unconsciously, in beliefs and practices, customs and observances of general currency, in myths, legends and tales of common acceptance and in arts and crafts which express the temper and genius of group rather of individuals, jedha. (ff. 4-6)

Kunis, fooklooriin qaama aadaa hawaasa tokkoo ta’ee, beekaniis ta’ee osoo hinbeekiin yookaan itti yaadaniis ta’ee osoo itti hin yaadiin amantiilee, shaakala adda addaa keessatti, duudhaaleefi haala daawwannaa waliigalaa yeroo ammaa keessatti, raagamtaa, afseenaafi oduu durii fudhatama walfakkaataa qaban keessatti, aartiifi ogummaawwan harkaa keessatti kuufamee kan argamu ta’ee, ciminaafi kennaa yookaan dandeettii namni dhuunfaa tokko qabu caalaa kan hawaasaa kan calaaqisiisuudha. Kanaaf, fooklooriin akkuma aadaa hawaasaa hojiiwwan garee hawaasa tokkoo ibsan, eenyummaafi maalummaa hawaasa tokkoo mul’isan, amanti, duudhaa, raagamtaa, afseena, oduu durii, aartiifi ogummaawwan hawaasa keessatti mul’atan kan

hawaasni hubatanis ta'ee, osoo hinhubatiin dalagaan kan of keessatti hammatuudha. Toelken, (2003), Oring (1986) wabeeffachuun fooklorii yemmuu ibsu, "folklore is that part of culture that 'lives happily everafter'" jedha. Akka yaada kanaatti, fookloriin qaama aadaa yeroo hunda bifa haaraan jiraatuudha. Fookloriin jireenya hawaasaa keessatti bifa haaraan argamuun isaa itti fufiinsaafi irra deddeebiin argamuun afoolaaf sababa cimaadha. Encyclopedia of America (1995, f. 498) fooklorii yemmuu ibsu; Folklore in its broadest sense is the part of the culture, customs and beliefs of society that is based on popular traditional. It is produced by the community and is usually transmitted orally or by demonstration. Folklore includes arts, and skills and music dance, jedha.

Akka yaada kanaatti, fooklorii kallattii hiika isaa bal'isnee yemmuu ilaallu; qaama aadaa, duudhaaleefi amantiilee hawaasaa kanneen barsiifata hawaasaa keessatti bal'inaan mul'atanirratti kan hundaa'eedha. Kana malees, hawaasaan hawaasaaf kan uumamuufi yeroo mara afaaniin yookaan gochaan kan darbuudha. Aartiiwwan, dandeettiiwwan dhala namaafi shubbisni muuziqaa fooklorii jalatti haammatamu. Waan ta'eef, yaadonni armaan olitti ka'an hiikaan fookloriif kennan walirraa fageenya kan hin qabne ta'uu namatti agarsiisa. Sababni isaas, fookloriin waan aadaafi barsiifata hawaasichaa ta'uu lafa kaa'u.

Aadaan barreeffamaan yaada ofii nama biroof yookaan qaama biroof dabarsuu osoo hin baratamiin dura dhalli namaa afaaniin yaada isaa ibsachaa yookaan dabarfachaa tureera. Barteen, eenyummaan, gochaan, yaanniifi calaqqeen hawaasaa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa ture ammas darbaa jiru kun immoo Afoola jedhamuun beekama. Afoolli karaa hawaasni oguuma, falaasama, eenyummaa, aadaafi duudhaa isaa dhalootaa dhalootatti ittiin dabarsudha. Kanuma Addunyaa (2016) irratti yoo ibsu;

Afoolli oguma (wisdom) labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama, beekumsa natoofi baranee ittiin hubatuufi ibsu jechuunis ni danda'ama. Kana malees, aadaa, seenaa sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi irra ture mul'isuuf, jechootaafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniin kunuunsee dhiyeessa jechuun lafa kaa'a. (f. 166)

Walumaagalatti, afoolli waan dhaloonni tokko qabu, ittiin beekamu dhaloota kaaniif dabarsuuf kan gargaarudha. Karaaleen maalummaan hawaasa tokkoo hawaasa biroof ittiin darbu kun afaaniin yookaan sochii qaamaan ta'uu danda'a. Afoolli akaakuu garagaraa of jalaa qaba. Kanaaf, hawaasichis akaakuuwwan afoolaa adda addaatti dhimma bahee eenyummaafi duudhaa isaa ittiin

ibsata. Akaakuuwwan kanneen keessaa; Mammaaksa, hibboo, durdurii, geerarsa, faaruwwan adda addaa kanneen akka faaru loonii, faaru jaalalaa, faaru ateetee, faaru boo'ichaa, faaru daa'immanii/ ururuu, sirba gaa'elaa, sirba jaalalaa, jechamoota, cigoowwan, eebba, abaarsa, tabaalliiwwaniifi kkf eeruun ni danda'ama.

Akaakuuwwan kanneen keessaa Mammaaksi hawaasa Oromoo biratti iddoo olaanaa qaba. Sababni isaas, mammaaksi ofuma isaatii falaasama. Mammaaksi cuunfaa yaada sammuu ilma namaati. Akkasumaan lafumaa ka'amee kan mammaakamu osoo hin taane, itti yaadamee beekumsaafi muuxannoo qaban fayyadamuun ergaa barbaadan dabarfachuuf kan dubbatamudha. Mammaaksa duuba beekumtaa, eenyummaa, sadarkaafi falaasama hawaasa tokkoo hubachuun nama hin rakkisu. Mammaaksaan jibba, jaalala, gammachuu, gadda, diddaa, tuffii, gorsa, qajeelchuu, barsiisuu, kallattii agarsiisuu, akeekkachiisuu, mormii, deeggarsa qabuufi kkf. ibsata. Bilchinaafi hubannoo qabu gargaaramee mammaaksaan diiguu, ijaaruu, kaasuu, kuffisuu, deeggaruu, mormuu danda'a. Keessumaa hawaasa Oromoo biratti mammaaksi haalaan dhimma bahama. Yaaduma kana kan dhugoomsu; Addunyaa, (2016, f. 189), irratti akkas jedha;

Mammaaksi akkuma akaakuu afoolaa kanneen biroo, dhalootaa dhalootatti afaaniin darba. Yaada qusatamoofi udumamoo ta'an, jechoota filatamoofi himoota gaggabaaboon ibsa. Namni hundi hin mammaaku; beekaatu mammaaka; beekaan keenya ammoo buleessaafi buleettii keenya. Mammaaksaan dubbii eegalanii isumaan dubbii goolabu; mammaaksaan dubbii fidanii isumaan dubbii fixu. Mammaaksi koobaa dubbii kan jedhamuufis kanumaafi jechuun ibsa.

Yaanni kunis hawaasicha biratti mammaaksi hangam oguma gadi fagoofi muuxannoo cimaa kan gaafatu akka ta'e ibsa. Mammaaksi mi'eessituu yookan cuubata dubbii. Kanaaf, Mammaaksi hawaasicha keessatti beekamtiifi bu'uura cimaa qaba. Wanti akkana bu'uura cimaa qabu kun haala kamiin hawaasicha ibsa waan jedhu ilaaluun gaarii ta'a. Mammaaksi mammaakamu safuufi dudhaa hawaasichaa eeganii kan mammaakaman ta'us, dubartoota xiyeeffachuun mammaaksonni mammaakaman danuun hawaasicha keessas bifa barreeffamaanis maddoota adda addaa keessatti ni argamu. Keessumaa mammaaksonni ciminaafi laafina dubartootaa calaqqisiisan ni argamu. Isaan kana ammoo qotanii baasuun, ittiin barsiisuun, diiganii ijaaruu, waan fooyya'uu qabu fooyyessuun dirqama ogeessa afaanichaati.

Karaa biraas, dhimmoota dubartootaafi mammaaksaan walqabatan yoo ilaallu; Sahilu, (2004, f. 41) irratti; “Women and proverbs mostly find themselves at odds” jedha. Kunis, mammaaksaan dubartoota kan faarsan osoo hin taane kan maqaa balleessan akka ta’edha. Kana jechuun garuu manguddoonni dubartootaa gonkumaa mammaaksatti dhimma hin bahan jechuu miti. Akkaataan dubartoonniifi dhiironni yookan jaarsoliin itti fayyadaman garaagarummaa qaba jechuu isaati. Kunis, dubartoonni hanga dhiirotaa hedduminaan hin mammaakani. Kana jechuunis, hanga dhiironni fayyadaman dubartoonni itti hin fayyadaman, dhimma itti hin bahan jechuudha. Yaaduma kana cimsuuf ammas sahilu, (2004) irratti; “It is true that women can use proverb with great subtlety, but it is difficult to consider them as the performance prose mammaaksa.” jedha.

Yaada kanarraas wanti hubatamu, dubartoonni mammaaksatti dhimma bahanis warra dhiiraa waliin walbira qabamee yoo ilaalamu, dubartoonni akka manguddoota warra dhiiraa bal’inaan ogummaa kana akka hin qabne ibsa. Mammaaksonnumti sunuu cimina dubartootaa ibsuurra hamilee isaanii kan tuqanidha. Kunimmoo, mirgaafi walqixxummaa dubartootaa yeroo ammaa akka idil-addunyaatti irratti xiyyeeffatamee jiruun walfaallessa. Kanarraa ka’uunis, qorataan mammaaksota Oromoo dubartoota xiyyeeffatanii mammaakaman xiinxaluuf karoofate.

## **1.2. Ka’umsa Qorannichaa**

Mammaaksi damee afoolaa keessaa isa tokkodha. Bal’inaanis hawaasa keessatti kan tajaajiluufi hawaasni sadarkaafi yoomessa garaagaraa keessatti kan dhimma itti bahudha. Haasaa taasisu keessatti, mariilee adda addaa keessatti, waan itti dhagahame karaa gabaabaa ta’een ibsuuf hawaasni keenya mammaaksa fayyadama. Waan itti dhagahame; quuqqaa garaa isaa, gadda haata’u gammachuu, deeggarsa haata’u mormii mammaaksaan ibsata. Kana duukaa mammaaksota dubartoota bu’uura godhachuun mammaakaman argina. Mammaaksonni kunneen takkaayuu cimina dubartootaa ibsuuf kan mammaakaman yookan ammoo laafina isaanii ibsuuf kan mammaakaman ta’u.

Dubartoonni kutaa hawaasaa kamiyyuu keessatti loogiin baroota dheeraaf irratti raawwatamaa tureefi ammas kan itti fufaa jiru ta’uun ni hubatama. Haata’u malee, biyyoota guddatan keessatti loogiin dubartoota irratti raawwatamu hir’achaa dhufuun isaa ifaadha. Loogiin dubartoota irratti godhamuufi dubartoota gadi aantummaan ilaaluun akka Addunyaatti kan bal’ate waan ta’eef, rakkinichi amala waliigalaa akka qabaatu godheera. Rakkinichaaf furmaata kennuuf, sadarkaa

addunyaatti mootummoonni sochii godhaniiru, godhaas jiru. Loogii dubartoota irratti raawwatamu kana maqsuudhaaf akka addunyaatti waliigalteewwan idil-addunyaa mirga namoomaa adda addaa keessatti loogii saala bu'uura godhate raawwachuun kan dhorkame ta'uun ni beekam. Haata'u malee, akka barbaadametti bu'aa fiduu waan hindandeenyeef, waliigalteewwan mirga namoomaa dubartoota addatti ilaalan sadarkaa addunyaatti bahuunis sanaduma kana keessatti ibsamee jira. Waan ta'efis, dubartoota walakkaa hawaasa kanaa ol ta'an xiyyeeffachuun mammaaksonni hawaasa kana keessa kallattii lamaaniinuu; ciminas haata'u hanqina dubartootaa ibsuuf mammaakaman xiinxalamuun, beekamuun, sadarkaafi hubannaa hawaasa kanaa duukaa kan hin deemne sirreeffataa deemuun, mirga dubartootaan walqabatee dhiibbaa jiru xiinxaluun hawaasa ofii barsiisuun dirqama dhaloota ammaa ta'a.

Kana jechuun dhaloonni barnoota jabanaa argate, waaqorate seenaafi eenyummaa hawaasa isaa qoratee waan sirreeffamuu qabu sirreessuu, lafa diigamee ijaaramuun irra jirutti diigee ijaaruu, gaarii kan ta'e qotee baasuun dhaloota barsiisuun, waan muraasa nama baraterraa hawaasni isaa barbaadudha. Qoodni dirqama dhalootaa kanuma. Dirqama xiinsammuu, eenyummaafi hawaasummaati, dirqama seenaati malee dirqama seeraa miti. Waan dhaloota hedduu qaxxaamuree nu bira gahe kana gaarummaaf oolchuu akka dandeenyutti tolfachuun kan dhaloota ammaa barumsa jabanaa qabu kanaati jechuudha. Waan kana ta'eef, mammaaksota hamilee dubartoota walakkaa hawaasaa ta'an kana tuqu cimina isaanii waraabamee hin dhumneen bakka buusnee hawaasa keenya barsiisuun bu'uura ka'umsa qorannoo kanaati.

Gama qorataanis, akka nama baratee hawaasa isaaf waa gumaachuu qabu tokkootti hanga coba bishaaniillee taatu bartee hawaasa kana bakka hin buune waan gaarii hawaasicha fakkaatuun bakka buusuun barbaachisaa ta'uudha. Kanumarraa ka'uunis, qorataan mammaaksota dubartoota xiyyeeffachuun mammaakaman hawaasa keessaa tooftaa addaa addaan walitti qabuun xiinxalee jira.

Dabalataanis, qorataan qorannoowwan kanaan dura qorattoota adda addaan mata duree kana irratti gaggeeffaman ilaaluuf yaalee jira. Kunis, yoo xiqqaate waalamaaf gargaara. Hojiin amma qorataa kanaan hojjetame hojii darbeen daran kan walfakkaatuufi irra deebii yoo ta'e qisaasa'ina yeroofi maallaqaa ta'uu bira darbee hojjicha gatii akka hin dhabsiifne ofeeggannoo gochuu yoo ta'u, inni lammataa qaawwa qorannoo duraanii sanaan mul'ate duuchuufillee shoora olaanaa qaba.

Haaluma kanaan, mata duree mammaaksota dubartootaan walqabatan irratti qorannoowwan hojjetaman keessaa inni tokko qorannoo Yeweyinxajji Daamxootiin Yuunivarsitii Finfinneetti bara 2008 Aanaa Ada'aa giddu galeeffachuun hojjetamedha. Qorannoon kun gosaan qulqulleeffataadha. Xiyyeeffannoon qorannichaa inni guddaan garuu, Mammaaksota Cimina dubartootaa ibsan qofa qaaccessuudha. Qorannoo ishee keessatti waan mirga dubartootaan walqabatee jiru hin ilaalle, kaayyoo hojii ishees miti. Sababni isaas, silumayyuu mammaaksota cimina dubartootaa ibsan qofarratti xiyyeeffatte.

Qorannoon biroo hojii kanaan walitti dhiyeenya qabu, qorannoo Malkaamuu Margoo bara 2007 mata duree Dubartoota Mammaaksa Oromoo keessatti jedhuun Yuunivarsiitii Finfinneetti hojjetedha. Qorannoon Malkaamuus akkuma kan Yewayinxajji gosaan qulqulleeffataadha. Xiyyeeffannoon bu'uuraa qorannoo Malkaamuu ammoo, mammaaksota dubartootaa gadaantummaa dubartootaa ibsan qaaccessuudha. Ija mirga dubartootaan dhiibbaa mammaaksonni kunneen hawaasa keessatti dubartoota irratti qaban waan xiinxaluuf yaale homaa hin qabu, xiyyeeffannoo isaas miti. Mammaaksota kanneen hawaasa keessaa guuruu irratti xiyyeeffate.

Qorannoon qorataa kun garuu qaawwa kana ilaalee kallattii yaaxxina dubartummaan waan jiru xiinxaluun mata duree qorattoonni lamaan garaagara hojjetan walitti fiduun xiinxalaa barsiifata hawaasichaaf hin taane akka qajeelu xurree agarsiisuun kaayyoo isaa isa ijoodha. Kanuma bu'ura godhachuudhaan, Gaaffileen bu'uuraa qorannoon kun deebisuu qabu kanneen armaan gadii ta'u.

1. Qabiyyeewwan mammaaksotaa dubartoota bu'ura godhachuun mammaakaman maal fa'i?
2. Ergaawwan mammaaksota dubartoota giddu galeessa godhachuun mammaakaman gama yaaxxina dubartummaan maal agarsiisu?
3. Uummanni Oromoo Godina Buunoo Beddellee, mammaaksotatti yeroo dhimma bahu mirga dubartootaaf of eeggannoo akkamii taasisaa?
4. Mammaaksota dubartoota bu'ura godhachuun mammaakaman keessatti haalli ittiin dubartoonni bakka buufaman mirga isaaniirratti dhiibbaa akkamii qaba?



### **1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

Qorannoon kun kutaa lama Kaayyoo Gooroofi kaayyoo Gooree akka armaan gadiitti of jalaa qaba.

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ergaa qabiyyee mammaaksota Oromoo dubartootaaf mammaakamani akka Godina Buunnoo Beddellee Aanaa Beddelleetti ija yaaxxina feminizimiitiin xiinxaluudha.

#### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

1. Qabiyyeewwan mammaaksotaa dubartoota giddu galeessa godhachuun mammaakaman adda baasuu.
2. Ergaawwan mammaaksotaa dubartoota giddu galeessa godhachuun mammaakaman gama mirga dubartootaan xiinxaluu.
3. Ummanni Oromoo Godina Buunnoo Beddellee, mammaaksotatti yeroo dhimma bahu mirga dubartootaaf of eeggannoo akkamii akka godhu xiinxaluu.
4. Mammaaksota dubartoota bu'uura godhachuun mammaakaman keessatti haalli ittiin dubartoonni bakka buufaman mirga isaaniirratti dhiibbaa akkamii akka qabu xiinxaluudha.

### **1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Barbaachisummaan qorannoo kanaa inni guddaan Mammaaksa Oromoo Dubartoota bu'uureffatanii mammaakaman hawaasicha hubachiisuufi kanneen miidhaa geessisan irraa hawaasichi akka of qusatu akkasumas cimina isaanii kanneen bu'uureffatan irratti akka xiyyeeffatan gochuufi. Karaa biraas, mirga dubartootaan walqabatee xiinsammuu dubartootaa irratti miidhaa geessisu xiinxaluudha. Kanumarraa ka'uunis, akka armaan gadiitti qorannichi bu'aa buusuu danda'a.

- Hawaasa Oromoo bal'inaan mammaaksatti fayyadamu keessatti miidhaa mammaaksi Oromoo gadaantummaa dubartootaa mul'isan fidan ni hubachiisa.

- Dadhabbina caalaa cimina dubartootaa wanti ibsan hedduun jiraachuu isaa mammaaksotuma gama kanaan qaaceffamaniin hubachiisuuf gargaara.
- Hawaasni keenya miidhaa gama kanaan dubartootarra gahu akka hambisaniif ni gargaara.
- Dhaloonni haaraan beekumsaafi falaasama guddaa hawaasni keenya kun qabu qorannoon deeggaree waan gaariif akka oolchuuf karra ni bana.
- Abbootiin Gadaa, Haadholiin Siinqeefi Manguddoonni Oromoo bebbeekamoon keessumaa odeefkennitoota ta’anii kanneen qorannoo kana irratti hirmaatan yaada kana hubachuun jila adda addaafi iddoo walgahii gurguddaa hirmaatan mara irratti miidhaa barteewwan kunneen qaban hawaasa isaanii hubachiisuu danda’u.
- Qaamni dhimma kana irratti qorannoo daran bal’aa ta’e gaggeessu ka’umsa argachuu danda’a.

### **1.5. Daangaa Qorannoo**

Qorannoon kun Godina Buunnoo Beddellee Aanaa Beddelleetti kan adeemsifame yoo ta’u, mala akkayyoo (parpussive sampling) bu’uura godhachuun Aanolee Godinichaa keessaa Aanaa Beddellee filachuun qorannoo isaa gaggeesseera qorataan. Bu’uuruma kanaanis, mata duree Ergaa Qabiyyee Mammaaksota Oromoo Dubartootaaf Mammaakaman Godina Buunnoo Beddellee aanaa Beddelleetti ija yaaxxina dubartummaan xiinxaluu kan jedhu irratti kan xiyyeeffate ta’a. Hawaasa barnoota jabanaa hin qabne yookan aadaa barreeffamaa hin qabne biratti afoolli aadaa, eenyummaafi bartee hawaasichaa tursiisuu keessatti iddoo guddaa qaba.

Mammaaksi immoo keessumaa hawaasa Oromoo biratti baay’ee beekamaafi iddoo guddaa kan qabudha. Mammaaksi yoomessa adda addaa keessatti mammaakama. Uumama isaatiinis baay’ee bal’aadha. Waan hunda tuqa, dhimmoota hedduuf mammaakama. Waan ta’eef, mata duree qorannoo kana jalatti afoola keessaa Mammaaksa irratti kan fuulleffate yoo ta’u, mammaaksi daran bal’aa ta’uu isaarraan kan ka’e, mammaaksa keessaa ammoo mammaaksota dubartoota bu’uureffatanii mammaakaman irratti kan daanga’e ta’uudha.

Qorannoon kun iddoodhaanis, mata dureedhaanis haala kanaan kan daanga’eedha. Sababni isaas, daanga’uun mata duree qorannoo tokkoo qorannicha haalaan gaggeessuufis ta’ee bu’aa eegamus

amansiisaa gochuuf baay'ee barbaachisaadha.Yoo hin taane akkasumaan qilleensa abootuu ta'a, lafa qabanii gadidhiisan hin qabaatu. Kanaaf, qorataan mata duree qorannoo isaa Xiinxala Ergaa Qabiyyee Mammaaksota Oromoo dubartootaaf mammaakaman ija yaaxxina dubartummaan kan jedhu iraatti kan bu'uureffateef.

### **1.6. Hanqina Qorannichaa**

Adeemsa hojii qorannoo kana keessatti wantoonni danqaa ta'an hedduun qorataa mudataniiru.Kanneen keessaa inni guddaafi ijoo hanqina yeroofi haala nageenyaati.Hojiin barnoota ofuma isaatiinuu yeroodhaan daanga'aadha.Hojii har'aa keessaa wayitii tokkollee boriif bulfachuun hindanda'amu.Kanarraa kan ka'e akka barbaadametti gabatee yeroo taa'e keessatti socho'uun odeeffannoo walitti qabuun rakkoo guddaa qoraticha mudatan keessaa isa tokko yoo ta'u sababii rakkoo nageenyaa darbee darbee mul'atuun yeroo barbaachisaa ta'e kamittuu gandoota keessa socho'uun sodaas, yaaddoos tureera.

Inni biraan, hojii mootummaa kamuu keessatti baay'een hojii isaa waajjiruma isaatti teessoo isaarratti dhiisee gala.Hojiin barsiisaa garuu, mana barumsaa qofatti miti manattis duukaa gala.Mana barumsaatti akkuma hojjetamu manatti ammo hojii guyyaa itti aanuuf ofqopheessuun ni jira.Kun hundi walitti dhufee daangaa yeroo qorannichaa dhiphisuun hin oolle.

Haata'u malee,qorataan rakkinoota kana hundaafuu harka kennee hinteenye.Rakkoo adeemsa odeeffannoo funaanuu irratti qorataa mudataniif, guyyaa Sanbataafi Dilbataa gargaaramuun hojiisaa milkeessuuf yaalee jira.Rakkoo nageenyaan walqabatee fuula haaraa jedhamee akka hin to'atamneef, deeggarsa bulchiinsa aanicharraa argameen caasaalee gandaa waliin socho'uuf yaalee jira.Dabalataanis, hojii idilee isaafi hojii qorannoo isaa walsimsiisuun hojiin kun akka addana gahuuf shoora isaa taphateera.

### **1.7. Qindoomina Waraqaa**

Qorannoon kun “Xiinxala Ergaa Qabiyyee Mammaaksota Oromoo Dubartootaaf Mammaakaman ija yaaxxina Feminizimiitiin,”mata duree jedhu irratti kan gaggeeffame yoo ta'u, akka waliigalaatti, boqonnaalee shanitti qoodamuun qindaa'ee jira.Haala kanaan, boqonnaa tokkoffaa keessatti seenduuba qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa hanqina qorannichaafi qindoomina

waraqaatu dhiyaatee jira.Itti fufuun, boqonnaa lammaffaa keessatti immoo Yaaxxinootaafi sakatta'a barruu dhimma Mammaaksa Oromoon walqabatantu dhiyaate.Boqonnaa sadaffaa keessatti malleeniifi saxaxa qorannichi hordofuun gaggeeffamutu dhiyaateera.Boqonnaa afraffaa keessatti immoo qaaccessaafi hiika odeeffannootu gadifageenyaan dhiyaate.Boqonnaa shanaffaa keessatti goolabaafi yaadolee furmaataa qorannichaatu dhiyaate.Dhuma irratti, wabiileefi dabaleewwan walduraa duubaan dhiyaachuun xumurameera.

### **1.8. Haala Waliigalaa Naannoo Qorannoon itti gaggeeffamee**


Naannoon Qorannoon kun itti gaggeeffame Naannoo Oromiyaa kallattii lixa Oromiyaatti kan argamtu, Godina Buunnoo Beddellee Aanaa Beddellee giddugaleeffachuun gaggeeffamee jira.Sababii guddoon naannoo Oromiyaa keessaa godina yookan aanaa kana giddu galeeffachuun qorannoon kun gaggeeffameef, kanaan dura qorannooleen muraasni kan qaggeeffaman ta'us, mata duree qorataa kanaan kan walfakkaatu qorannoon tokkollee achitti kan hin gaggeeffamne ta'uudha.

Godinni Buunnoo Beddellee erga of-dandeessee akka godinaattiWaxabajjii bara 2008 hundooftee booda godinoota afuriin marfamtee argamti. Godinoonni kunneenis, gara kallattii Bahaatiin godina Wallagga Bahaa, kallattii Kaabaatiin godina Wallagga Lixaa, kallatti lixaan godina Iluu Abbaa Booraa yommuu ta'u, gara Kibbaatiin ammoo godina Jimmaatiin waldaangessitee argamti. Godinni kun godinaalee Oromiyaa Dhihaatti argaman keessaa ishee tokko taatee, Magaalaa Guddittii Oromiyaa Finfinnee irraa KM 492, Magaalaa Guddoo Godina Iluu Abbaa Booraa Mattuu irraa KM 120, Magaalaa Guddoo Godina Wallaga Bahaa Naqamtee irraa KM 96, Magaalaa Guddoo Godina Jimmaa Magaalaa Jimma irraa Km 145 fagaattee argamti.

Akka maanguddoonni Oromoo Godina Bunnoo Beddellee tokko tokko jedhanitti,Sirna baballifannaa lafaa irraa kan ka'e Oromoon bakkaa bakkatti socho'aa ture.Sochii babal'ifannaa lafaa kana keessatti qomoo Oromoo warreen gurguddoo ta'an keessaa Oromoon gara Godina Bunnoo Beddellee dhufe Oromoo Maccaa ta'uu isaa dubbatu. Macci ilmaan sadii: Daadhii, Jaawwiifi Tummee godhate.Ilmaan Maccaa kunis gara Oromiyaa Dhihaa kana keessa kallattii garaagaraatti babal'atan.

Kanaafuu, ijjoolee Maccaa keessaa Tummeen gara Wallaggaa, Buunnoo Beddellee, Iluu Abbaa Boor fi Jimmatti tamsa'an.Ilmaan Tummee keessaa ammoo Buunnoon isa tokkodha.Ilmaan


Tummee: Noolee, Buunnoo, Iluufi Daaphoo akka ta’an ragaan barreeffamaa Waajjira Aadaafi Turizimii godinichaa irraa argames kan ibsu yommuu ta’u, ragaan himamsa afaaniin manguddoota Oromoo Buunnoo Beddellee irraa argames kanuma ibsa. Buunnoon ofii isaatii ilmaan afur (4) akka godhate fi ilmaan isaas akka walhoran manguddoonni kunneen ifoomsaniiru. Ilmaan isaa kunneenis; Haannaan angafa, Moguun isa 2ffaa, Imbooroo isaa 3ffaa fi Beeroon isa dhumaati. Oromoon haala kanaan erga naannoo kana qabatee booda aanaalee godinichaa hunda keessatti babal’achuudhaan wal horanii baay’atanii jiru. Yeroo ammaa kanatti qomoowwan duraan turanitti qomoowwan boodaan dhufan dabalatee gara qomoowwan dhibbaafi kudha torba ta’an godinicha keessatti akka argaman ragaan Waajjira Aadaafi Turizimii godinicharraa argame ni agarsiisa.



Suuraa 1. Kaartaa Godina Bunnoo Beddellee: Waajjira Lafaa Godina Buunnoo Beddellee (2014)

### 1.8.1. Hidda Latiinsa Oromoo Godina Buunoo Beddellee

Ummanni Orommoo yeroo ammaa kana godina Buunoo Beddellee keessatti argamu kan duraan bakka sana ture osoo hintaane qomoo Oromoo keessaa namni Macca jedhamu erga godinicha keessa qubatee booda walhoranii akka cirrachaa baayyatan. Kunneenis caatoon yoo kaa'aman;




Caatoo qomoo (Hidda latiinsa Oromoo Godina Buunoo Beddellee (Waajjira Aadaafi Turizimii Godinichaa (2014)

### 1.8.2. Aanaa Qorannichi irratti xiyyeeffatuufi Haala Jireenya Hawaasichaa

Aanaan Beddellee, Aanaa saglan (9'n)fi Bulchiinsa Magaalaa tokko Godinichi qabu keessaa ishee tokkodha. Aanaan Beddellee Aanaa Godinni Buunoo Beddellee qabdu keessaa tokko yoo taatu, teessoo Godinichaa kan taate Bulchiinsa Magaalaa Beddellee kallattii arfaniinuu marsitee kan argamtu waan ta'eef, magaalli guddoon Aanichaas magaaluma Beddelleeti. Aanaan Beddellee Gandoota Baadiyyaa afurtamii tokko (41) ofjalaa qabdi.

Walumaagalaan, Baayinni Uummata Aanaa Beddellee Dhiira 53,930 Dhalaa 56,131 Ida'ama 110,061 yoo ta'u, haala qilleensaa Baddaan %5, Badda Daree %86.4 fi Gammoojjii %8.6 kan qabdudha. Baay'inni lafa Aanichaa waliigalaan heektaara 77,075 yoo ta'u, lafti qonnaa %23.94, Lafti Bosonaan qabame %1.87, Lafti dheedichaa %7.84, Lafti Bunaan misoomee jiru %14.86, Lafti misoomuu hin dandeenye %41.75 kan biroo %10.75 ta'a. Argamni Aanichaa Olka'insa

lafaaf Sirrii Galaanaa irraa 1300-2500 ta'a. Haalli rooba Aanichaas, Roobni arfaasaa ji'a Bitootessaa eegalee hanga dhuma ji'a Caamsaatti. Rooba Gannaa ji'a Waxabajjii hanga dhuma ji'a hagayyaatti yoo ta'u, Rooba birraas, muraasa ji'a Fulbaanaa hanga Sadaasa walakkeessaatti ni argata.



Suura 2. Kaartaa Aanaa Beddellee: Waajjira Lafaaf Godina Buunnoo Beddellee (2014)

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU WALFAKKII**

Akka waliigalaatti, qorannoon kun kanirratti xiyyeeffatu afoola jalatti kan ramadamu xiinxala Ergaa Mammaaksota Oromoo Dubartootaaf Mammaakaman ija yaaxxina dubartummaan Godina Buunnoo Beddellee Aanaa Beddellee, xiyyeeffate yemmuu ta’u, kanaan walqabatee, yaadrimee qorannoo kanaa jalatti, maalummaa fookloorii, faayidaa fookloorii, gooroowwan fookloorii, Afoolaafi gosoots isaa, Mammaaksa, faayidaafi amaloota mammaaksaa, yaaxxinoota qorannichaa, yaaxxina dubartummaafi gosoota isaa bal’inaan ibsamaniiru.

### **2.1. Yaadrimee Fookiloorii**

Mata duree kana jalatti barruulee adda addaa sakatta’uun yaaddiddamoota barruu adda addaa keessatti mata-duree qorannoo kanaan walqabatee, barreeffamoota qorattootaafi barreessitoota adda addaatiin maxxanfamaan funaanuun qorannoo qoratamuun deeggaruun qorannoo kana dhugummaa isaa mirkaneessuuf bakka ragaa quubsaa itti dhiheessinuudha. Yaada kana hayyuun Berg, (2001, f. 19) yemmuu deeggaru, “a literature review is an account of what has been published on a topic by accredited scholars and researchers,” jedha. Kanaaf, qorannoo tokko keessatti barreeffamoota maxxanfamaan sakatta’uun barbaachisaadha.

Fookilooriin maal akka ta’e salphaatti kanadha jedhanii bira darbuun waan danda’amu akka hintaane hiika hayyootni fookilooriif kennan irraa hubachuun ni danda’ama. Gaaffii kana deebisuuf hayyootni dirree qorannoo kana irratti bobba’an kallattii garaa garaatiin ilaaluun hiikaa turaniiru, hiikaas jiru. Haata’u malee, sababoota adda addaa irraa kan ka’e hiika hayyootni hundi irratti waliigalan argachuun hin danda’amne. Hayyootni tokko tokko yaadrimee fookiloorii jedhuuf hiika kennuuf hiika jechootaa fookilooriin irraa uumame kan bu’uureffatan yoota’u, walakkaan isaanii ammoo fookilooriin maal akka ta’e hiikuuf hiika jechaa irratti hundaa’uu caalaa wantoota fookilooriin of keessaatti hammatu irratti xiyyeeffachuun gaarii ta’a jedhu.

Hayyoonni biroo immoo, hawaasni addunyaa kanarra jiraatu marti fookiloorii mataa isaa qabaachuu irraa kan ka’e wantoota tokko tokkoon aadaa garee hawaasa addunyaa kanarra jiru of keessatti hammatu tarreessanii fixuun rakkisaa waan ta’eef, wantoota fookilooriin of keessatti hammatu kanneen tokko tokkoon tarreessanii qorachuu irra garee gareetti qoqqoodanii ilaaluun akka filatamu lafa kaa’u.



Maalummaa fookiloorii ilaalchisee Oring (1984, f. 135) Dundes wabeeffachuun yoo ibsitu, “Folklore refers to any group of people what so ever who share atleast one common factor. The common factor creates a sense of collective identity so that, any population with such a sense could be regarded as folk.” jetti.

Hiikaa Oring fookilooriif kennite kana yeroo ilaallu, hiika jechootaa lamaan fookilooriin irraa uumame kan bu’uureffate fakkaata. Kanaafuu, jechi ‘folk’ jedhu garee hawaasaa waan waliin qooddatu tokko qabu jechuu yoo ta’u, ‘folklore’ jechuun ammo saayinsii hawaasa sanaafi waa’ee garee hawaasa sanaa qo’atudha yaada jedhu of keessaa qaba. Hiika kana akka waliigalaatti yeroo ilaallu garuu hiika jechootaa lamaan fookilooriin irraa ijaarame ‘folk’ fi ‘lore’ bu’uura godhachuun kan kenname ta’uu isaa hubanna.

Gara biraatiin immoo, hayyoonni biroon maalummaa fookiloorii yoo hiikan ka’umsa kan godhatan hiika jechootaa fookilooriin irraa uumame utuu hinta’iin wantoota fookilooriin of keessatti hammatu irratti kan xiyyeeffatan fakkaata. Yaada kana Martha C and Stephen (2005) yoo ibsan;

Folklore is many things and it is almost impossible to define succinctly. It is both what folklorists study and the name of the discipline they work within. Yes, folklore is folk song and legends. It is also quilts, Boy Scout badges, high school marching, banitions, jokes, chain letters, nick names, holyday food... and many other things you might or might not expect. Folklore exists in cities, suburbs and rural villages, in families, work groups and dormitories. (ff. 1-2)

Akka yaada armaan olii kanatti fookilooriin waan hedduu kan of keessatti qabatuufi wantoota jiruufi jireenya dhala namaa waliin hidhata qaban hedduu kan of keessatti hammatu ta’uu isaa irraan kan ka’e hiika gabaabaa kennuufiin rakkisaa ta’uu isaa nama hubachiisa. Haata’u malee, yaadrimeen kun wantoota hayyootni fookiloorii keessatti qo’ataniifi gosa ogummaa qo’atamu sanaa kan of keessatti hammatu akka ta’eefi wantootni kana jalatti ilaalamuu danda’an dhimmoota nuti fookilooriidha jennee hin yaannellee dabalachuu akka danda’u ibsa.

Dabalataanis, fookilooriin magaalaa, baadiyyaa, maatii, gareewwan hawaasaa adda addaafi kkf keessatti kan mul’atu ta’uu isaa irraan kan ka’e hunda galeessa ta’uu isaa namatti agarsiisa. Fookilooriin lafa namni jiru kamuu jira jechuudha. Gabaabumatti, iddoo murtaawaa tokko kennuufiin kan danda’amu miti jechuudha. Yaaduma kana fakkaatu Okpewho, (1992, f. 5) yoo

ibsu; “However, it is important to note that the folklore of people consists essentially of two kinds of activity: what this people traditionally say (eg. Songs, proverbs, tales) and what they traditionally do (eg. weaving, dance, rituals.)” jedha. Kana jechuun wantoota fooklooriin hawaasaa kun irratti xiyyeeffatu lama beekuun barbaachisaa ta’uu isaati. Kunis waan hawaasichi aadaan jechaa ture (Sirboota, Mammaaksota, durdurii) fi gochaa ture (Hojii harkaa, sochii qaamaa/hurruubummaa/, sirna amantaa) beeku ilaala.

Dabalataanis, Ben Amos, (1979, f. 6) fookloorii yemmuu ibsu, “Foklore can be defined as the collective objectification of basic immotion, such as fear, reverence and desire on the part of the social group.” jedha. Yaanni kunis, afoolli wantoota akka sodaa, kabaja, jibba wanta qulqulluu ta’e akka qabatu lafa kaa’a. Kunis, hawaasni afoola isaatti dhimma bahuun waan ulfina qabeessa ta’e: sodaa yookan yaaddoo, jibba yookan waan balaaleffatu, waan hawwasni akka qulqullaa’aatti ilaaluufi miira keessa isaa kan ittiin ibsatu ta’uu hubachiisa. Kana malees, akkaataa itti fookilooriin dhalootaa dhalootatti daddarbu ilaalchisee Sims and Stephens, (2005) akka armaan gadiitti lafa kaa’u.

Folklore is informally learned, un official knowledge about the world, our selves, our communities, our beliefs, our culture, and our traditions, that is expressed creatively through words, music, customs, actions, behavior and materials. It is also the interactive dynamic process of creating, communicating and performing as we share that knowledge with other people. (f. 8)

Yaanni kunis gabaabinaan, fookilooriin al-idileen kan baratamu, beekumsa hawaasaa waa’ee addunyaa keenyaa, waa’ee dhuunfaa keenyaa, waa’ee naannoo keenyaa, aadaa, duudhaafi barteewwan hawaasa keenyaa karaa oguume adda addaa jechuun jechaan, faaruu ykn muuziqaan, duudha qabnuun, gochaan, meeshaaleen kan ibsamu akka ta’e kan ibsudha.

## **2.2. Akaakuuwwaan Fookloorii**

Ogummaan tokko saayinsii ta’uun isaa kan ittiin beekamuufi mirkanaa’u keessaa ulaagaan inni tokko gooroowwaniifi dameewwan adda addaatti qoodamuu danda’uu isaatiiniidha. Kunis, dhimma tokko kallattii adda addaan ilaalani hubachuuf fayyada. Akkasumas, sababni ogummaa tokko dameewwan adda addaan qoodnuuf, inni duraa, xiyyeeffannoo akka argatuuf, inni lammaffaa, roga adda addaarra ilaaluun beekumsa jiru arguuf, inni sadaffaa, ogummaa wanta jechisiisu keessaa damee qabaachuu isaa waan ta’eefi.

Dorson (1972, f.2), akaakuuwwan fookloorii bakka afuritti qooda. “Folklore and folk life may be placed under four large grouping, oral literature, material culture, social folk custom and folk art,” jedha.

Akka yaada kanaatti, hayyuun kun fookloorii afoola/ogafaan, meeshaa aadaa, duudhaa garee hawaasaafi aartii garee hawaasaa jechuun bakka bal’aa afuritti qooda. Haata’u malee, afoolli aartii wajjiin, meeshaaleen aadaa sirna adda addaarratti, duudhaan hawaasaa barsiifata hawaasaa keessattiifi bakka barbaachisan hundatti wajjin mul’achuu danda’u.

### **2.1.1. Afoola**

Damee fookloorii keessaa tokko kan ta’e, afoola hayyoonni adda addaa kallattii maalummaa isaa nuuf ibsuu danda’a jedhaniin yaada isaanii dhiheessanii jiru. Kana giddu galeeffachuun hayyoonni adda addaa afoolaaf hiika armaan gadii kaa’uuf yaalaniiru. Melakne, (2006, ff. 9-13) “Literature refers to hirval heritage of mankind transmitted from generation to generation by word of mouth. Folk literature also called oral tradition the lore (traditional knowledge and beliefs) of cultures having no written language is a branch of folklore” jechuun maalummaa afoolaa ibsa.

Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, afoolli damee fokloorii keessaa isa tokko ta’ee beekumsaafi aadaa jecha afaaniitiin dhalootaa dhalootatti daddarbu ta’uu isaati. Itti dabaluu dame fookloorii beekumsa ganamaa, amantaafi aadaa afaan barreeffamaa hin qabne ta’uu ibsee jira. Dabalataanis, Carter, (2001, f. 3), akka armaan gadiitti ibsitee jirti.

Literature is as old as human language, and as new as tomorrow’s sunrise.... The first literature in any culture is oral. The classical Greek epics, the Asian narratives of Gilgamesh... the earliest version of the Bible... were all communicated orally, and passed on from generation to generation- with variations, additions, omissions and embellishments until they were set down in written form in versions which have come down to us.

Akka yaada oliirraa hubatamutti afoolli hawaasni akkuma afaan argateen kan itti dhufe waan ta’eef umurii dheeraa kan qabuufi wanta hundaa ibsuurratti hangafummaa kan qabu ta’uudha. Asaffaan, (2004), (Bukanya, 1994) wabeeffachuun akka ibsetti,

...it [oral literature] is avaluable...experience contributing to the total growth, development and self-fulfillment of the person exposed to it. Oral literature imports to the growing person useful, cognitive, performative and affective skills which enable the person to live a rewarding life and to be a useful member of society jedha. (f. 11)

Yaada kanarraa kan hubatamu, afoolli muuxannoo, dagaaginaafi guddina waliigalaatiin nama itti gargaarrame guutuu kan taasiisuudha. Akkasumas, afoolli guddina dandeettii sammuu, hojiifi kaka'umsaa namaa cimsuun, miseensa hawaasaa keessatti nama barbaadamaa taasisuufi akka jireenya mijaawaa jiraatan nama taasisuu keessatti iddoo guddaa qaba.

Haaluma walfakkaatuun Soofiyyaa (1999, f. 1) afoolli eenyummaa saba tokko amantii haala jiruufi jireenyaa heeraafi seerasaa akkasumas, ilaalchi inni addunyaa qabu kan ittiin dhaloota itti aanuuf dabarsuudha jechudhan lafa keessi. Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu, afoolli seenaa aadaa saba tokko kan fulduraatti tarkaanfachiisaa dhufeefi ammas tarkaanfachiisaa kan jiruudha. Kanaaf, abalummaan osoo hin ta'iin uummatummaan kan beekamu ta'uu isaati. Namni mirga abbummaan falmatu waan hinjirreef jiruufi jireenya hawaasichaa keessaa kan burqeefi isuma deebisee kan ibsu ta'uutu hubatama.

Alamaayyoofi Alamituu (2010) irratti afoolli hambaa hawaasati. Kana malees hojii kalaqa sammuu kan ta'eefi seenaa, eenyummaa, afaaniifi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan calaqqissisudha. Hambaan kun garuu dhalootaa gara dhalootatti afaaniin ibsamaa ykn gochaan raawwatamaa kan daddarbaa tureefi daddarbaa jiruudha. Yaada barreessitoota kanaarraa wanti hubatamutti, afoolli qabeenya hawaasaa ta'ee kan seenaa, eenyummaafi haala jiruufi jireenya saba tokkoo kan ibsuufi bifa afaaniifi gochaan labataa gara labataatti kan daddarbu ta'uudha. Qabeenya walooti malee kan namni dhuunfaan itti waamamu miti jechuudha.

Mengesha R. (1970, f. 2) irratti, "Oral literature is created and recreated in the moment when speaker and listener meet and its meaning refers to their shared experiences" jechuun afoolaaf hiika kenna. Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli kan uumamu yeroo dubbataafi dhaggeeffataan walitti dhufuun muuxannoo isaanii wal jijjiiran kan uumamuufi hiikaan isaas kanarraa kan argamu ta'uudha.

Finnegan (1976, f. 24), waa'ee afoolaa yoo ibsitu, "Oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on a specific occasion. There is no other way in which it can be realized as literary product". Yaada kanarraa kan hubannu, afoolli ogummaa afaaniin hundaa'u, raawwatamuufi daddarbuudha. Innis, hiikaan afoolaa qaama afoola sana fayyadamuun irratti kan bu'uuruufi karaa itti mirkanaa'u biroo kan hin qabne ta'uu isaati. Bukenya (1994, f. 84) irratti, "Oral literature is the heart of people's way of life it is the very soul of their culture"

jedha. Yaada kanarraa wanti hubamu, afoolli aadaafi haala jireenya saba tokkoo kan ibsuu ta'uu isaati. Karaa biraas, Boswell fi Reaver, (1962) afoolaan walqabsiisanii yaada armaan gadii lafa kaa'u;

We can allow ourselves a contradiction, and say that there was a kind of literature before literature. Some of the materials of literature, the thoughts, must have been created long before they were written down. We can fancy and without fancy there would not much literature worth reading that our distant fathers who lived in caves sat round the fires and told stories about wild animals they had met, about their exploits in combat with neighboring tribes, and mysterious tales, "myths," as we call them, about the gods of forest and stream. (f. 16)

Akka yaanni olitti tuqame agarsiisutti, afoolli ogummaa barreeffamaan dura hawaasni kallattiin ittiin walhubachaa tureedha. Walummaagalatti, yaada hayyootaa kana irraa hubachuun wanti danda'amu, afoolli hambaa saba tokkoo ta'ee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan daddarbu ta'uu isaafi hiikaan afoolaa haala darbiinsaa, amalasaafi faayidaasaa irraa kaa'uun kan ibsamu ta'uudha.

### **2.3. Gosoota Afoolaa**

Afoolli damee garagaraatti caccabuun ibsamuu mala. Haayyonni afaaniis dhugummaa yaada kanaa mirkaneessuuf ka'umsa qabxiilee garagaraa fayyadamuun qoqqoodama afoolaa kallattii armaan gadiin kaa'aniiru. Okpewho, (1994, ff. 127-290), Afoola Afrikaa sirbootaafi jechamoota, seeneffamootaafi qareeyyii jechuun qoqqoodeera.

Yaadannoo G. (2014, ff. 9-10) irratti, "yeroo baay'ee jechi afoola jedhu yoo ka'u yaanni keenya gara hiibboo, mammaaksaafi sheekkoo akka dhaqu ni beekkama. Haata'u malee, durdurii, sheekko, ragamtaa, seeneffamoota, afoolaafi sirba aadaa hammachiisuun gosa afoolaa ramaduun ni danda'ama".

Barreeffamni olii hawaasni waa'ee afoolaa yoo dhagahu dursee afoolli fuuldura isaa dhufu hiibboo, mammaaksaafi sheekkoo ta'uu mala. Haata'u malee, afoolli dameewwan sadan kanaan ala jiraachuu hubachiisa. Masfin (1995, f. 42), "Afoolli yaaxina baay'ee bal'aa ta'ee kan hambaa hammatuudha. Durdurii, hiibboo, sirboota aadaa, tapha ijoolleefi k.k.f. afoola keessatti hammatamu" jechuun gosoota afoolaa tarreessuuf yaalee jira. Tafarii (2004, f. 133) irratti "Bifoanni afoolli ittiin dhiyaatu mammaaksa, jechama, cigoo, hiibboo, oduu durii, geerarsa, tapha ijoollee, eebbaafi k.k.f. fa'a" jechuun dameewwan afoolaa ibsee jira. Rabbirraa T. (2009, f.

159) “Afoola Oromoo akka cirracha galaanaa lakkaa’anii fixuun ulfaataadha. Isaan keessaa muraasni: mammaaksa, sheekkoo, geerarsa, hiibboo, eebbaafi abaarsa, tapha ijoolleefi k.k. fa’a jechuun gosoota afoolaa eeruuf yaalee jira. Yaadonni kunneen bal’inaaf dhiphina isaaniirraa kan hafe karaa walitti dhiyeenya qabuufi ifa ta’een dameewwan afoolaa tarreessaniiru.

Misgaanuu,(2011) akka armaan gadiitti yaadotuma kanneen cimsa.

Gooroowwan ogafaanii kana jedhanii murteessuun nicima.Haata’uutii ogafaan bifa hololoo ykn seenessuutiin (sheekkoo, durdurii, baacoo, afseena,...) uunkaalee gaggabaaboon kan mul’atan (hiibboo, mammaaksa,...) fi bifa afwalaloon (weedduu jaalalaa, weedduu hojii, geerarsa, mararoo, weedduu ateetee, sirba, faaruu loonii, weedduu dhimmoota siyaasaa, weedduu hurursa mucaa, weedduuwwan gootummaa, weedduuwwan seenaa, tapha ijoollee, weedduuwwan amantii, weedduuwwan ajjeesaa, hiibboo altokko tokkoo)fi k.k.f.tiin mul’achuu danda’a. (f. 41)

Akka ibsa barreessaa oliitti qoqqoodamni afoolaa kallattii dhiyaatina isaanii kan giddu galeeffatuufi kallattii kanaan afoolli kan bifa hololoo, uunka gaggabaaboofi bifa afwalaloon dhiyaachuu kan danda’u jechuun qoqqooduun ni danda’ama yaada jedhu ofkeessaa qaba. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, afoolota bifa afwalaloon dhiyaatan kan giddugaleeffateedha.Kanaafuu, qorataan gosoota afoolaa keessaa Mammaaksa Oromoo Dubartootaaf mammaakaman irratti xiyyeeffatee jira.

### **2.3.1. Mammaaksa**

Mammaaksi akaakuu afoolaa keessaa tokko ta’ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbudha.Kanuma yaada hayyootaatiin yoo mirkaneessinu; “Mammaaksi, akkuma akaakuu afoolaa kanneen biroo, dhalootaa dhalootatti afaaniin darba.Yaada qusatamoofi udumamoo ta’an jechoota filatamoofi himoota gaggabaaboon ibsa”. (Addunyaa,2016, f. 189). Dabalataanis, Okumba,(1994) akka ibsetti, mammaaksa jechuun unka gabaabaan jecha muraasaafi salphaadhaan ergaa baay’ee fi guutuu ta’e kan dabarsudha jedha.Yaadota armaan oliirraa wanti hubatamu, mammaakasi jecha gabaabaafi cunqaa’aa ta’een ergaa bal’aafi miidhagaa ta’e karaa salphaafi hubatamuu danda’uun kan dabarsu ta’uudha.

Haaluma walfakkaatuun, Finnegan, (1970, F. 338), irratti yoo ibsiti, “The proverb is a more of compressed or forceful language” jechuun ibsiti.Kunis, mammaaksi baay’ee cunqaa’aafi afaan humna guddaa kan qabu ta’uudha.Mammaaksi diiguufis haata’u ijaaruuf, deeggaruuf, mormuuf,

barsiisuufi gorsuuf humna cimaa kan qabuufi bal'inaan kan tajaajilu ta'uudha. Waan ta'eefis, Mammaaksi aadaa, duudhaa, barteefi eenyummaa saba tokkoo karaa salphaa ta'een kan ibsudha.

Karaa biraas, Meider, (2002, f. 1) irratti yoo ibsu, “proverb is a short sentence that contains wisdom, the truth, moral, and traditional views in a metaphorical and memorizable form and which is handed from generation to generation” jechuun lafa kaa'a. Yaanni kunis, mammaaksi beekumsa olaanaa, dhugaa, safuu, ilaalcha durii karaa fakkaatuufi hin dagatamneen dhalootaa dhalootatti kan darbu akka ta'edha. Gabaabumatti, sammuu namaa keessatti humna fakkii yaadaa uumuu kan danda'uufi akka salphaatti irraanfatamuu kan hin dandeenye ta'uu isaati.

#### **2.4. Qabiyyee Mammaaksaa**

Mammaaksi kuusaa afoolaa keessaa tokko ta'ee, afaaniin labataa labatatti kan darbu yoo ta'u, qabiyyee dhaabbataa kan qabuufi haalawwan qabatamaa keessatti hiika ergaa adda addaa dabarsuuf kan mammaakamudha. Kanaafuu, mammaaksi kan yeroon itti hin darbine ta'uu isaa irraan kan ka'e gooroowwan afoolaa isaan kaan irra amansiisaadha.

Mammaaksi yaada gabbisuu kan danda'u kuusaan yookan caaseffama jechootaatiin osoo hin taane, yaada jechoonni ibsaniinidha. Kanaafuu, qabiyyeen mammaaksaa yaada mammaaksichi dabarsu jechuudha.

Haaluma kanaan, Finnegan, (1970, f. 393) irratti, “Mammaaksi afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe ta'uyyuu qabiyyee mataa isaa kan qabuufi haalawwan qabatamoo keessatti kan mammaakamudha malee akkasumaan kan mammaakamu miti” jechuun ibsiti.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, mammaaksi qabeenya waloo hawaasichaa afaaniin labataa labatatti darbaa as gahe, qabiyyee mataa isaa kan qabuufi waan qabatamaa ibsuuf kan mammaakamu ta'uudha. Hiikni mammaaksa tokkoos kan itti kennamuu danda'u haala keessatti mammaakame kan bu'uureffatu ta'uu hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, akkuma “Sareen waa malee hin duttu” jedhamu, mammaaksis waa malee hin mammaakamu.” Waatu jiraa manni guyyaan aara” akkuma jedhamu jechuudha. Kana jechuun, mammaaksa tokko duuba ergaa qabatamatti darbuuf barbaadametu jira jechuudha. Kunis, mammaaksi akkasumaan lafumaa ka'ee kan hin mammaakamne ta'uu kan ibsudha. Mammaaksi hawaasa itti fayyadamuuf faayidaas hanqina yookan rakkoo guddaas qabaachuu mala.

## **2.5. Faayidaa mammaaksaa**

Mammaaksi haasaa miidhaksuuf faayidaa guddaa kan qabuufi gabaabinaan ergaa dabarfachuuf gargaara. Akkasumas, mammaaksi bakkaafi yeroo itti mammaakamu qaba. Akkasumaan lafumaa ka'amee kan dhimma itti bahamu miti. Hayyoonni adda addaas mammaaksi faayidaa hedduu akka qabu lafa kaa'u. Finegan (1970, f. 408) "councilor judges also use proverbs to comment obliquely on the conduct of those involved, often with implied advice or rebuke" jetti. Yaada kanarraa wanti hubatamu, mammaaksi jireenya hawaasaa keessatti iddoo guddaa akka qabudha. Gorsitoonnillee mammaaksa gargaaramanii akka ergaa dabarfatan, barsiisan, waa qajeelchan ni ibsiti.

Karaa biraas, bakka rakkoon waliigaltee murtee kennamerratti jiru irrattis furmaata cimaa kan kennu ta'uusaa ni ibsiti. Finegan (1970, f. 409) "In court and elsewhere there are also frequent actions for using proverb to smooth over a disagreement or bring a dispute to close," jechuun ibsiti. Kana jechuun, mammaaksi manneen murtii keessattiifi iddoo kamittuu waldhabdee salphisuuf yookan dubbii gabaabsuufillee itti fufinsaan kan tajaajilu ta'uu ibsiti. Karaa biraas, mammaaksi hawaasa keessatti araara buusuuf iddoo guddaa akka qabu yoo ibsiti, Finegan (1970, f. 412) "Societies in which there is marked latent conflict, or which there is particular need to regulate formalized conflicts that proverbs play an essential large part" jetti. Walumaagalatti, mammaaksi iddoo jaarsummaatti araara buusuuf, dubbii gabaabsuuf akksumas yaada waldhabe walitti fiduuf kan gargaaru ta'uu hubanna.

Walumaagalatti, Okumba (1994, f. 47) irratti yoo ibsu, "mammaaksi hawaasa keessatti tajaajila gurguddoo shan akka qabu akka armaan gadiitti ibsa.

### **2.5.1. Dubbii Miidhagsuu isaa**

Mammaaksi barbaachisaa ta'e bakka, yeroofi nama beekumsa yookaan muuxannoo qabuun osoo mammaakamee namatti tola. Okumba (1994, f. 47) irratti miidhagina mammaaksaa yeroo ibsu akkuma ashaboon ittoo mi'eessu, mammaaksi immoo dubbii keessatti haasaa daran mi'aawaa akka taasisu ibsa.



Kanuma kan cimsu, Sall (1999, f. 90) irratti mammaaksi meeshaa humna dubbii miidhaksanii dhiyeessuudhaaf nama dandeessisu akka ta'eefi yaada sammuu keessa jiru dhugaa qabatamaa gurra dhaggeeffataatti akka tolutti miidhagsee kan dhiyeessu ta'uu dubbata.

Itti dabaluuinis, Sahiluu (2002, f. 58) “The use of proverbs not only serves the purpose of attaining clarify of meaning, but at the samr time eastetic purpose is achieved,” jedha.Yaadni kunis mammaaksi faayidaa hiika dubbii qulqulleessuu qofa osoo hin taane, tajaajila dubbii miidhagsuus akka qabu ibsa.

### **2.5.2. Muuxannoo ibsuu**

Mammaaksi jireenya hawaasaa keessatti kan bakkaafi yeroo kamittuu hin dagatamneefi umurii dheeraa qabudha.Hawaasnis yeroo dheeraa keessa muuxannoo goonfate kana dhaloota har'aa bocuufi kallattii qabsiisuuf akkasumas ilaalcha isaa ibsachuuf fakkeenyaaf, siyaasa keessatti yaada ofii ibsachuuf, muuxannoo dabarsuuf murteessaa ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

Kanuma dhugoomsuuf, Okumba (1994, f. 47) irratti “proverbs present us with a codified wisdom of a society accumulated over many years of happy and bitter expirances,” jedha.Mammaaksi kuufama muuxannoo waggaa dheeraa, gaariis ta'e gadhee akka calaqqisiisu ibsa.Yaanni kunis beekumsa jiruufi jireenya umurii dheeraa keessatti argame mammaaksi akka of keessatti qabatu agarsiisa.Kanarraa wanti hubatamu mammaaksatti daran fayyadamuuf, muuxannoo yeroo dheeraafi beekumsa gadifagoo qabaachuu kan gaafatu ta'uu hubachuun nama hin rakkisu.

### **2.5.3. Dubbii Gabaabsuuf**

Manguddoonni Oromoos akkuma mammaaksaan dubbii jalqaban mammaaksumaan dubbii xummuru.Kunis,yaada bal'aa ta'e tokko mammaaksaan gabaabbatee dubbatamuun akka danda'amudha.Kanaafis, beektonni “**Mammaaksi koobaa dubbiiti**” jedhu.Amaluma isaatiin mammaaksi dubbii qolaatiin waan dubbatamuuf filannoo jechootaa mataa isaatii qaba.Yaada daran bal'aa ta'e karaa gabaabaafi hubatamuu danda'uun dabarsuuf gargaara.

### **2.5.4. Safuu Hawaasaa Eeguuf**

Hawaasni tokko kan ittiin ibsamu keessaa aadaa, duudhaafi safuu isaati.Kanaaf, hawaasni kun maalummaa, eenyummaa, duudhaafi bartee isaa kanneen ibsan kana kunuunsee eeggachuufi

dhalootattis haala gaariidhaan dabarsuuf kan inni itti fayyadamu keessaa tokko mammaaksadha. Kanaaf, mammaaksi Oromoos safuufi duudhaa gaarii dabarsuuf gargaara. Waanta'eef, Oromoon yeroo mammaaku **“Ulfinaafi Barcuma abbaatu ofjala baata”** jedha. Kana jechuun, **“Sa'a abbaan gaafa cabse hormi ija jaamsa”** isa jedhuun walfakkaata. Abbaan ofiif iddoo hin qabu oolmaa gaarii hin oolu yoo ta'e, kan isaa waan ta'eef iddoo hin qabu yoo ta'e, namni biraa kabaja hin qabuuf, eeggannaa hin godhuuf jechuudha. Falaasama jajjabaa akkanaa fayyadamee duudhaa isaa hawaasichi dhalootaaf dabarsaa, ittiin barsiisaa kan ture ta'uudha.

### **2.5.5. Barsiisuufi Amansiisuuf**

Mammaaksaan isa dabe qajeelchuu, kallattii agarsiisuufi barsiisuun baramaadha. Kanaaf, waan tokko hubachiisuu yoo barbaadan, **“karaa angafti bahe qixisuun marmaara”** jechuun mammaaku. Barsiisuufi qajeelchuun yeroo barbaadamu angafni ijjoolllee booddee dhalataniif karaa gaaris ta'u yaraa qabsiisuuf gahee akka qabu agarsiisuuf gargaaramu.

Karaa biraas, haasaa yookiin dubbii keessatti namoota walhubachuu dhaban lamaafi lamaa ol gidduutti mammaaksota qabiyyee dubbii isaanii ilaallatu mammaakuun isaa haasaa biraatiin itti himamu caalaa ni amansiisa. Yaada kana Sahilun (2002, f. 52) akka itti aanutti ibsa. “... Persuasion is one of the functions of proverb, which to discuss properly, one has to demonstrate when and how a narrative serves that purpose,” jedha. Akka yaada kanaatti, haasawa yookaan dubbii namni waliin dubbatu keessatti yaada sana akka namni fudhatu gochuuf humna mammaaksi qabu cimaa ta'uu agarsiisa.

### **2.6. Hanqina Mammaaksi qabu**

Armaan olitti faayidaa mammaaksi qabu hedduu ilaaluuf yaalameera. Haata'u malee, qorannoo kana keessatti faayidaa mammaaksi qabu qofarratti xiyyeeffatee hin jiru qorataan. Mammaaksi akkuma faayidaa qabu yoo seeraan itti hin fayyadamne, yoo karaa aadaa, safuufi bartee hawaasichi qabu xiinxalaa itti hin fayyadamne, akkuma ijaaruuf, barsiisuuf, gorsuuf, qajeelchuuf tajaajilu humna diiguus, balleessuus akkasuma karaa irraa dabsuus ni qabaata. Hiika mammaaksa tokkoo kennuun kan danda'amu, haala qabatamaa mammaaksi sun keessatti mammaakamee bu'uura godhachuunidha. Yoo kana hin taane, madda walitti bu'insaas ta'uu mala.

Yaaduma kan Finnegan (1970, f. 399) irratti yoo ibsiti,

Though proverbs can occur in very many different kinds of context, they seem to be particularly important in situations where there is both conflict and, at the same time. Some obligations that this conflict should not take or to open and personal a form. Such conflict can occur in many different ways jechuun ibsiti.

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamuu danda'us, mammaaksi haalota garaa garaa hedduu keessatti kan mammaakamu ta'us, faayidaa kennuu kan danda'u haala qabatamaa iddoolee walitti bu'insi jiruufi haala walfakkaatu keessattidha. Yoo kana hin taane, namoota dhuunfaa gidduutti madda waldhabdee ta'uu mala. Walumaa galatti, mammaaksa haalaan, bifa safuufi aadaa hawaasichaa eeggateen itti hin fayyadamne taanaan mammaaksi tokko waldhabdeef ka'umsa ta'uu mala. Kun immoo jireenya hawaasummaa hawaasa tokkoo jeequu mala. Karaa biraa mammaaksi amaloota mataa isaa kan ittiin beekamus qaba.

## **2.7. Amaloota mammaaksaa**

Gosoota afoolaa keessaa mammaaksi amala adda isa godhu qaba. Kana malees, haala itti fayyadama isaa irratti hundaa'uudhaan haasaa caalaa wantoonni mammaaksi fudhatama guddaa akka qabaatu taasisan ni jiru. Waan ta'eefis, mammaaksa wantoota adda godhan keessaa; Tasa hin himamu, ergaan isaa miira dhaggeeffataan waan raawwatuuf, akka itti dhufteetti kan mammaakamu miti. Hubannoo, muuxannoofi bilchina guddaa barbaada. Akka gosoota afoolaa kanneen biroo, abbaanumti fe'e lafaa ka'ee mammaakuus hin danda'u. Hubannoo cimaafi muuxannoo jireenyaa guddaa gaafata.

Kanaaf, Addunyaa, (2016, f. 189) irratti, "Namni hundi hin mammaaku; beekaatu mammaaka; beekaan keenya ammoo buleessaafi buleettii keenya" kan jedheef. Warra aadaafi safuu hawaasichaa gadi fageenyaan beekan, warra jireenyiifi umuriin waa barsiisetu mammaaka jechuudha. Kanaaf, wanti dubbatamu kaayyoo dubbii sanaan kan walgitus ta'uu qaba. Kanumarraa ka'uun, yaada beektotaa deeggaramuun amaloota mammaaksaa kan ilaalamu ta'a.

### **2.7.1. Jechoota Filatamoo fayyadamuu isaa**

Mammaaksi jechoota filatamoofi gaggabaabootti dhimma bahuun ergaa dachaafi gadifagoo dabarsuun beekama. Kun immoo, jaallatamaa akka ta'uufi sammuu namaa keessaa yeroo baay'eef osoo hin dagatamiin akka turu taasisa. Gama birootiin ammoo, mammaaksi dubbii akkasumaan dubbatamu irraa addadha. Kunis, dubbii qolaafi jechama of keessaa qabaachuun isaa haasaa kaan irraa adda isa godha. Kana jechuunis, dubbii qolaatiin wanti haasa'amu fakkii sammuu namaa keessatti uumuun, namni karaa isaa galuufi mi'aawaa ta'een haala hin irraanfatanneen waan hubachiisuuf yaadichi fudhatama akka argatu isa taasisa.

Dhimma kana ilaalchisuun Finnegan (1970, f. 399) irratti “proverbs generally by terseness expression by a form different from that ordinary speech and a figurative mode expression a binding metaphor,” jetti. Kunis mammaaksi caasaa gabaabaa dubbii kaan irraa adda ta'etti dhimma ba'uun, dubbii qolaafi bakka buusaan kan guutame ta'uu ibsiti. Kanarraa wanti hubatamu adeemsa baratamaa irraa adda ta'uufi kallattiin osoo hin taane, alkallattiin ergaa barbaachisaa ta'e dabarfachuuf kan gargaaru ta'uu mammaaksaati.

Itti dabaluunis, Finnegan (1970, f. 119) irratti yeroo ibsiti, mammaaksi jecha gabaabaafi bareedaadhaan dandeettii yaada namaa jijjiiruu akka qabu ibsiti. Kunis amansiisuufi gara kallattii barbaadameetti yaada nama tokkoo jijjiirsisuuf kan gargaaru ta'uudha.

### **2.7.2. Tasa Haasa'amu Dhiisuu isaa**

Mammaaksi lafumaa ka'ee haaluma ta'e keessatti kan mammaakamu miti. Dhimma dubbatamaa jiru keessa galuun beekuun barbaachisaa ta'a. Kana jechuun, fakkeenyaaf jiruufi jireenya hawaasaa keessatti dhimmoota waliigalaa kanneen akka jaarsummaa, tokkummaa, dhimmoota maatii, seera, nageenya, siyaasa, mormii, deeggarsa, barsiisuu, qajeelchuu, dhimmota adda addaa ilaalchisanii kaayyoo adda addaatiif akka mammaakamu Malkaamuun (2007, f. 20) irratti, Encyclopedia Americana (1983) wabeeffachuun ibsee jira. Kanaaf, mammaaksi yeroo mammaakamu itti yaadamee dhimma dubbatamaa jiru bu'uura godhateetu mammaakama jechuudha. Akkuma Oromoon, “Waamalee manni guyyaan hin aaru” jechuun mammaaku, mammaaksi lafumaa ka'amee akkasumaan kan mammaakamu miti jechuudha. Waatu jiraa sareen alaa dutti akkuma jedhamu, mammaaksa mammaakamu duuba ergaa dabarfamuu barbaadametu jira jechuudha.

### **2.7.3. Dubbii Dubbatamaa jiruun kan walsimu ta'uu**

Mammaaksi waanuma mammaaksa ta'eef tasa hin mammaakamu. Bakka barbaachisaa ta'etti haasaa keessa galuudhaan dhimma yookaan kaayyoo barbaachise sanarra ooluuf fayyada. Kana ilaalchisuun, Sahilu, (2002, f. 55) irratti, mammaaksi mata duree irratti mammaakamuu akka qabu ibsa. Kana jechuun mammaaksi tokko yaada tokko qofa ibsa jechuu miti. Mata duree irratti mammaakamu irratti hundaa'uudhaan mammaaksi tokko hiika addaa qabaachuu danda'a.

Itti dabaluunis, Finnegan, (1970, f. 399) irratti, "mammaaksi afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe ta'uyyuu, qabiyyee mataa isaa kan qabuufi haalawwan qabatamoo keessatti kan mammaakamudha malee akkasumaan kan mammaakamu miti" jechuun ibsiti.

### **2.7.4. Itti fayyadamuufis ta'ee hubannoof bilchina kan barbaadu ta'uu**

Amaluma isaa ta'ee mammaaksi namoota umurii dheeraa qaban, muuxannoo yeroo dheeraa qabaniifi hubannaa gahaa qabaniin mammaakama. Namoota sadarkaa umurii adda addaarra jiran hundaan haala walqixaa ta'een hin mammaakamu. Kana jechuun, ijoolleef dargaggoota caalaa mammaaksatti kan dhimma bahu maanguddoota ta'uudha.

Kanuma Amos (1975, ff. 186-7) akka jedhutti, mammaaksi kan mammaakamu manguddootaan ta'uu kaa'a. Haata'u malee, Manguddoota keessaa kan dhimma itti bahu saalaan warra kami? gaaffiin jedhu ka'uu danda'a. Yaada kana ilaalchisuun Soofiyyaa (1999, f. 5) Wiirtuu jiidii 8 keessatti harka caalaatti Manguddoonni Mammaaksatti fayyadaman saalaan warra dhiiraa ta'uu isaa akka armaan gadiitti ibsitee jirti.

Akka barsiifataatti mammaaksatti kan dhimma bahuu danda'an Manguddoota ta'anii keessumaayyuu dhiirota jedhamee amanamaa ture. Haata'u malee, kutaan hawaasaa kamiyyuu akka itti hin fayyadamne seerri dhorku hin jiru. Garuu, mammaaksi irra caalaatti kan mammaakamu bakka jaarsummaatti, dhaddacha irratti, sirna gumaa, sirna gadaa, sirna warroommiifi kan kana fakkaatan irrattidha. Bakka sanatti ammoo yeroo baay'ee kan affeeramu manguddoota warra dhiiraa waan ta'aniifi jetti.

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu, namni hundi mammaaksatti kan dhimma ba'uufi kan beeku ta'us, manguddoonni hawaasicha keessatti muuxannoo jireenyaafi bilchina qabaniin hawaasa gorsanii qajeelchuu irratti iddoo guddaa qabu.

Dabalataanis, Addunyaa, (2016, f. 189), irratti akkas jedha;”Namni hundi hinmammaaku; beekaatu mammaaka; beekaan keenya ammoo buleessaafi buleettii keenya”.Kanaaf, mammaaksatti bal’inaan kan dhimma ba’u namoota umuriin bubbulan, muuxannoo jireenyaa bal’aa qabaniifi aadaafi dudhaa hawaasichaan walbeekan ta’uu isaati.

Akka yaadota armaan olii lamaanitti mammaaksa kan mammaaku abbuma fedhe osoo hin taane manguddoota umriin raagan, muuxannoo jireenyaa gahaa goonfataniin akka mammaakamu ta’uu hubanna.

### **2.7.5. Dubbii Qolaatiin kan dhiyaatu ta’uu**

Mammaaksonni qabiyyeen yookaan ergaa isaanii gadi fageenyaan akka hubatamuuf dubbiiwwan qolaa kanneen akka nameessaa, harbeessaafi kan kana fakkaatutti dhimma ni bahu.Dubbii qolaatti fayyadamuun dandeettii mammaaksi qabu Finnegan (1970, f. 399) yoo ibsitu, “The figurative quality of proverbs is especially striking; one of their most noticeable characteristics is their allusive wording usually in metaphorical form” jechuun lafa keessi.

Dabalataanis, Asaffaa (2006, f. 17) irratti dubbiin qolaa dubbii karaa irra buusuuf tola, ni qara, qalbii hawwata akkasumas hojiif nama onnachiisa jechuun ibsa.Kanarraa waanti hubatamu, mammaaksi dubbii qolaatiin dubbatamu ergaa cimaa ta’e kan dabarsuufi nama onnachiisu akkasumas beekumsa kan namaa kennu ta’uu isaati. Kanuma Enoh (2000, ff. 86-87) mammaaksi yaada hawaasni waliigalatti itti amanee qabatee deemuufi jireenya dhala namaafi ilaalcha addunyaa wajjin kan walsimu akka ta’e ibsa.

Itti dabaluuunis, barnoota irrattillee dhiibbaa olaanaa akka qabu kaa’a.Kanarraa wanti hubatamu, mammaaksi jiruufi jireenya hawaasaa keessatti dhimmoota ummatni akka qajeelfamaatti irratti waliigalee ittiin karaa walqabsiisuuf; falaasamaafi duudhaa hawaasaa of keessatti kan qabatu akkasumas barnoota irrattillee sammuu qaroomsuuf tajaajilli isaa olaanaa akka ta’edha.

Yaaduma kana kan deeggaru Henock (1997, f. 130) “proverbs typically contain easily understood concepts and images that produce abstract interpretations that are applicable to many situations” jedha.Kanaaf, mammaaksi waan hin qaqqabamne akka qaqqabamutti waan hin mul’anne akka waan mul’atutti jechoota fakkaattii qoosaatti hin dagatamne sammuu keessatti uumuudhaan bakka buusuun akka dhiyeessu ibsa. Karaa salphaan hubatamuu waan danda’u

ta'uudha. Maalummaa mammaaksaa hanga kana erga ilaallee, Dubartoota bu'uureffachuun mammaaksota mammaakaman yaaxxina feminizimiin walqabsiisuun kan ilaalamu ta'a.

## **2.8. Afoolaafi Dubartummaa**

Afoolli Oromoo dubartoota haala garagaraatiin ibsa. Haalli qabatamaan uummata keessa jiru, mammaaksonni Oromoo irra caalaan isaanii cimina osoo hin taane dadhabbina dubartootaa kan ibsan ta'uu isaati. Haalli kun ammoo dubartoota irratti dhiibbaa garagaraa fida. Haata'u malee, dubartoonni Oromoo rakkoo isaanirra gahaa jiru kana ofirraa qolachuuf of hinqusanne; har'as ta'u hin callisne.

Yaada kana ilaalchisee Kuwee (1998, f. 153) yemmuu ibsiti; "The Oromo women are not helpless and fragile objects ready to be crushed under the weight three forms of oppression. They are also engaged in an active struggle changing and changing it" jetti. Yaada kanarraa wanti hubannu, dubartoonni Oromoo dhiibbaa jala jiraatanis, akkuma salphaatti kan harka hin kennanneefi jijjiirama fiduuf qabsoo cimaa kan gaggeessan ta'uudha. Harka caalaan isaanii haala kana jijjiiruuf kan yaadaniifi kan qabsaa'anidha jechuudha.

Haaluma kanaan dubartoonni Oromoo dhiibbaan isaan irratti raawwatamaa tureefi jiru akka fooyya'uuf shoorra guddaa taphataniiru. Damee afoolaa kan ta'e mammaaksaanis wanti walqabatu kanuma. Waan ta'eef, wantoonni sirreeffama barbaadan jiraachuu namatti agarsiisa.

## **2.9. Mirga Dubartootaan Walqabatee Yaadota jiran**

Mirga dubartootaan walqabatee waliigalteewwan idil-addunyaa hedduun walqixxummaa dubartootaa dhugoomsuuf taasifameera. Akka biyyaattis biyyi keenya waliigalteewwan kana mallatteessitee jirti. Kanumarraa ka'uun, Waadaalee Idil-Addunyaa Mirgoota Namoomaan walqabatani qophaa'an irratti mirgoota dubartootaan kan walqabatu caqasamee jira. Kunis, Garaagartee Loogiidhaan Dubartootarratti Taasifamu hunda Dhabamsiisuudhaaf Waadaa Seename (Convention on the elimination of all forms of discrimination against Women) jedhu jalatti, murtee yaa'ii waliigalaa lakk.34/180n mudde 10 bara 1979 A.L.A taasifameen Chaartarri Mootummoota Gamtoomanii mirgoota namummaa bu'uura ta'an, kabajaafi ulfina ilma namaafi walqixxummaa dhiiraafi dubartii cimsee kan amanu ta'uu hubachiisuudhaan, yaadni garaagartee, loogummaa fudhatama kan hin qabne ta'uu lafa kaa'a.

Dabalataanis, Biyyoonni seerota idil-addunyaa kan mirgoota namoomaa fudhatan dhiirriifi dubartiin mirgoota dinagdee, hawaasummaa, siviiliifi siyaasaatti walqixa akka fayyadaman taasisuuf dirqama akka qaban ibsa. Sanada Inistitiiyutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qorannoo Seeraa Oromiyaa, (2005, f. 5) irrattis loogiin dubartoota irratti godhamuufi rakkoon ilaalchaa dubartoota gad-aantummaan ilaaluun biyyaafi aadaa tokko keessatti kan murtaa'e osoo hin ta'iin akka addunyaatti biyyootaafi barmaatilee kamiyyuu keessatti kan raawwatamu ta'uu isaatiin rakkinichi amala waliigalaa (universal nature) akka qabaatu godheera jedha. Mirgi dubartootaa dhimma mirga namoomaa waan ta'eef, dhimma hawaasa addunyaa ta'uun xiyyeeffannoo kan argate ta'uu ibsa.

Kanarraa waanti hubatamu, dubartoonni kallattii hundaan; siyaasa, hawaasummaa, dinagdeefi kanneen biroo keessatti dhiira waliin mirga walqixaa akka qabaniifi sababa saalaan loogiin tokkollee isaan irratti akka hintaasifamne taasisuuf konveenshini bahe ta'uudha. Kanuma bu'uura godhachuudhaan Mammaaksota Oromoo dubartootaa bu'uureffachuun mammaakaman ija yaaxxina dubartummaan kallattii adda addaatiin tumamanii jiran bu'uura godhachuun xiinxalamee jira.

## **2.10. Yaaxxina Qorannichaa**

Mata-dureen qorannoo tokkoo fokilooriin kan walqabatu yoo ta'e kutaa sakatta'a barruu qorannichaa jalatti qabxiin dagatamuu hinqabne yaaxxina mata-duree qorannoo waliin demu ibsuudha. Yaaxxinaalee fokiloorii ilaalchisee Addunyaan (2011, f. 58) hayyuu Zoltan (2005, f. 255) wabeeffachuun, "Sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu yaaxxina qorannoon sun irratti bu'uuruudha. Dhimmi kun karaa biraan qorannichaaf dallaa ijaaruudha," jedha. Akka yaada haayyuu kanaatti gaheen yaaxxina qorannoo kaa'uu qorannichi maal irratti daanga'ee gaggeeffamaa akka jiru agarsiisuudha. Daayessi fokiloorii garaa garaa yeroo adda addaafi beektota adda addaan bu'uureffamaniiru. Kana dhugoomsuuf hayyuun Dorson (1972) dayeessonni qorannoon fokiloorii ittiin gaggeeffamuu daanda'u garaagaraa tarreesseera.

Haata'u malee, tokkoo tokkoon daayessota Dorson tarreesse kunniinis xiyyeeffannoo mataa isaani qabu. Qo`annoon fokiloorii tokko waan bu'uureffachuu qabu haala niwayya jedhaniin yaada jiru agarsiisu. Hunduu kalattii isaaniin, qo`annoon fokiloorii dhimma siyaasaan walqabatee xiinxalamuu qaba, aadaa bu'uureffachuu qaba, haala keessatti raawwatu bu'uura



godhachuu qaba, faayidaa giddu galeessa godhachuu qaba, seenaa bu`uura godhachuu qaba, xiinsammuu itti fayyadamaa gidduu galeessa godhachuu qaba, akkasumas seenessaafi hurruubaa bu`uura godhachuu qaba yaada jedhuufi kan kana fakkaatan lafa kaa`u. Haaluma kanaan mata-dureen qorannoo kanaas mammaaksa keessaa kan dubartoota irratti xiyyeeffatu qorachuuf waan ta'eef, yaaxxinaalee qorannoo fokilooriif gargaaran keessumaa immoo dhimmoota dubartootaan walqabatan keessaa kallattiin hidhata kan qaban yaaxxina dubartummaa irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffame ta'uudha.

### **2.10.1. Yaaxxina Dubartummaa**

Yaanni ka'umsa sochii dubartootaa akka addunyaatti dubartoonni jijjiirama bu'uuraa fiduuf sochii bara 1830'n keessa jalqabeen walqabata. Akka Sa'iidaan (2002, f. 66) Eisengerg fi Mary Ruthsdotter kitaaba isaanii "The national Women's history Project (1999); Living the legacy; The Women's Rights Movement (1884-1998)" jedhu keessatti ibsameen bara 1884 A.L.A. moggaasi "A Tea Launches a Resolution" jedhuun magaalaa New Yorkitti haadhooliifi dubartoonni umurii dargaggummaa keessa jiraniifi heeruman sochii mirga dubartootaa calaqqisiisuun isaanii ibsameera. Haalli kunis, adeemsa sochii dubartootaa keessatti isa jalqabaafi sagantaa guddaa ta'ee ture. Battaluma sanatti, waliigaltee guyyaa mariifi iddoo walga'ii murteessuudhaan sochii eegalani. Walga'ii kanas, "A convention to discuss the social, civil, and religious and rights of women" moggaasa jedhu kennuun kan eegalan ta'uu ibsiti.

Haaluma barreeffama kana keessatti ibsameen walga'ii kana irratti haala mijeessituu sochii kanaa kan turte, "Elizabeth Cady Stanton" rakkolee dubartoota irra gahaa turaniifi jiran ilaalchisuun qabxiilee irratti qabsaa'uu barbaadan haala armaan gadiitti ibsameen tarreessuu ibsitee jirti.

- ✚ Ija seeraa duratti dubartoonni heeruman seeraan ajjeefamuu,
- ✚ Dubartoonni mirga filachuu dhabuu,
- ✚ Dubartoonni heeruman mirga qabeenya dhaaluu dhabuu,
- ✚ Abbaan manaa haadha manaa isaa hanga rukutu aangoo seeraan deeggarama kan qabuufi gocha raawwateef kan hingaafachiifne ta'uu,
- ✚ Seerri diiggaa gaa'elaafi kunuunsi guddina daa'immanii guutummaa guutuutti kan dhiira deeggaru ta'uu,

- ✚ Dhaabbileen hedduun dubartootaaf banaa ta'uu dhabuufi warrumti carraa argatee gales hojii walfakkaatuuf kaffaltii gadaanaa dhiiraa gadargachuu,
- ✚ Dubartoonni hojii ogummaa keessattuu ogummaa fayyaafi seerakeessatti akka hinhirmaanne ta'uu,
- ✚ Yuunivarsitoonniifi koollejjoonni dubartoota fudhatanii waan hinbarsiifneef carraa barnootaa dhabuu,
- ✚ Dhimma biroon yookiin haala addaatiin yoo ta'e malee dubartoonni dhimma amantaa yookiin mana amantaa keessatti akka hinhirmaanne dhorkamuu,
- ✚ Dubartoonni ofitti amanamummaa dhabuu irraan kan ka'een maxxantuu dhiiraa ta'anii jiraachuuf dirqamuu kan jedhan fa'i.Sa'idaa, ( 2002, ff. 68-69)

Rakkoolee tarreeffaman kanneen irraa ka'uudhaan dubartiin kun, “The history of mankind is the history of repeated injuries and usurpations on the part of man toward women, having in direct object the establishment of an absolute tyranny over her. To provide this, let facts be submitted to a candid world” jechuun ibsitee jirti. Haaluma kanarraa ka'uudhaan barri sun bara qilleensi isaa kan jijjiiramni milkaa'eefi firii kennu ta'uu isaa barreeffama kana keessatti ibsamuu isaa lafa keessee jirti.

Kana malees, Tinker, (1993, f. 37), The nineteenth century feminist movement added women to category of human to which the equality principle should apply” jedhuun ibsa sochiin haala kanaan biyya Ameerikaatti jalqabe kun babal'achaa deemuun biyyoota lixaa kan waliin gahe ta'eera. Bara 1940 irraa kaasee sochiin mirga dubartootaa kun hacuuccaa dubartootarra gahaa ture sochoosuu jalqabe. Ilaalchi gadaantummaa iddoo hojii irratti dhiibbaa geessisuun dubartoonni gabaa hojii keessatti baay'inaan akka hirmaatan taasiseera. Kana malees, ba'aan hojii maatii keessaa kan dubartootarra ture akka salphatu haala mijeessuun yeroon itti jalqabames jaarraadhuma kana keessatti ture.

Sochiin kunis seenaa qabsoo waggoota 22 booda dubartoota U.S.A injifannoo akka argamsiise ibsameera. Kunis, dhimmoota olaantummaa dhiiraa, hiika gaa'elaafi barnoota keessatti calaqqisiisan dhabamsiisuudha. Haaluma kanaan, garee hirmaannaa namoota 300'n dhimmoota hawaasummaa, lammummaafi haala amantii dubartootaa irratti taasifameen argate. Yaanni kun ammoo, addaddummaan walabummaa booda uumamni dhiiraafi dubartii walqixa kan jedhu argamsiise.

Barri 1970 bara injifannoo dubartoonni mirga filachuu argatan ture. Haaluma walfakkaatuun, dubartoonni biyya Jarman keessatti gaa'ela dura mirga hiriya dhiiraa waliin jiraachuu gaaffii kaasu turan. Walqixxummaan dubartootaa gaa'ela keessatti akka kabajamuuf falmaa turaniiru. Gaa'ellis dhiiraafi dubartii gidduutti qofa akka raawwatus ifa godhamee ture.

Dubartummaan inni bara ammaa (contemporary feminism) bara 1960moota keessa kan jalqabe yommuu ta'u, walhiikuun mirga akka ta'u, dubartoonni dhaabbilee olaano keessatti mindeeffamuufi hojii bakkee irratti akka hirmaatan, jireenya gammachuu qabu akka jiraataniifi kan kana fakkaatu irratti kan xiyyeeffatu ture.

### **2.10.2. Maalummaa Dubartummaafi Yaaxxinoota isaanii**

Waraqaa qorannoo kana keessatti jecha Afaan Ingiliziitiin “feminism” jedhu afaan Oromootiin “dubartummaa” jechuun fayyadameera qorataan. Ruth, (1998, f. 5) Dubartummaa yoo ibsite: “Feminism is a range of social movement and ideologies that share a common goal: to define, establish, and achieve the political, economic, personal and social equality of the sexes” jetti. Yaanni armaan olii kunis, dubartummaan dhimmoota sochii hawaasaafi ilaalcha hawaasaa keessatti galma waliinii gama siyaasaan, dinagdeen, hawaasummaaniifi koorniyaatiin hundeessuu, qabaachuufi walqixxeessuuf yaaluu akka ta'e kan hubachiisudha.

Gama biraatiinis, Pater, (2010, f. 30) irratti, dubartoonni siyaasaan, hawaasummaan, dinagdeeniifi amantaan mirga walqixa dhiirota waliin qabaachuu akka qabanis kaa'ee jira. Barruulee addaddaa keessattis, jecha “feminism” jedhu kana dubartummaa jechuun fayyadamu. Fakkeenyaaf, Se'idaan (2002, f. 66) keessatti jecha “feminism” jedhu kana “dubartummaa jecha jedhuun bakka buufteetti. Waan ta'eefis, waraqaa kana keessatti jechi Afaan Ingiliffaan “feminism” jedhu Afaan Oromoon “Dubartummaa” jecha jedhuun bakka buufameera.

Inni biraan, Tashoomaan, (2004, f. 53) waraqaa qorannoo PhD isaa keessatti; Offen (1970) wabeeffachuun akka ibsetti, jechi “feminism” jedhu Afaan Faransaayi “feminism” jedhu irraa gara dhuma jaarraa 19ffaa keessa argamuun afaaniifi biyyoota addaddaatti kan tamsa'e, waraqaa yookiin sochii walitti qabama humnaa kan haala dubartootaa fooyyessuuf qophaa'edha jedha.

Kanaafuu, dubartummaan ilaalcha yookiin amantaa walqixxummaa dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa dubartootaa sadarkaa addunyaatti aangessuufi olaantummaa dhiiraa hambisuuf

kan qabsaa'udha jedha. Dubartummaan walqixxummaa dubartootaaf kan falmu, carraa hawaasa keessatti qabeenya irratti haqa walqixaa akka argataniif kan qabsaa'udha jechuun ni danda'ama. Haaluma kanaan, yaaxxinoota dubartummaa tokko tokkoon akka armaan gadiitti tarreeffaman ilaalla.

Yaada wal xaxaa kana furuuf hayyoonni fooklorii malleen sadan armaan gadii kaasu.

Isaanis:

- Yaadiddama fooklorii dubartummaa (feminist approach)
- Yaadiddama Qorannoo Hawaasummaa (reciprocal approach)
- Yaadiddama Walitti dhufeenyummaa (intersectional approach)

*Three interpretive approaches that folklorists use to address these complex issues are **feminist interpretations, reciprocal ethnography and intersectionality** (Matine S 1963, f.194).*

### **2.10.2.1. Yaadiddama Fooklorii Dubartummaa**

“Sex (male/female) is biological while gender (masculine/feminine) is socially constructed”. Aadaan addunyaa olaantummaa dhiiraa kan lallabuudha; Fooklorinis kana callaqisiisaa turuun isaa beekamaadha. Kanaafuu, hawaasni olaantummaa dhiiraa (patriarchal society) uumamaan (biological) osoo hintaane aadaadhaan dubartoota irratti kan fe'ameedha.

Hiikni yaadiddama dubartummaa, hojii dubartoonni hojjetan kalaqni isaanii, haalli jireenya isaanii, seenaan isaanii haala adda addaa keessatti maal akka ibsan, haalli isaan itti namaan wal qunnaman fooklorii waan ta'eef kan duraan leensii dhiiraatiin ilaalamaa turan iddoo yeroo itti argateedha. Yaanni armaan gadiis kanuma ibsa.

The feminist perspective that developed through all this work encouraged studies focusing on women's expression in a number of different contexts. This collection demonstrates that simply because women's roles may be seen through a male cultural lens as subordinate or somehow marginalized, folklore allows women power and control within their own environments (Matine S, f.194).

Feminist Interpretations Folklorists began to consider feminist approaches to folklore in response to their realization that a relatively small number of studies and articles had been published about women's culture. Unlike interpretations driven by functionalist and structuralist approaches, feminist scholars sought to expand interpretations that were not grounded solely in male perspectives, biases, and fieldwork approaches (Martha C. Sim 2005, p. 192).

Akka yaada armaan oliirraa hubannutti; Sababa waa'ee aadaa dubartootaa irratti qorannoowwan muraasni maxxanfamaniif fookilooristootni haala dhiyeenya 'Feminist' irratti xiyyeeffachuu jalqaban. Akka haala dhiyeenya tajaajilaafi caaccessaa hiika itti kennuu osoo hintaane haayyotni 'feminist' haala dhiyeenya hojiilee dirree, loogiiwwan (biases) fi hiikaalee ilaalchawwan dhiiraan lafa hinqabanne bal'inaan ilaaluufi.

Qorannoon fookiloorii 'feminist' duraanii haala dhiyeenya biroorraa adda kan ta'e yoo ta'u innis kan waraanaan hogganame ykn kan qajeelfama qorannoo hayyuu tokko ykn lamaan uumamerratti kan bu'uraa'e miti.

Kallattumaan gara hiika jecha 'feminism' jedhuutti yoo dhufnu, maddooleen adda addaa hiika adda addaa kennu. Haata'u malee, akka madda marsariitii itti aanu irraa argannetti akkas jedha;

Feminism- is a range of social movements, political movements, and ideologies that aim to define & establish the political, economic, personal, and social equality of sexes- Sexual equality. Feminism incorporates the position that societies prioritize the male point of view, and that women are treated unjustly with those societies. Efforts to change that include fighting against gender Stereotype- a gender role also known as sex role and establishing educational, professional, and interpersonal opportunities and outcomes for women that are equal to those for men. (<https://en.wikipedia.org/wiki/Feminism>)

Yaada armaan oliirraa waanti hubannu, yaanni 'Feminism' dhimmoota sochii hawaasummaa, siyaasaafi ilaalcha hawaasichi dhimmi walqixxummaa saalaa irratti qabu waliin walqabata. Ilaachaafi sadarkaa hawaasni dhiiraafi dubartoota itti ilaaluufi sadarkeessu waliin kan walqabatuudha.

Qabsoo ilaalcha walqixxummaa saalaaf taasifamu ilaala. Kanuarraa ka'uunis;

Gaaffiileen, 'Feminism'n maali? Daangaa biyyaa hanga biyyaatti, aadaa – aadaatti, jaarraa – jaarraatti 'Feminism' akkamiin hubanna? jedhan kunneeniifi deebiin isaanii guyyaa guyyaatti, biyya keessaafi alatti qabsaa'ota sochii dubartoota jabana takka keessa jiraataniin, hayyootaan, walgahiirratti, haasaya al-idilee keessatti nika'u.

Namni hunduu deebii garaagaraa kan qabu kan fakkaatufi deebiin hundi dhiibbaa siyaasaafi yaada miiraan kan guutamedha. (Karen Offen, 1998, f. 119)

'Feminism'n qabsoo sababa saalaan dubartootarra qaqqabu hambisuuf kan carraaquudha. Innis 'Ideology' olaantummaa aadaa warreen dhihaa sadarkaalee garaagaraatti calaqqisiifamu

hambisuufi ofitti amanamummaan hawaasaa ‘Imperialism’,babal’ina diinagdeefi fedha meeshaalee irratti akka dursa argatuuf hubannoo kennuuf waadaa kan qabudha.

‘Feminism’ n qabsoo dhiibbaa sababa saalaan qaqqabu hambisu kaayyoon isaa garee dubartootaa murtaaawoo tokko fayyaduuf, sanyii murtaaawoo ykn kutaa dubartootaa fayyadamoo taasisuuf miti.Olaantumma dubartootaa dhiirarratti labsuufis miti.‘Feminism’ n humna(aangoo) jireenya ilmaan namaa hundaa karaa hiika qabeessatti jijjiiruu qabudha.Sochichi waa’ee farra dhiirotaa ta’uu miti.

Akkuma hiikni isaa ibsutti rakkinichi dhiibbaa sababa saalaan dhufuu (Sexism)dha.

Gumaacha yaadiddama dubartummaa keessaa inni guddaan dhimmoota dubartootaan wal qabatan kan akka aangoo, aadaa, amantii barnootaa fi kan kana fakkaatan keessatti haala kamiin fooklorii keessatti hubatama isa jedhu irratti xiyyeeffannaa kallattii adda addaa akka argatu godheera. Jijjiiramni hubannoo kunis, karaa ittiin garee hawaasaa tokko hubannuu fi dhimmoonni hawaasa keessatti garaa garummaa uuman kan akka koorniyaa, umurii, kutaa (class) qomoo fi kan biroo akka hubatamu godheera.Xiyyeeffannaa fi gumaachi yaaxxina kanaa akka armaan gadii kanatti dhihaateera.

Among the greatest contributions of the feminist approach is that it has provided new ways to think about all folklore study, not just women’s culture or groups. It opened the door for understanding the ways socially and politically constructed assumptions can marginalize some groups that don’t belong to a dominant group’s definition of “mainstream.” Because it helped to change the way we understand groups, feminist folklore scholarship led to investigations of the intersections of multiple factors, such as gender, age, class, race, and other characteristics (Matine S 1963, f. 194).

Yaanni armaan olii kan ibsu gumaachi yaadiddama dubartummaa qo’annoo fooklorii keessatti bu’aa heddu gama hawaasaan, Siyaasaan, umurii, Saala, gosa, akka dhimmota kanaafi kan biroo keessatti xiyyeeffannoo kan argate ta’uu nu hubachiisa.

Sosochii Dubartummaa kanarraas bu’aalee hedduun argamuu danda’eera.Akka Marriam-Webster’tti ‘Feminism’ n qindoomina sochiileefi yaadawwanii hiikkaa, hundeeffamaafi (walqixxummaa siyaasaa,diinagdee, aadaafi mirga hawaasummaa dubartootaaf mormuuf kaayyeffatedha).

- ‘Feminism’ n yaada gaarii fakkaata, garuu wanti marti guutumatti gaarii hintaane. ‘Feminism’ n jabinaafi laafina mataasaa kan qabu yoo ta’u, jabinaafi laafina isaa keessaa tokko tokko kanneen armaan gadiiti.

- ✓ Waa'een dubartootaa ifatti akka dubbatamu taasiseera.
- ✓ Dubartootni filannoo keessatti hirmaachuu akka danda'an karra baneera.
- ✓ Dubartootni uummata keessatti yaada isaanii ibsachuu danda'uu.
- ✓ Dubartootni waa'ee mirga isaanii ifatti gaafachuu danda'aniiru.
- ✓ Qorattoonni Idil-Addunyaa gurguddoon fuula isaanii gara dhimmi 'Feminism' tti akka deebisan carraa baneera.

Sosochiin 'Feminism'n akkuma cimina qabu hanqina mataa isaas ni qabaata. Rakkina ture irraa ka'uun akkasumas immoo rakkoo xiinsammuu jijjiirama dura turee jala dubartoonni turan kallattii 'Feminism' itti yaadameen ala kan socho'an turaniiru. Kanumarraa ka'uun akka hanqinaatti qabxiileen armaan gadii ka'aniiru.

- ❖ **Garaagarummaa qaama saalaa (genital difference).** Dubartootni tokko tokko dhiirafi dubartiin waan hundaan walqixa ta'uu qabu jedhanii yaadu. Sababa kanaan, gara qaama walfakkaatu qabaachuu, dubartootni tokko tokko dhiira dagachuun dubartoota waliin walfuudhanii (gaa'ela raawwatanii) jiraachuu filatu (Some women have preferred to live with *lesbian* and forget the men).
- ❖ **'Anti-male' (faallaa dhiiraa).** Dubartoonni hedduun daa'ima godhachuu nibarbaadu, tokko tokko isaanii immoo hariiroon walqunnamtii saalaa gocha sarbummaati (sexual relation is violent action) jedhanii yaadu. Sarbummaa kana dhabamsiisuufis mala yaaliin sanyii dhiiraa gadaamessa keessa teessisuu (inseminate) filatu.

### 2.10.2.2. Yaaddiddama Qorannoo Hawaasummaaf Aadaa /Reciprocal ethnography/

Jechi 'Reciprocal' jedhu hojii waliin (gamtaan) hojjetamu yoo ta'u, jechi 'ethnography' jedhu immoo jechoota Afaan Giriik ta'ee '*ethnos*' (folk, uummata, saba) jechuudha.

- ✓ '*grapho*' jechuun (nan barreessa) jedhurraa kan dhufe yoo ta'u, qorannoo uummataa fi aadaawwanii seera-qabeessa ta'e jechuudha.
- ✓ 'Reciprocal ethnography'n akkaataa tilmaamutti uummatni wanta fookilooriidhaan (fookiloorii keessa) ittiin waliigaluuf (walqunnamuuf) yaalan qofa osoo hintaane fookilooriinis maal akka ta'e bareechanii beeku.

Jeff Titon (1988) envisions the process as a series of dialogues, that are, ultimately, part of an ongoing discussion among performers, consultants, folklorists, scholars and the public in general. This approach is referred to as reflexive or reciprocal ethnography. **Reciprocal ethnography** is both an

interpretive approach and a method for analyzing and presenting observations about folklore. As a result of this perspective, most folklorists incorporate their consultants' observations and 197 Approaches to Interpreting Folklore commentary into the analysis of the texts and performances they study. For many, this process of reciprocal ethnography involves providing consultants with drafts of written accounts (essays, articles, books), and requesting their feedback. Consultants then have the opportunity to correct obvious errors (misspellings, inaccurate dates, etc.), as well as provide their own interpretations of the performances and materials (Martha C. Sim 2005, p. 196).

Akka yaada *Jeff Toton* irraa hubachuu dandeenyutti, adeemsi waliin dubbii, waliin mariin ogeessotaa 'Skoolaarotaafi mariin hawaasa waliigalaa walirraa hin cinne kan gaggeeffamu ta'uusaati. Kanumatu qorannoo aadaa fi hawaasaa (*reciprocal ethnography*) ibsa jedha. Karaa biraas, 'Reciprocal ethnography'n dhiyeenya (approach) daawwannaa fookiloorii hiiku, xiinxaluufi ibsuuf gargaarudha.

Waa'ee haala dhiyeenya hiikaa fookiloorii kanneen biroo waan dubbisnerraa yaadachuu malla; fookilooristootni garuu hiika isaanii fooyya'aa ta'e qaaceffama barreeffamaarra teessisuun 'ethnographic' ta'uu akka qabu beekamtii kennu. Sababni isaas 'ethnography'n yeroo marayyuu barreeffama (yoo xiqqaate hiika isaa) yoomessa aadaa qorataa fookiloorii keessa taasifata. Bu'aa ba'ii adeemsa hiikuu kana keessatti fookilooristootni fookiloorii nigalmeessu, taatotaafi gorsitoota gaaffii nigaafatu, akkasumas tarii hanga danda'ameen waa'ee hubannoo meeshichaa argachuu mirkaneeffachuuf deebi'u. Dhimmootni hojii dirreefi qorannoowwan fookiloorii maxxanfaman qaaccessa gorsitootaafi fookilooristii kallattiilee garaagaraan yaadni isaanii itti calaqqisiifame of keessatti hammata.

*Elaine Lawless* maaliif gamtoominni, haalli dhiyeenyaa hawaasummaa akkasii akka barbaachiseef ibsuudhaan akkamitti fookilooristootni hojii 'ethnography' isaanii guddisuuf malleen 'reflexive' akka fayyadamanis agarsiistee jirti. Lawless (1991, 1992, 19993, 19994) hojii ishee duraanii irratti karaalee irra caalaa sirrii hiikkaawwan gorsitoota ishee itti dhiheessuuf irratti xiyyeeffatteefi meeshaalee maxxanfamoo qaaccessa dhuunfaashee akkasumas adeemsa hiikkaa keessatti gahee ishee ibsitee jirti.

Yaadni Lawless hiikkaawwan kuufama garaagaraa seenaawwaniifi odeeffannoo hojjetoota dirreetiin funaanaman caalaatti of keessatti hammachiisuun yaadrimeen 'reciprocal ethnography' akka babal'atu gochuudha. Haalli dhiyeenyaa kun hojjetootni dirree deebiiwwan hirmaattotaa



yaada keessa galchuun sagalee akka kennaniif akkasumas hubannoo hiikkaa hojjetoota dirree jajjabeessa.

Akka Lawless ibsitetti ilaalchi abbaa waliin ibsamu (reflexive stance) loogiiwwaniifi hubannoowwan kanaan duraa ibsuudhaan hiikkaawwan keenya eessa akka jirru beeksisuufi gara kallattii hiikkaa kuufamaafi dhugaa haarawa ‘ethnography’ gosa sagalee hedduu kan kanneen biroos eessa akka jiran of keessatti hammatudha. Garuu hiikkaan inni tokko isa biroorra faayidaa addaa akka qabaatu kan hin goonetti fuulduratti nu geessa. Hojiin Lawless hariiroowwan sochii miseensota gareewwan ‘folk’fi hayyoota isaan waliin hojjetan gidduu jiru ibsuun seera-qabeessummaafi dimokiraasii haalli dhiyeenyaa ‘reciprocal’ (hojiin waliinii) uumufi of keessatti hammatu agarsiisa.

Yaadotaafi gaaffiiwwan isaanii waa’ee akkaataa qophiifi dhiyeenya hiikkaa hirmaannaa dhimmoota ‘ethnography’ humna haala dhiyeenyaa ‘reciprocal’ kan agarsiisufi hojiilee gara fuulduraa keessatti karaalee itti mala hojiirra oolchinu mul’isa.

‘Reciprocal ethnography’n karaa adeemsa hojii gamtaa fookiloorii (karaalee inni ittiin uumamuufi miseensota garee gidduutti qoodamu) akkasumas akkaataa itti hayyootaan hiikamuufi dhiyaatuuf kan beekantii kennudha (*Olivia Cadavel 2000, p 190*). Unka ragaawwan garaagaraa qofarratti osoo hintaane adeemsa nama biroo wajjiin hojjechuurrattillee yaalii gaggeessuu akka qabnu ibsiti.

Addadduma hayyootni humna hojii gamtaa adeemsa ‘reciprocal’ qorachuu itti fufan, carraa guddaan fookiloorii hiikuufi waa’ee bu’uura ogummichaa yaaduun ifa ta’a.

### **2.10.2.3. Yaaddiddama Walitti Dhufeenyummaa (Intersectionality)**

Dayeessi walitti dhufeenyummaa walitti dhufeenya keessatti garaagarummaa garee adda addaa gadi fageenyaan kan qoratudha. Qorannoon walitti dhufeenyaa, sirna haala adda addaatiin qaama hakuuccaa gaggeessu qoratudha. Dayeessa hakuuccaa dubartootaaf falmu kanaaf dura yaada bu’uuraa kan keesse (*Kimberle Crenshaw, 1989*) dha. Dayeessi kun tooftaa qorannoo walitti dhufeenya hawaasummaa, kallattii adda addaafi bifa fakkeenyummaa qabuun kan qoratudha (Mccall, 2005).”Intersectionality concerns dimensions of class, race, politics, ethnicity, gender, culture, religion, sexuality, ability/disability, religion and society that overlap (intersect) to influence worldview and our expressive communications” (Martha C. Sim 2005, p. 196).

Haala uumama wantoota garaagaraa, hawaasummaa garee aadaa adda adda kan akka; koorniyaa, sanyii/qommoo, ramaddii, beekumsa, madaqina qunnamtii saalaa, eenyummaafi waliin hojjechuu kutaa adda addaarratti, yaada kenna; qorachuufis yaalii ni godha. Hubannoo cunqursaa hawaasaa kan akka; sanyummaa, koorniyaa, jibbaa, amantaa, yaada namaa fudhachuu diduufi of dandaa’anii hojjechuu mannaa, of caalsisanii ilaaluu irratti bal’inaan qorannoo gaggeessa.

Dayeessa walitti dhufeenyaa kana akka sadarkaasaa eeggatu kan taasise ilaalcha/ muuxannoo inni cunqursaa dubartootarra ga’u caasaan adda baasee, fedhiifi miira olaanaatiin qorachuu isaati. (Ritzer,2007. Pg.204).

Dayeessi kun cunqursaa dubartootaa karaa aadaatiin isaanirra ga’u qofa osoo hin taane, gara fuula duraattis dhiibbaan walitti dhufeenya hawaasummaarratti mul’achuu danda’uu isaas qorannoon kun ni eera. Dayeessi kun fakkeenya qorataa, gurmaa’insa hawaasaafi qorataa aadaa qofaa osoo hin taane, gufuulee hojiirra oolmaa yookiin fayyadamummaa aangoorrattis, faayidaa guddaa qaba.

Akka dubartiin hawaasummaa keessatti kunuunsamuu qabdu jechuun; maalummaashee akka ibsitu, sanyishee akka beektufi haalaafi amala hawaasummaa naannoo isaanii akka beektuuf ni kakaasa.

Intersectionality most folklore analyses currently focus primarily on the communicative aspects of folklore—on texts and groups as part of a complex process of communicating ideas that shape and reflect experience. Folklorists look at how, when, and why people share folklore, and consider ways the relationships among people and their physical, social and cultural contexts are expressed through 199 Approaches to Interpreting Folklore acts of communication (Martha C. Sim 2005, p. 198).

Hiikni walitti dhufeenyaa hayyoonni yommuu fookloorii xiinxalan ‘fooklooriin maal walii galla yaada jedhu irratti xiyyeeffachuudhaani. Hayyoonni fookloorii kan ilaaluu qaban namoonni haala kamiin walii galuu yoom, eessatti, Akkamitti, fooklooriin walii galuu, haalli garaagarummaa hariiroo namootaa, hawaasaa, haalli qaamaa, haalli aadaa haala kamiin akka ifeefi haala jiru hubachuu qabu. Walumaa galatti wantoota wal fakkaatan irratti xiyyeeffachuun hiikaa fookloorii kan ilaalu ta’uu isaati.

Akka yaada armaan olii kanatti, xiyyeeffannoon jalqabaa Walitti dhufeenyummaa (Intersectionality) mala walii galtee fookiloorii barruufi garee akka adeemsa waliigaltee waa qajeelchuuf yookan muuxannoo ibsuuf gargaaruuti. Ogeessonni fookiloorii (Folklorists)

akkamitti, yoomiifi maaliif fookiloorii akka waliif qoodaniifi karaa itti walitti dhufeenya qaamaa, hawaasummaafi qabiyyee aadaa waliisaanii karaalee hedduu ibsachuu akka danda'an kan ibsudha.

Karaa biraatiinis;

Dayeessi walitti dhufeenyaa kun dabalataanis, waa'ee addaan citinsaafi mallattoo cunqursaa qabatamaan bocamee jiru ni qorata. Walitti dhufeenyi (intersectionality)n wantoota walitti dhufuun ilaalcha addunyaafi hiika walqunnamtiiwwan keenyaa irratti dhiibbaa qabaatan kanneen akka; kutaa hawaasaa, sanyii, siyaasa, gosa, korniyaa, aadaa, amantii, saala, qaama guutuu/hir'uu ta'uu hawaasa irratti xiyyeeffata. Akka qeeqaan aadaa tokko jedhetti, "Osoo wantootni afur ykn shan naannoo jireenya keenyaarratti dhiibbaa geessisuu malanuu, wanta tokko ykn wantoota lama fayyadamnee dhugaa keenya ibsaa turre" (Malveaux, 2002).

Walitti dhufeenyummaan, walitti qabama muuxannoowwan garaagaraa kan eenyu akka taane murteessan (that make us who we are) irratti xiyyeeffata. Haala dhiyeenyaa kana fayyadamuun dhimmoota; *aangoo*, *gosa*, *umuriifi* sochiilee hawaasaa biroo kanneen garee '*folk*' keessatti sadarkaa raawwataa (performer's position) irratti dhiibbaa godhan waliin walqabatan qorachuuf bu'uura dhiheessa.

Hiikni walitti dhufeenyaa hayyoonni yommuu fookloorii xiinxalan fooklooriin maal walii gala yaada jedhu xiyyeeffachuudhaani. Hayyoonni fookloorii kan ilaaluu qaban namoonni haala kamiin walii galuu yoom, eessatti, akkamitti, fooklooriin walii galuu, haalli garaagarummaa hariiroo namootaa, hawaasaa, haalli qaamaa, haalli aadaa haala kamiin akka ife fihaala jiru hubachuu qabu. Walumaa galatti wantoota wal fakkaatan irratti xiyyeeffachuun hiikaa fookloorii kan ilaalu ta'uu isaati.

Yaadni dayeessa walitti dhufeenyaa, gurmaa'ina hawaasummaa kun kan inni beekamaa dhufe, boodana dhuma bara (1960) fi jalqaba bara (1970) irrattidha.

Dayeessi kun gara dhimma dubartiiratti falmii gaggeessuu irratti yaada bal'inaan kaasuu eegaluum, beekamtii argataa dhufe. Sochiin dayeessa kanaa dubartoota miidhagina addaa qabaniinii fi qabaniif waan gaggeeffamuuf, lola ykn falmii keessa galche. Sababni isaas dubartiin hunduu adda addummaa (*homogeneous*) waan hin qabneef, hundumtuu muuxannoo hojii /gahee hojii wal fakkaatu qabu. Haaluma kanaan sanyummaan /olaantummaan dubartoota adii, akka

hafuufi bakka bu'insi isaanii sirrii akka hin taane sochii falmii dhimma dubartootaa keessatti, ibsamaa dhufe.

## **2.11. Sakatta'a Qorannoo Walfakii**

Sakatta'a qorannoo walfakii keessatti hojiiwwan namoota biroon mataduree qorannoo kana waliin walitti dhiyaatan irratti hojjetaman sakatta'uun kan keessatti dhiyaatanidha. Qorataan hojii sakatta'a barruu walfakkii isaa kana keessatti hojiiwwan qorannoo matadureewwan adda addaatiin Afoola Oromoo keessumaa mammaaksa dubartootaa irratti hojjetaman keessaa hanga tokko sakatta'eera. Sakatta'a barruu kanaanis, qorataan kaayyoofi adeemsa ittiin mammaaksonni Oromoo dubartoota bu'uureffatan ittiin hojiiroo oolan qorachuun hanqinoota qorannoowwan sanaan bira hin gahamne adda baasee qaawwa (research gap) cufuuf akkataa danda'amu irratti muuxannoo ofii kan gabbifate yoo ta'u, tokkummaafi garaagarummaa hojiiwwan kanaan dura turaniifi hojii qorannoo kana gidduu jiru adda baasuun hojiin kun hojii irra deddeebii akka hin taaneffata gudda taasiseera.

Haaluma kanaan, qorataan hojiiwwan hanga ammaatti hojjetaman keessaa kanneen bira ga'ee dubbise keessatti mata duree qorannoo kana waliin walitti dhiyeenya qabu waan jedhu ilaaluuf yaaleera. Akkuma ibsamuuf yaalametti, Afoola Oromootiin walqabatee qorannoowwan hojjetaman danuun jiraatanis kallattumaan mata duree qorataa waliin kan wal argu danuu argachuu hin dandeenye qorataan.

Haata'u malee, Kallattii adda addaatiin mammaaksaan walqabatee hojiiileen hojjetaman jiraatanis, Mammaaksa dubartootaan walqabataniis mammaakaman irratti kan hojjetame, qorannoo Yewinxajji Daamxootiin bara 2008 Yuunivarsitii Finfinneetti mata duree "Qaaccessa Qabiyyee mammaaksota Oromoo cimina dubartootaa ibsan Aanaa Ada'aatti" jedhuun hojjetamedha. Qorannichi akkuma qorannoo kaanii boqonnaa shan qaba. Qorannoon Yewinxajji kaayyoon isaa inni guddaan Mammaaksota cimina dubartootaa ibsan qaaccessuudha. Maddi qorannoo ishees raga laattotaafi madda barreeffamaati. Gosaanis qorannichi qulqulleeffataadha.

Qorannoon qorataa kun mata duree "Xiinxala Ergaa Mammaaksota Oromoo Godina Buunoo Beddellee Aanaa Beddelleetti Dubartoota Bu'uureffatan ijayaaxxina dubartummaan" kan jedhu yoo ta'u, qorannoo Yeweyinxajji waliin garaagarummaa hedduu qaba. Garaagarummaan qorannoo kanaa inni guddaan ergaa mammaaksota ciminaafi dadhabbina dubartootaa ibsan

hawaasa keessaa funaanuun xiinxaluudha. Kaayyoon isaa inni guddaan gosa mammaaksota lameenuu duraa duubaan xiinxaluun kanneen hanqinarratti xiyyeeffatan cimina isaanii waraabamee hindhumneen akka bakka bu'udha.

Dabalataanis, mammaaksonni keessuma hanqina qofa bu'uura godhatanii mammaakaman mirga isaanii irratti dhiibbaa maalii akka qabu xiinxaluudha. Kan Yewayinxajji mammaaksota cimina dubartootaa ibsan qofarratti xiyyeeffata. Waa'ee mirga dubartootaanis walqabsiisee waan ilaalu homaa hin qabu. Waan jabina isaanii ibsu qofa faarsitee galuudha.

Inni biraan, Qorannoo Malkaamuu Margoo bara 2007 Yuunivarsiitii Finfinneetti mata duree “Dubartoota Mammaaksa Oromoo keessatti” jedhuun kan hojjetedha. Qorannoon kunis, akkuma qorannoowwan kaanii boqonnaa shan kan of keessaa qabu yoo ta’u, gosaan ammoo qorannoo qulqulleeffataadha. Qorannoo kanarraa wanti adda godhu, qorannoon Malkaamuu Mammaaksota Dubartootaa gadaantummaa dubartootaa calaqqisiisan irratti kan xiyyeeffatu ta’uu isaati. Qorannoon Malkaamuu faallaa kan Yewayinxajjiiti. Waa’ee cimina dubartootaa homaa hinkaasu.

Kanaaf, qorannoon kun mammaaksota gama lamaaniinuu jiran xiinxaluun hanqinni jiru akka sirratu, ciminni jirus akka cimee itti fufu kallattii kaa’uufi. Waan ta’eefuu, kaayyoofi xiyyeeffannoon qorannoo kanaa qorannoowwan kanneen lamaan armaan olitti maqaa dhahaman irraa adda ta’uu isaati. Qorannoo kana qorannoowwan kanneeniin wanti walfakkeessu yoo jiraate, gosaan qorannoo qulqulleeffataa ta’uu isaafi mammaaksota dubartoota bu’uureffatanii mammaakaman qabatee ka’uusaa qofaadha.

Sadaffaan, qorannoo Claud Sumner (1996) mata duree “Oromoo Wisdom Literature” irratti durdurii Oromoo kallattii garagaraa irraa walitti qabuun baay’ee isaa qaaccessuun maxxansiiseera. Dabalataanis, “An illustrative Album of Oromo Folktales” jechuun maxxansa biraa maxxansiiseera. Garaagarummaan qorannoo Sumner mammaaksota Oromoo mata duree gara garaa jalatti walitti guuruun osoo adda hin baasiin kan kaa’e ta’uudha.

Afraffaan, qorannoo Sahilu (2002) mata duree “Borana Folk tales a contextual study” jedhu irratti qorannoo gaggeessuun hima afaan hawaasa Booranaa keessa jiran, mammaaksa, oduu durii, argaa dhageettii jechuun bakka saditti qoodee yoomessa qabatamaa keessatti qorateera. Qorannoo kana keessatti xiyyeeffannoon addaa mammaaksa dubartootaaf kenname hin

jiru.Qorannoo afoolaa ta'uu isaarraan kan hafe walitti dhufeenya qorannoo kana waliin qabu homaa hin qabu.

Shanaffaan, qorannoo Taaddasee Jaallataa bara 2004 Mammaaksa Oromoo Gujii haala galumsa isaa irratti hundaa'uun qorannoo adeemsisee kan ture yoo ta'u, firiin qorannoo isaas; mammaaksota itti gaafatamummaa aadaa waliin jireenyaaf kan bakka kennu, seera hawaasaa irratti kan xiyyeeffateefi faayidaa hawaasaa eegsisuuf kan gargaaru ta'uusaa ibseera.

Ja'affaan, qorannoo Fiqaaduu Birruu (2007) Ijoolleefi Ijoollummaa Mammaaksota keessatti jedhudha.Qorannoon Fiqaaduu Birruutiin hojjetame ijoolleefi ijoollummaa mammaaksa Oromoo keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluu irratti yoo xiyyeeffatu; firiin qorannoo isaa:Uummanni Oromoo jaalalaafi hawwii gaarii ijoolleef qabu, jireenya hawaasummaa keessatti dhala dhabuu isaa kan ittiin ibsuufi ijoolleen rakkoof akka harka hin laanneefi to'annoo maatiitiin ala akka hin taane gorsuuf kan mammaakamu ta'uu ibseera.

Inni biraan qorannoo Isheetee Gammadaa bara 2009 qaaccessa mammaaksota Oromoo irratti qorannoo gaggessee faayidaa hedduu qabaachuu mammaaksaa ibseera.

Kan xummuraa qorannoo Kabbadaa Guutamaa bara 2009 qaaccessa qabiyyee mammaaksota Oromoo tokkummaa ibsan irratti Godina Shawaa lixaa aanaa Meettaa Roobii xiyyeeffachuun hojjetedha.Kaayyoon isaa inni guddaan qabatamaa aadaa hawaasaa isaan keessatti mammaakaman irratti hundaa'uun qabiyyee isaanii gama ilaalcha aadaa hawaasummaatiin walbira qabuun qaaccessuudha.Firiin qorannoo isaas; dhaloota ittiin barsiisuuf, ittiin dadammaqsuuf, hamilee hojii kakaasuuf, yaada ittiin jalqabuuf, ittiin xummuruuf, tokkummaa hiriyyaa, biyyaa, sabaa, misoomaafi kan kana fakkaatuuf kan tajaajilu ta'uudha.Qorannoowwan kunneen hunduu gosa afoolaa kan ta'e mammaaksa Oromoo irratti kan xiyyeeffatan ta'us, qabiyyee, iddoo, baraafi kaayyoo giddu galeeffatanii ka'aniin qorannoo qorataarraa adda.

## **BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA**

Malli qorannoo tooftaalee qorannoon tokko ittiin gaggeeffamudha. Kanaaf, malleen qorannoo kanaa dhimmoota gara garaa qorannichi hordofuun gaggeeffamu ofkeessatti hammatee jira. Isaanis; saxaxa qorannichaa, gosa qorannichaa, maddeen ragaa qorannichaa, irraawwatamtoota, iddattoofi tooftaalee iddatteessuu, meeshaalee ragaa walitti qabuu, mala ragaa qaaccessuu, mala odeeffannoo ibsuufi kanneen kana fakkaatan of keessatti hammatee jira..

### **3.1. Saxaxa Qorannichaa**

Qorannoon kun xiinxala ergaa mammaaksota Oromoo dubartootaaf mammaakaman ija yaaxxina dubartummaan kan jedhu yoo ta'u, ragaawwan madda adda addaa irraa argaman qaaccessuuf mala qorannoo akkamtaa ykn qulqulleeffataa gargaarameera qorataan. Qorannoon akkamtaa Mammaaksa Oromoo dubartootaaf mammaakaman irratti ragaalee karaa garaa garaatiin argaman sakatta'anii xiinxaluuf tooftaa mijataadha.

Xiyyeeffannoon qorannoo akkamtaa saxaxa ibsaa irratti hundaa'a. Kan ibsamus odeeffannoo akkamtaarratti kan hundaa'e waan ta'ee, saxaxa akkamtaa (qualitative descriptive) dhimma bahameera. Mala ittiin qulqulleeffatan immoo maloota garaagaraa kan hammatu yommuu ta'u, kanneen keessaa qorannoo kanaaf mijataa kan ta'u haala quubsuma hawaasichaa irratti hundaa'uun mala iddatteessuu miti carraa bu'uureffateera. Sababni isaas, mala kanaan itti yaadamee namoota yookaan odeeffannoo sana kennuuf murteessoo ta'an kallattiin argachuuf gargaara.

Kanumarraa ka'uudhaan, saxaxni qorannoo kanaa addeessaa (Descriptive)dha. Sababiin isaas, Seligeriifi Shohamy (1989) qorannoon addeessaa wantoota, namoota, gareewwan adda addaafi kanneen kana fakkaatan haala qabatamaa keessatti qoratee kan ibsu yookiin kan addeessu akka ta'e yoo ibsan, akkas jedhu: "Descriptive study set out to describe and interpret what are things in the actual field; it looks at what individual, group and institution, in order to describe the events and entities,"(f. 54). Sababiin saxaxni addeessaa qorannoo kanaaf filatameefis, qorannichi dhimmoota Afoola Oromoo keessumaa immoo Mammaaksaan walqabatu keessaa Mammaaksa dubartoota xiyyeeffatu ilaalchisuun ibsa gadi fagoo kennuufidha. Innis, gaaffilee akkamitti? Maaliif? jedhan deebisuuf waan gargaaruufi. Saxaxni kun wantoota lakkoofsarra jechaan ibsuuf mijataadha.

Bu'uuruma kanaan, kaayyoo qorannichaa bira ga'uuf malli qorannichi ittiin gaggeeffamu mala qulqulleeffataa ta'a. Sababni isaa odeeffannoo gadifageenyaafi ibsa bal'aa qabu haala qabatamaa hawaasa irraa mul'atuun walitti qabuuf mala qulqulleeffataa gargaaramuun barbaachise.

Kanaaf, falaasamni qorannoon kun hordofu Konistraaktivizimii (constructivist) ta'a. Sababiin isaa falaasamni kun malleen qulqulleeffataa irratti bu'uuree, ragaawwan ilaalchaaf duudhaa garaagaraa calaqqisiisaniif dursa kenna. Dabalataanis, waanti jechaan deebi'u konistraaktivistii ta'a jechuudha.

Gama yeroo qorannootiin, qorannoon kun saxaxa yeroo gabaabaa (cross-sectional design) hordofa. Sababiin isaa, akka Dorenyei, (2007) ibsetti, saxaxni qorannoo yeroo gabaabaa wantootaafi haalota yeroo murtaawaa ta'an qofa irratti xiyyeeffachuun yeroo gabaabaafi daanga'aa ta'e keessatti kan gaggeeffamu akka ta'e ibsa. "Cross-sectional research design describes variables and patterns of relationships as they exist at a particular time," (f. 89). Haala kanaan, saxaxni qorannoo kanaa odeeffannoo yeroo gabaabaa (cross-sectional data) turtii waggaa tokkoo hin caalle keessatti walitti qabamu gargaaramuun gaggeeffamee jira.

### **3.2. Irraawwatamtoota Qorannichaa**

Irraawwatamtoonni qorannoo kanaa hawaasa Aanaa Beddellee keessumaa Maanguddota Oromoo aanichaafi Waajjiroota Mootummaa kallattiin dhimmi qorannoo kanaa isaan ilaallatuufi qaamoleen hawaasichaa gara garaa madda odeeffannoo qorannoo kanaa ta'anii tajaajilu. Bu'uuruma kanaan, odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisan qaamolee hawaasichaa warreen akka: Jaarsolii biyyaa, Dubartoota buleeyyii, Abbootii gadaafi haadholii siinqee akkasumas namoota bebbeekamoo dhimma kana irratti hubannoo gahaa qaban irraa walitti qabameera. Sababni isaas, mammaaksa abbaanumti fedhe hin mammaaku, bilchinaafi muuxannoo gaafata. Kanuma Addunyaan (2016) akka ibsutti;

Namni hundi hin mammaaku; beekaatu mammaaka; beekaan keenya ammoo buleessaafi buleettii keenya. Ergaa dabarsuun walsimsiisuun dhimma itti bahuuf beekumsa gaafata. Beekumsi kun ammoo kan aadaafi hawaasaati. Namni aadaafi eenyummaan hawaasichaa hin galleef, mammaakullee ni akkeessa malee qabiyyeen walsimsiisuu hin danda'u. Kan mammaakamamus muuxannoorraa waan ta'eef, namni muuxannoo hin qabne (fkn.daa'imni) hin mammaaku jechuun ibsa. (f. 189)



Kanarraa wanti hubatamu, abbaanumti fedhe lafaa ka'ee mammaakuu akka hin dandeenyedha. Buleessa yookaan buleettii keenya bilchinaafi muuxannoo yeroo dheeraa qabaniin kan mammaakamu ta'uudha. Buleeyyiin keenya guuboo beekumsaati; isaan irraa waa argama; kanaafis akka madda ragaatti isaan irratti xiyyeeffateera qorataan.

### **3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu**

Iddattoon qorannoo kanaa tooftaalee gara garaatiin qaamolee gara garaa hawaasa Aanaa Beddellee Gandoota akka Oddoo, Ilkee qararooti Yabaallaa keessaa filatamuun akka madda odeeffannootti tajaajilanii jiru. Haaluma kanaan, qaamolee hawaasichaa guutummaa Godina Buunnoo Beddellee waliin gahuun waan ulfaatuuf Aanota Godinichaa 9fi Bulchiinsa magaalaa tokko keessaa Aanaa tokko filachuuf dirqameera qorataan. Sababni isaas, qorannoon kun qorannoo qulqulleeffataa ta'uu isarraan kan ka'e, ragaan barbaadamu xiyyeeffannoon itti yaadamee qaama irraa ragaa gahaan ni argama jedhamu irraa waan funaanamuuf, odeeffannoon barbaachisu argamnaa aanotaafi gandoota hedduu bira gahuun dirqama hinta'u.

Aanaan qorannichi irratti xiyyeeffatu mala iddatteessuu keessaa mala iddattoo miti carraatiin ta'a. Sababni isaas, kaayyeffatamee qaama barbaadamu irraa odeeffannoon waan walitti qabamuufi. Deeggarsa Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Buunnoo Beddelleetiin Aanaa kam yoo dhaqame odeeffannoo kana karaa salphaa ta'een argachuun akka danda'amu odeeffachuun filannoon aanaa gaggeeffameera. Akkasumas, Odeeffannoo argamuun haala waliigala Godinichaa xiinxaluuf ni gargaara.

Dabalataanis, odeeffkennitoonni aanicha keessaa filatamanis, mala iddattoo miti-carraa (non-probability sampling) gargaaramuun kan filataman ta'a. Qorannoo kana daran milkeessuuf malleen iddattoo miti-carraa keessaa mala akkayyoofti darbaan dabarsaa gargaaramee jira qorataan. Sababni isaas, odeeffannoo barbaadamu kallattiin qaama barbaadamu irraa walitti qabachuuf mala dorgomaa hin qabnedha. Haaluma kanaan Aanaa filatame keessaa odeeffkennitoonni filatamuun afgaaffiifi yaada marii gareef dhiyaatu deebisuu irratti hirmaatanii jiru.

### **3.3.1. Mala Iddatteessuu Akkayyoo**

Malli iddatteessuu akkayyoo adeemsa qorannoo qulqulleeffataa keessatti iddoo guddaa qaba. Malli kun odeeffannoo barbaachisaafi gahaa ta'e qaama irraa argamuu danda'a jedhamee yaadamu irraa walitti qabachuuf kan gargaarudha. Qaamota dhimmicha gadi fageenyaan beekan irratti waan fuulleffatuuf odeeffannoo bal'aafi gahaa ta'e mala argamsiisudha. Kanumarraa ka'uunis, qorataan namoota xiyyeeffannoon filataman bira gahuun afgaaffii dhiyeessee odeeffannoo baarbaachisu walitti qabateera.

### **3.3.2. Mala Iddatteessuu Darbaan Dabarsaa**

Malli kunis, adeemsa qorataan iyyaafannaa darbaan dabarsaatiin waa'ee dhimma tokkoo nama beeku bira gahuun odeeffannoo barbaachisu fudhatee odeeffannoo sana caalaatti gadi fageenyaafi bal'inaan nama beeka jedhamu iyyaafatee argachuun odeeffannoo barbaachisu irraa funaannatudha. Kanumarraa ka'uudhaan, afgaaffiifi marii gareetiif odeeffannoo gahaa kennuu danda'u namoota jedhamanii yaadaman bira gahuun odeeffannoon walitti qabameera. Bifuma walfakkaatuun namoota Aanaa Baddallee Gandoota filataman keessaa afoola Oromoo keessumaa mammaaksa irratti hubannoo bal'aa qabu jedhaman deeggarsa Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaatiin marii gareetiif garee tokko miseensa namoota jaha qabu sadarkaa aanaatti walitti qabuun marii bal'aa taasiseen odeeffannoo kan funaannate yoo ta'u, garee lama haaluma walfakkaatuun sadarkaa gandaatti walitti qabachuun waliigala namoota 18 irraa raga qorannichaaf ta'u walitti qabateera.

### **3.4. Mala Funaansa Ragaa**

Tooftaan funaansa ragaa qorannichaa gosa qorannichaa bu'uura godhachuun kan gaggeeffame ta'uudha. Malli funaansa ragaa bu'aa qorannoo tokkoo irratti gahee olaanaa qaba. Kanaaf, akkaatuma ibsamuuf yaalametti, qorannichi gosaan qulqulleeffataa ta'uun bameera. Kanarraa ka'uun kaayoo kaa'ame galmaan ga'uuf tooftaalee dandeessisan akkasumas meeshaalee funaansa ragaalee qorannichaa ta'uun kanneen hojiirra oolan afgaaffiifi marii garee bu'uura godhachuun gaaffilee odeeffannootaaf karaa afgaaffiifi marii gareen yaadota ka'an yaadannoo irratti galmeessuufi suursagaleen kan walitti qabamuuf yaalame ta'uudha.

### **3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee**

Qorannoon kun qorannoo akkamtaa akkuma ta'e, meeshaaleen qorannichaaf ragaa walitti qabuuf tajaajilanis mala akkamtaa giddu galeeffateera. Qorannoo akkamtaa keessatti odeeffannoowwan kan funaanaman jechootatti gargaaramuutiin yoo ta'u, odeeffannoowwan funaanamanis jechootaan ibsamani jiru. Kun immoo, namni odeeffannoo kennu tokko dhimmoota gaafatameef odeeffannoo kan kennu jechootaatti gargaaramuudhaan akka ofii isaa beekutti waan deebisuuf odeeffannoon harca'ee akka hin hafne gahee olaanaa qaba. Bu'uuruma kanaan, meeshaaleen qorannoo kanaaf odeeffannoo walitti qabuuf gargaaran: afgaaffii fi mariin garee hojiirra ooleera.

#### **3.5.1. Afgaaffii**

Afgaaffiin mala qorataan odeefkennitootaan fuulaa fuulatti walquunnamuun gaaffii afaaniin dhiyeessuun odeeffannoo barbaadu argachuuf fayyadamuudha. Afgaaffii keessatti qorataan gaaffii gaafatu haala iddattootaa galuun ibsuu akkasumas iddattoonni iddoo gaaffiin gaafataman hingalleeffitti carraa gaafatanii hubachuu qabu. Qorataanis iddoo deebiin iddattoonni kennan hin hubatamneeffitti akka irra deebi'anii hubachiisan taasisuun ragaa qulqulluu argachuuf yaaleera. Afgaaffiin odeeffannoo kennitoota afaaniin haasofsiisuun odeeffannoo waraabbachuuniifi galmeeffachuun walitti qabamee jira. Innis, yeroo dheeraa waan fudhatuuf, iddattoo muraasa qofa irraa odeeffannoo walitti qabuuf kan tajaajiludha, (Dastaa, 2013, f. 111).

Afgaaffiin gaggeeffamu gamisaan kan caaseffamu yoo ta'u, qorataan kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun, gaaffilee ijoo ta'an qopheeffachuun odeeffannoo kennitoota tokko-tokkoon haasofsiisa, (Dorneyi, 2007, f. 136). Sababiin afgaaffii gamisaan qofa caaseffame gargaaramuun barbaachiseefis, qorannoo kana keessatti kaayyoon afgaaffiin gaggeeffamuuf odeeffannoo qulqulleeffataa ta'e walitti qabuuf waan ta'eefidha. Kana malees, adeemsa afgaaffii gaggeessuu keessatti odeeffannoo kennitoonni kallattii kaayyoo qorannichaa keessaa bahanii akka hinfagaanneef ittiin qajeelchuuf gargaara.

Haaluma kanaan, odeefkennitoota kaayyeffatamanii filataman iyyaafannoo darbaa dabarsaan argaman walumaagalatti, odeefkennitoota kudha shaniif (15) fuulaa fuulatti afgaaffiin dhiyaateera. Dabalataanis, Waajjiraalee Mootummaa aanaa kanneen akka; Waajjira Dhimma dubartii, Aadaafi Turizimiifi Waajjira Haqaa keessa ogeessoonni kallattiin dhimmi ilaalu afgaaffiin dhiyaateeraaf.

Afgaaffileen dhiyaatan kunis; Mammaaksi maali?, Oromoon mammaaksa yeroo akkamii mammaaka?, Maaliif? Mammaaksonni dubartii hoo maali?, Ergaawwan mammaaksota kanneenii maali?Faayidaafi miidhaa akkamii qabu? kanneen jedhan fa'i.

Afgaaffiiwwan kunneenis, kaayyoowwan gama maalummaa mammaakkaa, mammaaksota dubartootaafi ergaawwan isaanii, dhiibbaa mammaaksonni kunneen dubartoota irraan gahan xiinxaluuf kaayyeffataman milkeessuuf kan qophaa'an ta'uudha.Ragaaleen kunneenis, suur-sagaleen kan waraabamaniifi yaadannoo qabachuudhaan walitti qabamaniiru.

Walumaagalatti, qorannoo kana keessaatti afgaaffiidhaan odeeffannoo qulqulleeffataa ta'e walitti qabuuf yaalameera.Gaaffilee qorannoon kun bu'uura godhatee ka'e keessaa mammaaksa Oromoo dubartoota bu'uureffatan kallattii ciminaafi hanqina dubartootaa ibsaniin dhiyaateera.

### **3.5.2. Marii garee**

Jechi “marii garee” jedhu maqaa adda addaa qaba.Innis afgaaffii garees ni jedhama. Mariin garee saxaxa qorannoo akkamtaa keessatti daran barbaachisaadha.Marii garee irratti odeeffkennitoonni waliin bakka tokko taa'anii dhimmoota gaaffii kaasanirratti gaaffii walii walii isaanii akka wal gaafachuu danda'aniif ni gargaara. Akkasumas, yeroo marii tokko keessatti odeeffannoo baay'ee walittiqabuuf qoraticha ni gargaara.

Odeeffkennitoonni yaada irraanfatan akka wal yaadachiisaniifis ni gargaara.Mariin garee qorataaniifi odeeffkennitoonni filataman bakka tokkotti wal arganii waliin marii geggeessuuf waan barbaachisuufi.Kanarrattis qorataan odeeffkennitootaaf mata duree qorannoo isaa irratti yaada akkamii akka isaan qaban baruuf carraa ni kenna. (Ruane, 2005) Akkuma beekamu mariin garee gosa kanaa baay'ina miseensa garee tokkoo namoota jahaa hanga kudha lamaatti (6-12) kan ijaaramu ta'ee, haaluma kanaan mariin garee kan gaggeeffame garee sadi (3) kan baayyinni garee tokkoo namoota jaha jaha (6) qabuun ijaaramee waliigalli baay'ina namoota kudha saddeeti (18) ta'een ijaaramee mariin kan gaggeeffame ta'uudha.

Kana jechuun tokkoon tokkoo garee sadeen ijaaramanii miseensa jaha jaha kan qabuun ijaaramanii walii walii isaanii akka walgaafachuu danda'aniifi wanta dagatame walyaadachiisaa mariin akka gaggeeffamuuf haalli kan mijatedha.Odeeffkennitoonni kunneenis, namoota buleeyyi aadaaf dudhaa hawaasichaa haalaan beekan, kanneen muuxannoo qaban karaa Waajjiraalee

mootummaa kanneen akka Aadaafi Turizimiifi dhimma dubartii deeggarsa gaafachuun kan adda bahan yoo ta'u, deeggarsa bulchitoota gandaatiin iddoofi yeroo jedhametti argachuun danda'ameera. Garee abbootii Gadaafi Haadholii Siinqee qabu garuu karaa Waajjira Aadaafi Turizimii Aanichaa haala mijateen argamanii jiru. Marii garee kanaan odeeffannoon bal'aan qabiyyee mammaaksota Dubartootaan walqabatani argamuu danda'ee jira. Waliin marii keessa, kan dagatame walyaadachiisaa odeeffannoo gadi fagoo argachuuf, yaada bal'aa kaasuuf carraa gaarii ta'uu isaatiin meeshaan funaansa ragaa kun filatamee hojiirra ooleera. Odeeffannoon argame kunis, mammaaksota kanaan haalli itti dubartoonni bakka buufaman, gama xiinsammuu dubartootaa miidhuu irratti rakkoo inni qabu kan hubachiisu ta'uun hubatameera.

### **3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee Qorannichaa**

Qorannoo mala akkamtaa keessatti odeeffannoowwan irra caalaan isaanii kan ibsaman jechootaan waan ta'eef, qorataanis qorannoo kana keessatti jechootatti gargaaramuun ragaa isaa xiinxaluun kan hiike ta'uudha. Kunis, qorannoo aadaa hawaasaa keessatti wanti irra caalaatti irratti xiyyeeffatamuufi dhimmi deebii barbaadu yaada hammam jedhu utuu hinta'iin waan lakkoofsaan ala jechaan deebi'u akka ta'edha. Qorannoon akkamtaa gaaffii Maaliif? Akkamitti? jedhan deebisuuf carraaqa. Addunyaa, (2011, f. 11) Kanarraa wanti hubatamu, dhimmoota aadaa qoratamu sana keessatti iyyaafachuuf deemaman qulqulleffachuuf lakkoofsa caalaa jechootatti dhimma bahuun mala gaarii akka ta'e kan ibsu ta'uudha.

Kanumarraa ka'uunis, odeeffannoowwan qulqulleeffataa malleen odeeffannoo sassaabuu afgaaffiifi marii gareetiin walitti qabame duraa duubaan odeeffannoowwan karaa afgaaffii argaman akkaataa walfakkeenya qabiyyee isaaniitiin walsimsiisuun kan qaaceffaman yoo ta'u, karaa marii gareetiin kan argamanis haala walfakkaatuun qaaceffamee jira.

### **3.7. Naamuusa Qorannichaa**

Hojii qorannoo tokko keessatti naamusni qorannoo mata duree filachuu irraa eegalee hanga xumura hojichaatti iddoo guddaa qaba. Sababni isaas, dhugummaafi fudhatamummaa hojichaaf murteessaa waan ta'eefidha. Kanumarraa ka'uun, qorannoon kunis naamusa qorannoon qulqulleeffataa qabaachuu qabu kabajuun gaggeeffamee jira. Mata dureen qorannichaa afoola hawaasa keenyaan kan walqabatu ta'ee, dhimmoonni mammaaksota Oromoo dubartootaan walqabatani mammaakaman gamtokkoon qaawwaa (gap) qabaachuun isaa mirkanaa'eera.

Kana malees, ragaalee walitti qabuu keessatti naamusni qorannichaa haalaan kabajamee jira. Afgaaffii qopheessuu keessatti haala salphaa ta'eefi hubatamuu danda'uun qophaa'ee hojiirra ooleera. Adeemsa hojii dirree irrattis, odeeffanno kennitoonni odeeffannoo dhugaa ta'e akka kennaniif kabajaan atooma gaafatamanii atooma taasisaniifis haalaan galateeffamaniiru. Akkasumas, odeeffannoo kennitoonni dhiibbaa qorataarraa bilisa ta'uun yaadasaanii gumaachaniiru.

Odeeffannoo kennuuf heeyyamuu isaaniitiifis dursanii galateeffatamaniiru. Erga afgaaffiin taasifamee boodas odeeffannoofi yeroo isaanii gumaachuu isaaniitiif galateeffamaniiru. Odeeffannoon malleen adda addaatiin walitti qabamus akkuma jirutti kabajamuun duraa duubaan qaaceffameera. Mala qulqulleeffataa keessatti baay'inni iddattoo yookiin odeeffannoo kennitootaa haala xiyyeeffannoofi kabajni odeeffannoo eegameen caaseffameera. Gama yaada beektotaa wabeeffachuutiinis naamusni qorannoo kanaa kabajameera.

Qorannoon kun yaada beektotaatiin kan deeggarame waan ta'eef, adeemsa wabeeffachuu keessatti yaada kallattiin waraabuus ta'u, yaada fudhachuun ibsuunis madda eeruudhaan kabajaan fudhatameera. Innis, barreeffama keessattis ta'u, fuula wabii irratti ofeeggannoodhaan hojiirra ooleera. Gabaasni qorannichaas akkaataa seera barreeffama APA (American Psychological Association) hordofuun kabajaan dhiyaatee jira.

### **3.8. Gabaasa Turtii Dirree Qorannoo**

Adeemsa hojii qorannoo akkanaa keessatti ofeeggannoon turtii dirree qorannoo baay'ee murteessaadha. Turtiin dirree qorannoos, kan qorataan tokko bakka qorannicha itti gaggeessutti argamuudhaan adeemsa odeeffannoo walitti qabuuf taasisu kan agarsiisudha. Adeemsi kunis, kan qorataan ragaa qorannoo sanaaf ta'u argachuuf, namoota ragaan irraa walitti qabamu bira dhaquun turtii taasifamudha. Adeemsa sana keessatti aadaafi safuu hawaasichaa beekanii kabajuun akka qaama hawaasichaatti dhiyaachuun turtii hojii dirree sana daran mijaawaafi odeeffannoo gahaan akka argamuuf sababa gaarii ta'a.

Haaluma kanaan, qorataan tooftaa funaansa ragaalee; afgaaffiifi marii gareettii dhimma bahuun ragaalee walitti qabachuuf akkaatuma karoofateen odeeffannoota adda baafate bira gahuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e walitti qabateera. Adeemsa kana keessattis, caasaalee

mootummaa sadarkaan jiran quunnamuudhaan deeggarsa barbaachisaa ta'e akka godhaniif gaafachuun jara kanaan deeggaramee qaama silaa bira gahuu qabu bira gaheera qorataan.

Turtiin hojii dirree kun qorataadhaaf hojii salphaa hin turre. Rakkoo nageenyaa naannichatti darbee darbee mul'atu irraa kan ka'e iddoo tokkoo gara biraatti socho'uu keessa fuula haaraadha, raga maalii walitti qaba jechuun hordoffiin tureera. Xalayaa Yuunivarsiitiifi Aanaa iirraa barreeffate agarsiisuun hubachiisee rakkoo isa mudate bira darbuu danda'eera. Haaluma walfakkaatuun, odeeffannitoota isaafis odeeffannoon isaan kennan kun hojii qorannoo barnootaaf qofa kan oolu ta'uu ibseefi sodaa tokko malee odeeffannoo barbaachisu akka kennaniif gochuun ofeeggannoo cimaan ragaa isaa walitti qabatee hojii dirree isaa karaa nagaan xummureera.

## **BOQONNAA AFUR: QAACCEESSA RAGAALEE**

Boqonnaa kana jalatti, bu'uuruma xiyyeeffannoo qorannichaatiin mammaaksota Oromoo dubartootaaf mammaakan xiinxalamaniiru. Haaluma kanaan, mammaaksonni gadaantummaafi cimina dubartootaa ibsan barteedhumaan hawaasa keessatti akkuma barbaachisummaa isaaniitti ni tajaajilu. Kanumarraa ka'uudhaan mammaaksota kallattii gadaantummaafi cimina dubartootaa bu'uureffachuun mammaakaman hawaasa keessaa walitti funaanaman keessaa mammaaksota 80 kanneen dadhabinaafi cimina dubartootaa ibsan akka armaan gadiitti duraa duubaan filatamanii xiinxalamaniiru. Bu'uurri filannoo kanaas, sababa dhiphina yeroo irraan kan ka'e mammaaksota hawaasa keessaa funaanaman hunda qaaccessuun waan hindanda'amneef ta'uufi baay'een isaaniimmoo walfakkeenya bu'uura yaada kan qaban ta'uun irra darbamaniiru.

### **4.1. Qabiyyee Mammaaksota Gadaantummaa Dubartootaa ibsan**

Mammaaksi dameewwan afoolaa keessaa isa tokko yoo ta'u, hawaasa Oromoo biratti iddoo guddaafi faayidaa hedduuf kan ooludha. Haata'u malee, barteedhuma hawaasichaafi ilaalcha achii asdhufa qabatee as gaheen, akka waan dubartoonni hawaasa keessatti dhiira waliin walqixa hin taaneetti ilaalamaa waan tureef, afoola isaatiinis keessumaa immoo mammaaksaan kanuma calaqqisiisaa as gaheera hawaasichi. Waan ta'eef, wantoota dudhaafi aadaa gaarii hawaasichi qabu waliin hin deemne dhawataan hambisaa deemuuf qorannoolee adda addaa gaggeessuun barbaachisaa waan ta'eef, gadaantummaa dubartootaa ibsuuf mammaaksota hawaasicha keessatti dhimma baasaa turan ammas tajaajila walfakkaatu kennan akkaatuma qabiyyee isaaniitiin akka armaan gadiitti xiinxalameera.

#### **4.1.1. Mammaaksota Wallaalummaa Dubartootaa ibsan**

Mammaaksonni kunneen kallattii adda addaan kan argaman ta'us, jalqaba irratti afgaaffiidhaan odeeffannoolee argaman dursuun kan qaacceeffame yoo ta'u, afgaaffilee kanneenis jalqabumarratti Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa deemuudhaan gandoota Aanichi qabu keessaa kamirratti yoo xiyyeeffatame odeeffannoon barbaachisu daran argamuu danda'a kan jedhuufi gandichaa eenyu bira yoo dhaqame odeeffannoo gahaan argama kan jedhu ragaan walitti qabameera.



Kanumarraa ka'uun, deeggarsa bulchaa gandichaatiin gaafa 15/08/2014 Aanaa Beddellee ganda Oddootti iyyaafannoo taasifameen bira gahuun afgaaffii Obbo Asaffaa Qana'aatii dhiyaateen humna guddaa mammaaksi ergaa barbaachisu dabarsuuf qabu erga ibsanii booda,gahumsa dubartootaa qeequu yoo barbaadu hawaasichi;

**(1) “Dubartiin deessuu malee beektuu hin qabdu”** jechuun kan mammaaku ta'uu kaasaniiru. ”Dubartiin ijoollee godhachuu malee dirree biraatti gahumsa hin qaban jechuudha” jechuun (Obbo Asaffaa Qana'aa) ibsaniiru.Dubbiin kun dubartoota akka malee gadi xiqqeessee kan ilaaluufi gaheen dubartii dhala kennuu yookin dhala godhachuufi isaan guddisuu qofa ta'uu kaasa.Dhugaan jiru garuu,dhala kennuun carraa uumamaan kennameef ta'us, akkuma warra dhiiraa beekumsa horachuu qabdu horachuurratti uumamaan wanti itti hir'ate kan hin jirre ta'uudha.Dhala godhachuun kennaa uumamaa ta'us, gahumsi kennaa qofa osoo hin taane dhamaatiifi tattaaffii nama dhuunfaan kan argamudha.Dubartootni qaxaleefi ciccimoon kallattii hundaan jiraachuun yaada kana ni faallessa.Karaa biraa xiinsammuu dubartootaa keessumaa kanneen mirga isaaniif falmachuuf carraa hin qabne baay'ee ni miidha, miirri gadi aantummaa akka itti dhaga'amus ni godha.Kanaaf, gahee dubartii mana keessatti qofa daangessanii ilaaluutu mul'ata.

Itti aansuunis,Obbo Asaffaan,**(2) “Dubartiin lama hin beektuu tokko hin wallaaltu”** jedhan. ”Yaanni kunis akkuma isa jalqabaa ulfaatina xiqqoo kan dubartootaaf kennudha.Iddoo gadaanaa dubartootaaf akka kennuufi gabaa beekumsaa keessaa dubartoota kan baasu ta'uudha”.(Obbo Asaffaa) kanaaf,waan guddaan dubartiirraa kan hin eegamne ta'uu ibsa yaanni kun.Ammas, **(3) “Dubartiin dheertuu malee beektuu hin qabdu”** mammaaksi jedhus afgaaffii taasifameen isaanumarraa argame.

Bara durii innuu hin jiru, yoo carraa xiqqoon argamtes namoonni ijoollee dhiiraa barsiisu malee durba hin barsiisani.Durbi baratee eessa geessi, kan hormaati jedhu.Ilaalchi kun immoo akka ijoolleen dubaraa carraa barnootaa hin arganne, mana keessatti hafan taasiseera.Kanarraa kan ka'e ga'umsa ijoolleen dubaraa qaban illee beekuun hin danda'amne.Akkasumatti akka waan dubartoonni homaa hin beekneetti lakkaa'ama.Mana keessattillee carraa dhiiraan walqixa yaada isaanii ibsachuu hin qabani.(Obbo Asaffaa Qana'aa)

Yaanni kunis hangam miidhaan dubartootarra akka ture kan ibsudha. Ilaalchi garaagarummaa hamaan hawaasa keessa akka ture kan agarsiisudha. Dheerinni hojjaa dhimma hormoonii qaama keessaa madduun kan murtaa’u ta’us, beekumsa waliin walitti dhufeenya hin qabu. Dubartoonni sababa itti beekumsa dhabuun qeeqamaniif homaa hin qaban. Uumamni dhala namaa hunda waqixa uume, waa’een saalaan sadarkaa walii kennuu ilaalcha hawaasicha keessa kaleessumaa kaasee jirudha. Kanaaf, dheerinaafi beekumsa gidduu walitti dhufeenyi jiraachuu baatus, dubartiin dheertuus beektuus kan qabdu ta’uu hubachuun gaarii ta’a.

Kan itti aanu, gaafa 16/08/2014 Aanaa Beddellee ganda Yabaallaatti afgaaffii Obbo Kadir Dhaabaatiif taasifameen mammaaksonni dubartoota bu’uureffatanii mammaakaman durumaa kan jiruufi sababoota mataa isaa irraa ka’ee kan mammaakamu ta’uu himaniiru. Kanneen keessaa hojii mana keessaa yeroo hedduu dubartoonni mana isaanii bulfachuuf dhama’an giddugeeffatee kan mammaakamu jiraachuudha.

Kunis, (4) **“Dubartiin hirree daaku malee sammuu yaadu hin qabdu”** kan jedhudha. “Qooddaa gama hojiitiin dhiiraafi dubartii gidduu jirudha. Qooddaan kun ammoo carraa walqixa dubartoonni dhiira waliin akka hin arganne godheera. Hojii humnaa mana keessaatti kan daangessuufi qooda biraa akka hin qabnetti yaaduu irraa kan ka’edha.” (Obbo Kadir)

Yaada kanarraa wanti hubatamu, dhamaatii mana isaanii bulfachuuf dubartoonni taasisanidha. Yeroo hedduu jireenya isaanii mo’achuuf ni dhama’u. Kana keessaa midhaan daakuun, ijoollee guddisuun hojii mana keessaa mara qajeelchuun isa tokko. Kun ta’uun maatii isaanii bulchuuf gahumsa isaan agarsiisani malee kan gadaantummaa isaanii calaqqisiisu hin turre. Kanarraa ka’uunis, akka waan dubartoonni hojiiwwan mana keessaa kanaaf kana fakkaataniin ala kan biraa hojjechuu hin dandeenyeetti fudhatama. Barteewwan kanatu hubannaawwan dogoggoraa kana dhale. Kun immoo xiinsammuu dubartootaa daran kan miidhuufi jireenya hawaasummaa keessatti iddoo isaan dhoowwatudha. Ofitti amanamummaa dubartoonni qabanis ni hir’isa. Miira hin dandeenyu jedhu sammuu isaanii dhaalchisa.

Itti aansuunis, gaafuma sana (5) **“Beekumsi dubartii gorroo hin darbu”**, (6) **“Beekumsi dubartii Laga nama hin ceesisu”** jechuun kaasaniiru.” Kana jechuun dubartiin yoo beektes waan mana keessaa malee wanta biraa hin beektu jedhamee yaadama, dubartiin galaa nyaataa

malee galaa yaadaa siif hidhuu hindandeessu jedhama”jechuun (Obbo Kadir) yaada isaanii ibsaniiru.

Yaanni kunis, gahumsa dubartootaa kan daangesseefi iddoo muraasa hawaasa keessatti kan kenneef ta’uudha.Mammaaksi jalqabaa, dubartoonni yeroo baay’ee hojiilee mana keessaa hedduu hojjechuuf mana keessatti waan argamaniif beekumsa isaanis sanumaan daangessee kan lafa kaa’edha.Inni lammaffaas, hagas mara gahumsa tarkaanfataa akka isaan hin qabne kan ibsudha.Walumaagalatti, madaalliifi iddoon dubartootaaf kennamu laafaa ta’uu ergaa mammaaksota armaan oliirraa argachuun danda’ameera.

Itti dabaluuunis, afgaaffiidhuma Obbo Kadiriif gaafuma 16/08/2014 taasifameen mammaaksota dabalataa akka itti aanutti kennaniiru.(7) **“Dubartiin qaamaan malee yaadaan hin furdattu”** “Kana jechuun, dubartiin beekumsa bal’aa hin qabdu, daanga’aadha, muraasa beekumsi isaan qaban jechuudha”. (Obbo Kadir)

Ijoo kanarraa wanti hubatamus,dubartiin qaamaan guddoo taatus beekumsi ishee garuu muraasa waan jedhu ofkeessaa qaba.Mammaaksi kunis, dhaabdoo qaama dubartootaafi yaada sammuu isaanii wal dorgomsiisee jira.Beekumsa gabbataa, hubannoo waliigalaa gahaa ta’e akka waan dubartoonni hin qabneetti mammaaksa kaasudha.Kanaaf, wanta mul’atuufi akka salphaatti mul’achuufi safaramuu hin dandeenye lamaan yeroo waldorgomsiisu, madaallii dubartootaaf hawaasa keessatti kennamu gatii dhabsiisuuf kan dubbatamudha.Haata’u malee, dubartoonni dubartoota ta’uu isaanii qofaaf, beekumsa isaanii akka isaan hin guddifanne wanti itti hir’ate tokkollee akka hin jirre hubachuun ni danda’ama.

Mammaaksi,(8) **“Dubartiin furdoo malee guddoo hin qabdu”** jedhus obbo kadir dhaabaatiif afgaaffii taasifameen argame.”Qaamaan guddoo taati malee beekumsa cimaa hin qabdu jechuudha”.(Obbo Kadir)

Yaanni kun waalama; guddinaafi furdina walbira qabee dubartoota kan qeequudha.Furdinni waan akka salphaatti nama kamuu ittiin adda baasuuf gargaaruufi mul’atu ta’us, guddina kan jedhu garuu maal akka ta’e gadi fageenyaan xiinxaluu nama gaafata.Kanarraa ka’uun, dubartiin furdoo malee guddoo hin qabdu yeroo jedhu, guddina qaamaa osoo hin taane bilchinaafi hubannaa gadi fagoo cimaa ta’e qabaachuufi qabaachuu dhabuun kan walqabatu ta’a.Kanaaf, ergaa cimaan

mammaaksa kanaa dubartiin qaamaan yoo furdoo taateyyuu beekumsa gahaafi hubannaa cimaa akka hinqabne ibsuuf kan mammaakamu ta'uu nama hubachiisa.

Itti dabalun, (9) **“Dubartiin safuu malee sammuu hin qabdu”** kan jedhus obbo Kadir irraa kan argame yoo ta'u, ergaa mataa isaatii qaba. “Safuun aadaa Oromoo ganamaati, itti dhalatte eenyuyyuu irraa hin fudhatu. Ilaalchi jiru silumayyuu dubartoonni beekumsa hin qabaniitti amanama waan ta'eef akkas jedhama”. (Obbo Kadir) Oromoon aadaa dudhaafi safuu guddaa ittiin beekamu qaba.

Safuun, kabaja waliif qabaachuun, xinnaan guddaaf kabaja laachuun, jaarsaaf jaartii kabajuun dudhaa sabichi ittiin beekamudha. Keessumaa jecha safuu jedhu Oromoorraa gargar baasuun hin danda'amu ittiin beekama waan ta'eef. Haata'u malee, kun waan walii galaa ta'us, dubartoonni addumatti safuu kan qabaniifi beekan ta'us, dubartiin sammuu hin qabdu kan jedhu, beekumsa homaatuu hin qabdu waan jedhu ofkeessaa qaba. Safuu qabaachuun isaanii beekumsa qabaachuu hin ta'u ergaa jedhu kan qabu ta'uu isaati.

Walumaagalatti, qabiyyee kana jalatti mammaaksonni ilaalaman haala jiruuf jireenya hawaasummaa dubartootaa irraa ka'uun akka waan dubartoonni beekumsa homaatuu hin qabneetti kan ibsu yoo ta'u, faallaa kanaa dubartoonni ciccimoofi gahumsa qaban jiraachuun yaadonni akkasii hawaasa keenya waliin tarkaanfachuu akka hin qabne nama hubachiisa.

#### **4.1.2. Mammaaksota dadhabina gahumsa dubartootaa agarsiisan**

Mammaaksonni armaan gaditti hoggansa dubartootaan walqabataniis mammaakamanis afaaffii taasifameen kan argaman yoo ta'u, gaafa 16/08/2014 ganda Yabaallaatti afaaffii obbo kadir Dhaabaaf taasifameen, (10) **“Mootummaan dubartii karra banaatti bulcha”** jechuun kaasan.” Kana jechuun hoggansi dubartii ofeeggannaa akka hin qabneefi waan gadidhiisii ta'uu ibsa”. (Obbo Kadir)

Yaanni kunis, hoggansa bilchaataafi amanamaa kennuu akka hin dandeenye yaada agarsiisudha. Sababni isaas, karri banaatti bulu hannaafi rakkoo hedduuf saaxilamaadha. Balbala banaatti bule nagaatti bulaa amantaa qabaachuun hin danda'amu. Kanaaf, bulchiinsa dubartiis balbala banaa bulutti fakkeessee jira. Hoggansa dubartiirraa amantaa akka hin qabne ibsuuf kan mammaakamu ta'uudha.

Dabalataanis,(11) **“Dubartiin garaa bulchiti malee biyya hin bulchitu”** mammaaksi jedhus, afgaaffuma obbo Kadir Dhaabaaf gaafa 16/08/2014 taasifameen kan argamedha.

Mammaaksa kanarraa qoqqoodaa hojii dhiiraafi dubartii gidduutti taasifamutu mul’ata.Hojii mana keessaa hojjetee maatii isheef waan barbaachisu qopheessitee nyaachisuu bira dabartee itti gaafatamummaa biraa fudhachuufi gadi baatee biyya hogganuu akka hin dandeenyefi gahumsa kanaas akka hin qabne kan ibsudha. (Obbo Kadir)

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamu, dubartoonni irra caalaa dhimmoota maatii bulchuufi ijoollee isaanii guddisuu irratti haalaan waan xiyyeeffataniif akka waan dubartoonni gadi bahanii itti gaafatamummaa guddaa baachuu hin dandeenyeetti kan kaasudha.Waan mana keessaafi waan garaa yookan qoonqoo bira darbee biyya hogganuu akka hin dandeenyetti kaasa.

Itti aansuunis, Obbo Kadir mammaaksa biroo yoo dabalan, (12)**“Biyya Dubartiin mootetti raafuun midhaan dhaala”**kan jedhu ta’a.”Ammas waan hojjetan irratti xiyyeeffannoo gahaa akka hin kennine kan ibsudha”.(Obbo Kadir) Kana jechuun bulchiinsa dubartii keessatti waan barbaachisuufi hinbarbaachifne adda baasuu irratti laafinni jiraachuudha.Maaliif jennaan hojii qonnaa keessatti raafuus ta’ee gosni midhaanii biroo barbaachisummaa qaba.

Haata’u malee, itti yaadamee kan facaafamee callaan eegamu boqqoolloo yookan xaafii ta’ee osoo jiruu, raafuu/goommanni keessatti marge ofiisaatii aramaadha.Carraa midhaan warra kaanii kan balleessu ta’a malee midhaan sana bakka bu’uu hin danda’u.Kanaaf, hoggansi dubartii waan ta’uufi waan hintaane kan adda baasuu hindandeenye, waan tolurra kan badutu caala waan jedhu ofkeessaa qaba.

Karaa biraa immoo gaafa 22/08/2014 marii garee abbootii Gadaa, haadha Siinqeefi Maanguddoota bebbeekamoo Aanaa Beddellee (Abbaa Gadaa Suutaa Mokonnin, Sukkaaree Raggaasaa, Takkaalinyi W/mikaa’el, Baqqaluu Biraanuu, Tigist Maammoo, Bayyanaa Ittaanaa) waliin taasifameen mammaaksota hedduu funaanuun ergaa isaan qaban xiinxaluun danda’ameera.Maree taasifamaa tureen, Haadha siinqee Sukkaaree Raggaasaan, (13) **“Mootummaan dubartii abidda bira hin darbu”** kan jedhu argameera.

“Hojii mana keessaa dubartoonni yeroo hedduu irratti argamaniifi hojjetan bu’uura godhachuun,itti gaafatamummaa kana bira darbe baachuu akka waan hin dandeenyeetti yaada ilaaludha”. (H/S Sukkaaree) Yaada kanarraa wanti hubatamu, hoggansa dubartii keessatti fageessanii yaaduun kan hin jirre ta’uu kaasa.Waanuma arganiifi kan naannoo isaanii jiru malee waan egeree yaaduu akka hin dandeenyetti kan ilaalu ta’uu hubachuun ni danda’ama.Dabalataanis, hunda hammataafi waan achi nama butu kan hin taaneefi mul’ata fagoo kan hin qabne ta’uu kan ibsudha.

Itti dabaluu haati Siinqee,(14) “**Biyya mootiin dubartii mariin karaarra**” nuun jedhu jechuun kaasani.Biyya bulchuun hojii salphaa ta’uu baatus, kenniinsa hoggansa dubartii qeequufi waan karooraan hin hogganamne ta’uu mammaaksicharraa hubachuun ni danda’ama.Kanarraa ka’uun hoggansa waaltina hin qabneefi idilaawaa waan hin taaneef akka salphaatti bulchiinsa diigamu ta’uu hubachuun ni danda’ama.Waan karooraan hin hoogganamne ta’uu nama hubachiisa.

#### **4.1.3. Mammaaksota barbaachisummaa dubartii qeequuf mammaakaman**

Baay’nni uummata biyya keenyaa walakkaa ol dubartoota ta’uun beekamaadha.Waan ta’eefis, haala qabatamaa jiruun iddoo dubartoonni itti hin barbaachifne tokkollee hin jiru.Haata’uutii barteedhuma ilaalcha ture ta’ee,akka waan dubartoonni hin barbaachifneetti mammaaksonni maammaakaman jiru.

Afgaaffii Obboo Buzaayyoo Warqinaatiif Aanaa Beddellee Ganda Ilkee Qararootti gaafa 23/08/2014 taasifameen,(15) “**Gabaa dubartii mannaa dhiira tokko wayya**”mammaaksi jedhu argameera.”Kun ilaalcha qoodinsa dhiiraafi dubartii gidduu jiru, keessumaa ilaalcha gadi aanaa dubartoonni ittiin ilaalaman kan agarsiisudha. Dubartoonni hawaasa keessatti hawaasa keessatti hanga dhiiraa barbaachisummaa akka hin qabne kan agarsiisudha”.(Obbo Buzaayyoo) Yaada kanarraas dubartoonni hangamillee yoo baay’atan hanga dhiira tokkoo akka hin geenye ibsu ta’uu hubachuun ni danda’ama.

Barteedhuma hawaasichaa ta’ee ilaalchi dubartootaaf kennamuufi dhiiraaf kennamu gargari.sababni isaas, hawaasuma keessatti kabajaan gaafa dhiirri dhalatuufi durbi dhalattu taasifamullee adda.Gaafa dhiirri dhalatu shananitti al-shan ililchu, kan durbaa yoo ta’e garuu al-afur ililchu.Kunis, qoodinsi bu’uurumaan dhalootumarraa jalqabuu isaa mul’isa.Kanaaf, yeroo tokko tokko “**Durba dhalchuu mannaa baargamoo dhaabuu wayya**” jedhanii

mammaaku.Hanga mukti yookan biqilaan tokko qabullee ijoollee durbaaf hin kennine jechuudha.Karaa biraa immoo “**Taa’uu manna durba dhalchuu wayya**”mammaaksi jedhus yaaduma kana tumsa. Barbaachisummaan durbaa xiqqaa ta’uu yookan sirumaa kan hin barbaachifne ta’uutu yaadicharraa hubatama.Karaa biraas, tuffiifi ilaalchi gadaantummaa hamaan jiraachuu mul’isa.

Kan itti aanu,(16) “**Dubartiin gubalii olitti**” mammaaksi jedhus Obbo Buzaayyoo Warqinaarraa argame.”Mammaaksi kunis barbaachisummaan dubartii gara mana keessaatti qofa ta’uu ibsa”.(Obbo Buzaayyoo) Kana jechuun, balbalaa olitti malee balbalaa gaditti hin barbaachiftu jechuudha.Garuu dubartoonni lafa itti hin barbaachifne hin qabani.Qoodinsi hojiillee kun kan dhiiraa, kun immoo kan dubartii jechuun asii jalqaba.Hojii mana keessaa kan dubartootaa qofa godhanii ilaaluun asii jalqaba.Haata’u malee hojiin addatti kan dhiiraa kan dubartii jedhee taa’e akka hin jirre ni beekama.

Itti dabaluuinis, (17)”**Dubartiifi Adurreen mana keessatti**”,(18) “**Dubartiifi eeleen meeshaa manaati**” mammaaksonni jedhaman afgaaffiidhuma obbo Buzaayyoo Warqinaaf taasifameen kan argamedha.

Haala qabatama biyya keenyaatiin adurreen hantuuta akka qabduuf qofa guddifanti, Eeleen ammoo buddeena itti tolfachuuf barbaachisa mana keessatti.Adurrees ta’e eele iddoo saanii kanaa alatti homaa itti hin goonu.Gahee dubartootaas akkasuma mana keessatti qofa kan daangesse ta’uudha.Hojii biroo irratti qooda hin fudhattu.Fakkeenyaaf, Dubartiin hora hin dhaqxu, yaa’ii hin teessu, duula yookan adamoo hin deemtu, dubartiin sangaa camaddee lafa hin qottu.Bara dubartiin lafa qotte beelatu bu’a jedhamee amanama. Obbo Buzaayyoo)

Walumaagalatti yaanni kun dubartoota xiqqeessee kan ilaaluufi mana keessatti qofa daangessee kan jiru ta’uu hubachuun ni danda’ama.

Karaa biraas,mammaaksa jalqabaarratti, Dubartiifi Adurree waldorgomsiisee jira.Akkuma beekamu, adurreen bineeldota manaa keessumaa mana keessa namoota waliin walitti dhiyeenyaan jiraatu.Akkuma beekamu adurreen tajaajilli ishees manuma keessatti qofa waan ta’eef manaa ala baanaan bineelda adalaa waan taatuuf carraa namoota waliin jiraachuu dhabuu

dandeessi.Haata’u malee, gaheen dubartootaa akka kan Adurree akkuma salphaatti kan mana keessatti daanga’u miti.Dubartoonni bakka hundattuu barbaachisummaa qabu.

Inni lammataa dubartiifi eelee waldorgomsiisa.Waan waliin dorgomuu hindandeenye lama waldorgomsiisee jira.Nama lubbuu qabu akka meeshaatti madaalee meeshaa waliin walbira qabee ilaala.Tajaajilli eeleen kennuufi dubartoonni kennanis waliin madaalamuu hindanda’u.Keessumaa jechi ‘meeshaa manaati’ jedhu tajaajila mana keessaa qofa kan kennu ta’uu ibsa.Kanaaf, gahee dubartootaa hanga kana kan gadi xiqqeesse ta’uu hubanna.

Odeeffannoo obbo Buzaayyo Warqinaarraa argameefi iyyaafannoo taasifameen gaafa 23/08/2014 ammas ganda Ilkee Qararoo keessaa Obbo Ittafaa Daargee bira dhaquun afgaaffiin taasifameefii ture.Afgaaffii kanaanis,(19) **“Dubartiifi hordaan qomaa gaditti”** mammaaksa jedhu argachuun danda’ameera.

Akka gaariitti lafa qotuuf hordaan gabaabbatee qomaa gaditti qophaa’a.Yoo kana hin taane, ‘ofgararraatti muka hin muran’ akkuma jedhamu, hordaa ofgararraatti qabataniif lafa akka gaariitti qotuun hin danda’amu.Gama dubartootaan immoo gaafa ilaalamu dhoksaan isaa dheerina hojjaa qofa osoo hin taane, olaantummaa dhiirri dubartoota irratti qabu kan agarsiisudha. (Obbo Buzaayyoo)

Yaada kanarraas wanti hubatamu, dhiirri olaantummaa guddaa kan dubartoota irratti qabuufi dheerinuma hojjaas yoo ilaallee gaa’ela dhaabbachuu keessattis akkuma beekamu dhiiratu ilaalee filatee dubbatata malee carraa nama fedhan filatanii itti heerumuu ijoolleen durbaa hin qabani.Kanaaf, dhiirri gabaabaan yeroo baay’ee dubartii dheertuu hin fuudhu, natuffatti jedhee waan amanuuf.

Karaa biraas,keeshaa qonnaa gindoorra jiru hordaa harkaan qabataniif lafa ittiin qotaniifi dubartii kan waldorgomsiise yoo ta’u, iddoo kanattimmoo hojjaadhaan walqabsiisee kaasa.Hojii qonnaa gaggeessuu keessatti hordaan qabannaaf akka mijatutti gabaabbatee yoo hin qophoofne ofgararraatti qabataniif lafa qotuun rakkoodha.Yoo akka ta’uu qabutti hin taane, hojicha galmaan gahuun rakkoo ta’a.Kanumarraa ka’uun hojjaa dubartootaan walqabatee waan jiru bifa hordaa ka’een walbira qabee kaasuu barbaada.Dubartoonnis, hojjaadhaan dheertuufi kan abbaa warraa daran caaltu yoo taate gaarii miti waan jedhu kaasuu barbaadeetu.Kunis, hubannaadhuma



dogoggoraa hawaasa keessa jiru malee dhiira caalsisee dubartiif gabaabina wanti murteesse hin jiru.

Itti aansuunis,(20) “**Mana dubartiin danatte raafuun hin bilchaatu**” mammaaksa jedhu argachuun danda’ameera.Mammaaksi kunis bu’uurumaan barbaachisummaa dubartootaa xiqqeessuuf yaadamee kan mammaakamudha.Raafuu affeeluun hojii baay’ee salphaa ta’edha.Haata’u malee, iddoo dubartoonni baay’atanitti waan guddaa mitii hojiin salphaan akkasiillee akka haalaan hojjetamuu hin dandeenye ibsa.Karaa biraa, xiyyeeffanoo hojii isaaniif osoo hin taane, haasawa adda addaa irratti ta’uufii walmorkiin illee jiraachuu hubanna.

Itti dabaluuinis Obbo Ittafaa Daargeen, afgaaffiidhuma dhiyaateefiin mammaaksa,(21) “**Qe’ee dubartiin baay’atte karri banaa bula**”jedhu itti dabalaniiru.”Kana jechuun ati cufi, ani hin cufuu osoo walmorkatanii karri cufaa malee bula”.(Obbo Ittafaa) Yaanni kunis, baay’inni dubartootaa akka faayidaa hin qabne qeeqa.Dubartoonni amala walmorkii akka qabaniifi osoo walitti qabatani gidduutti wanti guddaan baduu akka danda’u ibsuuf kan mammaakamudha.

Afgaaffii taasifameen gara xummuraatti mammaaksi obbo Ittafaarraa argame,(22) “**Mana dubartiin kumtokkoo bobeesaan muktokko**”kan jedhudha.Mammaaksi kunis akkuma kanneen armaan olitti ilaallee madaallii dubartoonni hawaasa keessatti qaban gadi buusuuf kan mammaakamudha.Addanatti dhiira akka mi’eessituutti itti fayyadamee jira.Dubartoonni ammamillee baay’atan dhiiruma tokkotu gaha yaada jedhu ofkeessaa qaba.yaaduma olaantummaa warra dhiiraa ibsuufi dubartoota daran gadi xiqqeessu ta’uudha.

Walumaagalatti, mammaaksonni armaan olitti mammaakaman barbaachisummaa dubartootaa kan gadi xiqqeessuufi warra dhiiraa waliin walbira qabamanii yoo ilaalaman gatii xiqqoon kennameefii akka jiru kan namatti agarsiisudha.Haata’u malee, ilaalcha hawaasa keessa barteedhaan bu’uura tokko malee darbaa dabarsaan asgahe ta’uufi uumamaanis ta’ee saayinsiidhaan wanti dubartoota dhiiraa gadi godhu akka hin jirre hubachuun gaariidha.

#### **4.1.4. Mammaaksota amanamummaa dhabuu dubartootaa agarsiisan**

Akkuma beekamu deeffannoo kallattii adda addaan waliiti qabameen dubbiin dubartootaa qabatamaa akka hintaane mammaaksonni ibsan hedduun walitti qabamaniiru.Kanneen keessaa

gaafa 23/08/2014 Obbo Eebbisaa Darasuu jiraataa Aanaa Beddellee ganda Ilkee Qararoo kan ta'an irraa(23) **“Dubartiin ganama ijaartee galgala diigdi”** mammaaksi jedhu argameera.

“Dubartoonni yaada dhaabbataafi amanamaa ta'e hin qaban jedhamee amanama”.(Obbo Eebbisaa) Kanarraa wanti hubatamu, dubbiin dubartiin dubbattu qabatama hinqabu.Waan abdiin namaa kennu miti yaada jedhu qaba.Waan haata'u jedhanii irratti waliigalan diiguu danda'u, ammuma dubbatanii haalu waan jedhu ofkeessaa qaba.

Itti dabaluuinis obbo Eebbisaan,(24)**“Gaangeefi dubartiin hin amanamtu”** maammaaksa jedhu mammaakani.Mammaaksi kunis, gaangeefi dubartii waldorgomsiisee jira.Gaangeen horii manaa kotte duudaa ta'an keessaa hamtuudha. Yoo yaabbatanii deemanis carraan nama kuffisuu ishee bal'aadha. Nama dhiituunis ni beekanti.Kanaan walbira qabeetu dubartoota qeequu yaala.Akkuma yaada mammaaksa isa jalqabaa amanamummaa dhabuufi gaggaragalummaan yaadaa jiraachuu kaasa.Waan hunda irratti dubartoota ija shakkiitiin ilaaluu waan jedhu ofkeessaa qaba.Amalli namummaa warra dhiiraa irraa addatti dubartootaaf kenname jiraachuu baatus iaalcha hawaasa keessa ture waan ta'eef akkanatti kaasu.

(25)**“Dubartiin mana baatti malee amaanaa hin baattu”**,(26) **“Dubartiin raacitii bulchitii malee dubbii hin bulchitu”** mammaaksonni jedhanus afgaaffiidhuma obbo Eebbisaaf taasifameen argamaniiru.“Dubartoonni dubbii dhoksaa yookan iccitii qabachuu hin danda'an jechuudha”.(Obbo Eebbisaa)

Akka yaada armaan olii kanatti,mammaaksonni kunneen lamaanuu amanamummaa dhabuufi dubbii kan hin bulfanne ta'uu dubartootaa ibsa.Mammaaksa jalqabaarratti “Dubartiin mana baatti malee amaanaa hin baattu” yeroo jedhu, Silumayyuu dubartoonni mana bulchuu,qabiinsa manaa, maatiifi ijoollee isaanii kunuunsuurratti dorgomaa akka hin qabne beekamaadha.Kun gaarii ta'ee osoo jiruu garuu dhimmoota kanaaf kana fakkaataniin ala amanamummaa biroo akka hinqabnefi galfata baachuu akka hindandeenye lafa kaa'a.Mammaaksa lammataa irrattis waagaraatti qabataniin turuu dadhabuu dubartootaa lafa kaa'a.Kanaaf, dubartootatti iccitii yookan dhoksaa himachuun,matumaa dubbii balleessuu ta'uu ibsa.Walumaagalatti, obsa qabaatanii dubbii bulfachuu, iccitii qabachuu dadhabuu isaanii yaada ibsu ofkeessaa qaba.

Inni biraan, afgaaffii gaafa 29/08/2014 Obbo YoonasTakkaalinyiif taasifameen, qabiyyee adda addaa irratti mammaaksota hedduu argachuun danda'ameera.Kanneen keessaa qabiyyee kana

jalatti kan argaman, (27)“**Haasawaan dubartii gartokkeen soba**”,(28) “**Dubbiin dubartiifi udaan lukkuu burree hindhabu**” kanneen jedhan argachuun danda’ameera.“Dubbiin dubartootaa soba kan ofkeessaa hin dhabnedha jechuudha. (Obbo Yoonas)

Hiikoon yaadota kanaas, dubbiin dubartiin dubbattu qabatamummaa hinqabu, yaadota dhara ta’an yookan dhugaa hin taane ofkeessaa hindhabu kan jedhu ofkeessaa qaba.Dhugaan jiru kanuma jedhanii jala muruun yoo hindanda’amnes, mammaaksa jalqabaarratti waan dubartoonni dubbatan keessaa walakkaan dhara ta’uu kaasa.Yaanni ijoon mammaaksa lammaffaas yaada jalqabaarraa fagoo miti.Udaan lukkuufi dubbii dubartii walbira qabee haasa’a.Burree ta’uun udaan lukkuu uumama ta’uu mala.Haata’u malee, yaada kana akkanatti goolabuun rakkoo ta’us, akkuma udaan lukkuu burree ofkeessaa hindhabne dubbiin dubartiis soba ofkeessaa hindhabu yaada jedhu qaba.

Karaa biraas, mammaaksi,(29)“**Dubartiifi maraatuun qalbii hinqabdu**”jedhus afgaaffii taasifameen obbo Yoonas Takkaalinyirraa argame.Maraatuun nama waan godhu hin beekne, kan sammuutti hin jirredha.Dubartii maraatu nama qalbii hin qabne kanatti fakkeessa.Yoo akkanatti jala muramee hin qabatamnes, waan jedhan itti yaadani akka hinjenne, dubbiin isaanis, qabatama akka hinqabne, amanamaa akka hintaane ibsa.Hanga kana ilaalchi gadaantummaa dubartootaa ibsu hamaan hawaasa keessa jiraachuu nama hubachiisa.Walumaagalatti qabiyyee kana jalatti, kallattii adda addaatiin dubartoonni amanamummaa akka hin qabne yaadota kaasantu funaanamuun qaaceffame.

#### **4.1.5. Mammaaksota Madda Waldhabdee ta’uu Dubartootaa ibsan**

Akkuma barame mammaaksonni baay’een dubartoota akka madda waldhabdeetti kaasan jiraatanis kanneen filataman irratti akka itti aanutti qaaccessi gaggeeffameera.Gaafa 08/09/2014 Eeruu Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Beddellee irraa ka’uun qorataan, iyyaafannoo darbaa dabarsaan Obbo FedhasaaTuujiif afgaaffii gaafa 13/09/2014 taasiseen mammaaksota hedduu funaanuun danda’ameera.Kanneen keessaa, (30)“**Dubartiin sabbata nyaatti**” mammaaksi jedhu isa tokko. “Mammaaksi kun hammeenya dubartootaa irratti xiyyeeffata.Hammeenya garaatti kuusti, waan xiqqoo qabattee dubbii babl’isti jechuudha”.(Obbo Fedhasaa)

Ijoon mammaaksa kanaas, akka dubartoonni dubbii barbaadan, waan ta'uufis waan hin taanefis waan hunda ija ammeenyaan akka ilaalan kan ibsu ta'uu isaati. Dubbii soqu, yookan hammeenya yaadu jechuudha.

Inni biraan, (31) “**Dubartiifi ijoolleen nama walitti naqxi**” mammaaksi jedhus Obbo Fedhasaarraa argame. Dubbii karaa ijoolleefi dubartootaa dhufu hin qabbanaa'u, akkuma salphaatti madda waldhabdee ta'a jechuudha. Akka tasaa ta'ee ijoolleen ijoolleetti bu'uu dandeessi. Sun immoo isaan bira darbee maatii ijoollee sana walitti buusuu mala jechuudha. Akkasuma dubbii karaa dubartootaa dhufus akkuma salphaatti isaan bira darbee kan maatii kaan walitti buusu ta'uu mala waan ta'eef, ka'umsa walitti bu'iinsa namoota biroo ta'uu malu jecchuudha.

Dabalataanis, (32) “**Abiddi dubartiin qabsiifte hindhaamu**” mammaaksa jedhus Obbo Fedhasaarraa argachuun danda'ameera.” Dubbii dubartiin jalqabde dhaabbii hin qabu, dafee hin qabbanaa'u jechuudha” (Obbo Fedhasaa) Yaada kanarraa wanti hubatamu, wanti dubartootaan jalqabe dhaabbii akka hinqabne ibsa. Dubbiin karaa isaanii jalqabu, hamaafi kan dafee hin furamne ta'uu hubachuun ni danda'ama. Dafee tasgabbiin hin argame jechuudha.

Mammaaksi biraan obbo Fedhasaarraa argame, (33) “**Dhiirri dubbii dubartii fudhatu ollaan nagaa hinbulu**” kan jedhudha. Yaada kanarraa wanti hubatamu, dhiirri waan haati warraa isaa itti himtu hunda fudhatu, bahee olla isaan wallola jechuudha. Gabaabumatti, dubartoonni obsaan dubbii bira hindarbani jechuudha. Isaan waan humna isaaniitii ol ta'e galgala yeroo abbaan manaa galu itti himu, abbaan manaa sana dhagahu, dhugaadha jedhee fudhatu immoo olla isaan walitti bu'uu dhaqa jechuudha. Kana kan ollaan nagaa hinbulchine.

(34) “**Dubartiifi Sareen laagaa dheeratti**” mammaaksi jedhus, Obbo Fedhasaarraa kan argamedha. Mammaaksi kun dubartiifi saree walbira qabee jira. Sareen amalaafi hojii ishee waan ta'eef, ni iyyiti yookan ni dutti. Haala kanaan dubartootas madaaluu barbaada. Yaanni kun dubartootaaf dubbii jaalatu kan jedhu yoo ta'u, amalaafi hojii saree sanaan walbira qabee kan ilaaludha.

Inni xumuraa, (35) “**Dubartiin buddeen tolchiti malee dubbii hintolchitu**” kan jedhutu argame. “Waan qaban gadi hin dhiisani, haa hafu hin jedhani, dubbii babal'isu jechuudha”. (Obbo fedhasaa)

Yaanni kunis, dubartoonni dubbii babal'isuun gara wadhabdeetti geessu waan jedhu ofkeessaa qaba. Hojii dubartii qofa kan jedhamu yoo ta'uu baates, buddeen tolchuun hojii mana keessaa dubartootarra jiru keessaa isa tokkodha. Hojii ijoo isaan hojjetan kanaan yaada biroo walqabsiisee jira mammaaksi kun. Buddeen tolchuun hojii gaarii dubartoonni hojjetan ta'us, dubbii hin tolchan kan jedhu ilaalcha hawaasa keessa jiru malee dhugaa lafarra jirudha jechuun ilaalchicha tumsuu ta'a. Akka yaadaatti garuu, dubartiin dubbii qabde hingadhiistu, akka gaariittis hin hiikkattu waan jedhu ofkeessaa qaba. Yoo kana ta'e ammoo, dubbiin dubartoonni qabatan hin tolu, madda walitti bu'insaa ta'a yaada jedhudha.

Walumaagalatti, mammaaksotni armaan olitti qaaceffamanmammaaksota gadaantummaa dubartootaa ibsuuf mammaakamanidha. Baay'een mammaaksota kanneenii afgaaffii taasifameen kan argamanidha. Mammaaksonni kunneen ilaalcha hawaasni achii asdhufa dubartootaaf qabu kan ibsudha. Ilaalchonni kunneen immoo qaroomina hawaasni keenya yeroo ammaa irra jiruufi mirga dubartootaa akka biyyaattis ta'ee akka addunyaatti walqixxummaa dubartootaaf xiyyeeffannoo kennee irratti hojjetamaafi barsiifamaa jiru waliin kan deemu miti. Haata'utii ilaalchi kun hawaasa keessa har'as jira.

Kanaaf, baruma tokkotti ilaalcha maqu osoo hintaane, adeemsaan ilaalchota hawaasa keessatti hundee gadi fageeffatanii jiran kana hir'isuun nidanda'ama yaada jedhuun qorannoon kun kan gaggeeffame ta'a. Itti aansuun immoo mammaaksota cimina dubartootaa ibsuuf mammaakaman kan qaaceffaman ta'u. Mammaaksonni kunneen dhugaa dubartoonni qabaniifi caalaatti jabina isaanii kan ibsudha.

## **4.2. Mammaaksota Cimina Dubartootaa ibsani**

Hawaasni Oromoo achumaa asdhufa afoola isaan oolte bultee isaa, jiruuf jireenya isaa, gaddaafi gammachuu qabu, mormiifi deeggarsa qabu ibsataa asgaheera. Walumaagalatti, afoolli ibsituu eenyummaa saba tokkooti. Afooluma isaa kanaan waan qeequ qeeqa, waan deeggarus deeggara. Afooluma kanaan dubartoota kallattii adda addaan ibsa. Dubartoonni walakkaa hawaasa biyya keenyaa ta'uu irraan kan ka'e kallattii kamiinuu hirmaannaa dubartootaa malee hojii kamuu milkeessuun rakkoo ta'a.

Kanarra darbee immoo, bartee duubatti hafaa dubartiin hindandeessu jedhu ilaalcha hawaasaa keessa jiru dhawataan hambisaa deemuuf mammaaksota kanneen cimina isaanii ibsan

hawaasichumarraa walitti qabuun dhaloota barsiisaa deemuun, jila adda addaa iddoo maanguddoonni walitti qabamanitti, sagantaa gurguddaa irratti yoo xiqqaate Abbootiin Gadaafi Haadhooliin Siinqee dhimma qorannoo kanatti hirmaatan akka itti fayyadamaniifi barsiisan gochuun carraa guddaadha. Akkaatuma qabiyyee isaaniitiin duraa duubaan akka armaan gadiitti qaaceffamaniiru.

#### **4.2.1. Mammaaksota Beektuu ta'uu Dubartii agarsiisan**

Hawaasa Oromoo keessatti waa'een ogummaa kaanaan dubartoonni biraa hin hafani. Dhangaawwan adda addaa hojjechuun dubartoonni beekamoodha jechuudha. Waafala kaa'uufi rakkoo furuufis gahumsa cimaa qabu. Waan ta'eefis, ogummaa dubartoonni qaban ibsuuf mammaaksonni hedduun mammaakamaniiru. Isaan keessaa kanneen karaa adda addaa funaanaman haala itti aanuun qaaceffamaniiru.

Abbaa Gadaa Aanaa Beddellee kan ta'an Abbaa Gadaa Suutaa Mokonnin afgaaffii gaafa 15/08/2014 taasifameefiin odeeffannoo jabduu qorataaf laataniiru. Kanneen keessaa, **(36)** “**Beektuun dubartii olkeessee fudhatti**” mammaaksa jedhu fa'i.

Kana jechuun, aadaa qusannaa ibsuufis ta'ee ittiin barsiisuuf mammaaksa qabee hawaasichi ergaa isaa dabarfata. Karaa biraa, dubartiin egeree isheef yaaddu waan argattu irraa boriif olkaawwachuun yookan qusachuun, gaafa barbaadde kan yeroo bal'inaa olkeesse yeroo rakkinaa fuutee fayyadamti jechuudha. (A/G Suutaa Mokonnin)

Yaada kanarraa wanti hubatamu, ogummi dubartii gama waaqusachuutiin jiru kan dinagdee keessattillee gahee guddaa qabu ta'uu isaati. Waanuma qabanirraa waa olkaa'uun gaafa rakkinaa nama oolcha kanaaf, ogeettiin dubartii kan har'aa bira dabartee boriif kan yaadduufi kan kaleessaa olkeewwate har'a fudhattee itti fayyadamuu danda'uu ishee ibsa. Karaa biraatiin, dubartoonni aadaa qusannaa qabaachuu isaani ibsa. Dubartoonni dhiira caalaa waa olkaa'uun beekamu jechuudha.

Inni biraan Abbaa Gadaarraa argame, **(37)** “**Bakka dubartiin hin jirre dhangaan hin tolu**” mammaaksa jedhudha. Kanarraa wanti hubatamu, dubartiin harka toleettii akka taateefi oguma cimaa akka qabdu kan ibsudha. Dubartoota wanti adda godhu yoo jiraate, dhanga gaarii

qopheessuu danda'uu isaaniiti.Hojiin gama kanaan isaan keessa hinjirre milkaa'ina hinqabu yaada jedhu ofkeessaa qaba.

Dabalataan,(38) “**Haalaafi fala dubartii gaafadhu**” mammaaksa jedhu Abbaa Gadaarraa argachuun danda'ameera.”Dubartoonni dhiira caalaa gamnummaa waan qabaniif, akkaataa itti ariitiin rakkoo mudateef fala kaa'an qabu”.(A/G Suutaa) Kanarraa wanti hubachuun danda'amus, rakkoof furmaata kaa'uu akka danda'an, warra dhiiraas rakkoo isaan mudate keessatti deeggarsi dubartootaa cimaa ta'uufi yoo dubartootaan mariyatan furmaata argachuu akka danda'an hubachuun ni danda'ama.Rakkoo mudate furuu qofa osoo hintaane rakkoo dhufuuf jiruuf fala kaa'uu akka danda'an, waa fuula duratti raaguun fala akka danda'an kan nama hubachiisudha.

(39) “**Namni Waaqaafi dubartiin mariyate ni milkaa'a**” mammaaksi jedhus afgaaffiidhuma taasifameen Abbaa Gadaarraa kan argamedha.Mammaaksa kanarraas, wanti hubatamu, akkaafi akkaataa beekuu dubartootaa namatti agarsiisa.Kana jechuun haalaafi mala beekuu dubartootaa kan nama hubachiisu ta'uu isaati.Gabaabumatti, waan hojjetamu keessatti akkaa itti milkaa'uun danda'amu cimsanii beekuu dubartootaa bira darbee namni isaaniin mariyate hanga nama waaqa isaattii ofkennee milkaa'uu akka danda'u hubachuun ni danda'ama.

Dabalataanis, Haati Siinqee Aanichaas qabiyyee kanarratti mammaaksota hedduu afgaaffii taasifameen kennuu danda'aniiru.Afgaaffii kanaanis,(40) “**Wallaalee hingoone walhaaga'uuf malee jette haati marqaatti bishaan naqxee**”mammaaksa jedhu kennaniiru.”Yeroo harki qallate yookan waadhaban karaa salphaa ta'een maatii isaanii waliin gahuuf tooftaa fayyadamanidha”.(H/S Sukkaaree)

Yaada armaan olii kanaarraa wanti hubatamu yoo jirate,ogumaafi dandeettii dubartoonni waan qabaniin maatii isaanii bulchuu keessatti qaban kan agarsiisudha.Osoo danda'amee marqaatti bishaan hin nam'u ture, akka silaa hojjetamuu qabutti akka hin hojjenne harka gabaabatteetti.Iddoo silaa daakuun itti dabalamee hojjetamu bishaan itti naquun maatii ishee akka walgahu gochuu danda'uu dubartii ogeetti namatti agarsiisa.”Osoodhuma beeknuu huuba wajjin jette sareen” isa jedhuun walfakkaata.Wallaalaaf bishaan itti hin naqne, gaarii gochuu osuma beektuu harka gabaabbina ishee hubattee kanraawwate ta'uu hubachuun ni danda'ama.Kalaqaaf oguma gadifagoo hawaasichi ergaa barbaade tokko ittiin dabarfatu haaluma salphaan hubachuun ni danda'ama.

#### 4.2.2. Mammaaksota Barbaachisummaa Dubartootaa Agarsiisan

Afoolli qabeenya hawaasaati. Waan barbaade ta'e qeequufis haata'u deeggaruuf dhimma itti baha. Keessumaa immoo damee afoolaa kan ta'e mammaaksi hawaasicha keessatti beekamtiifi iddoo guddaa qaba. Kanumarraa ka'uun ammam dubartoonni iddoo guddaa akka qabaniifi barbaachisoo akka ta'an ibsuu yoo barbaadu mammaaksota itti aanan kan itti fayyadamu ta'uu odeeffannoo funaanameen hubachuun danda'ameera.

Haaluma kanaan, afgaaffii gaafa 28/08/2014 Aanaa Beddellee Ganda Oddootti Obbo Asaffaa Qana'aatiif barbaachisummaa dubartiis ilaalchisee waan hawaasichi gargaaramu yoo kaasan, (41) **“Dubartiifi dugdaan lafaa ka’u”** mammaaksa jedhu himaniiru.

Ergaa guddaan mammaaksa kanaa qaamolee hawaasaa keessaa dubartoonni hagam barbaachisoo akka ta'an ibsuuf kutaa qaama namaa keessaa dugdatti fakkeessee jira. Akkuma lafeen dugdaa guutummaa qaama namaa lafaa olka'ee dhaabachuu keessatti qooda guddaa qabu, jireenya hawaasaa keessatti gahee guddaa qabaachuu dubartootaa ibsa. Keessumaa jijjiirama gama dinagdeen jiruufi kanneen biroo qabatamaan argamsiisuuf gaheen dubartootaa olaanaa ta'uu hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, waan qaban kamittuu milkaa'uuf deeggarsi dubartootaa daran barbaachisaa ta'uu ergaa mammaaksichaarraa hubachuun ni danda'ama.

Itti aansuun afgaaffii taasifameen mammaaksi argame, (42) **“Buddeenni ittoo hinqabneeffi manni dubartii hinqabne tokko”** (43) **“Maatiin dubartiin keessa hinjirre mana cufaa hinqabneen tokkicha”** kan jedhudha.

Buddeenni ittoo hin qabne duwwaa ta'ee nyaachuuf rakkoo akkuma ta'u, manni dubartiin keessa hin jirres keessa jiraachuuf rakkoo ta'uu ibsa. Mana cufaa hin qabne abbaadhuma fedhetu seenee baha, mana akkasii qaba jechuunis rakkoodha. Maatiin dubartiin keessa hin jirres bittinnaa'aa ta'uu agarsiisa. (Obbo Asaffaa)

Yaadonni kun lamaanuu barbaachisummaa dubartootaa irratti ergaa walfakkaatu qabu. Yaanni guddaan mammaaksota kana lameeniis maatii yookan jireenya hawaasaa keessatti hagam dubartoonni barbaachisoo akka ta'an ibsuuf kan mammaakamudha. Buddeenni ittoo hinqabne duwwaadha nyaata ta'uu hindanda'u. Yoo nyaatamellee akkasumaan ta'a. Akkasuma manni dubartii hinqanes guutuu hinta'u jechuudha. Sababni isaa, mana dubartiin keessa hinjirre keessatti



maatii bulchuun, ijoollee guddisuun cimaadha. Mana dubartiin keessa hinjirre keessatti jireenya miidhagaafi guutuu ta'e jiraachuun akka hindanda'amne ta'uu kan hubachiisudha.

Ergaa guddaan yaada lammaffaas, barbaachisummaa maatii tokko keessatti dubartoonni qaban kan ibsudha. Manni cufaa hinqabne waan hundaafuu saaxilamaadha. Horiinis namnis seenee bahuu danda'a. Mana akkasii keessa jiraachaa nageenyas ta'ee qabeenya qabaachuun hindanda'amu. Kanaaf, maatii dubartiin keessa hin jirres kanatti fakkeessee jira. Maatiin dubartiin keessa hinjirre walitti qabamuu hindanda'u, rakkina adda addaafis saaxilamaa ta'a jechuudha. Dubartoonni malas falas qabu mana yookan maatii isaanii bulchuu keessatti. Waanta'eefis, sadarkaa kamittuu jireenya hiika qabu jiraachuuf dubartoonni sadarkaaf iddoo kamittuu barbaachisoo ta'uu mammaaksa kanarraa hubachuun ni danda'ama.

Inni biraan afgaaffii gaafa 28/08/2014 Obbo Asaffaa Qana'aatiif taasifameen argame, (44) **“Mana Onaa manna dubartii qalbii onaa wayya”** mammaaksa jedhudha. Yaanni kunis, mana onaa kan namni keessa hinjirreefi hanqina yaadaan tasgabbaa'uu qabdi jedhee yaadu tokkoon waldorgomsiisa. Ijoon yaada mammaaksa kanaas, dubartiin hanqina akkamiillee yoo qabaatte barbaachisummaan ishee homaanillee bakka bu'uu akka hindandeenye lafa kaa'a.

Akka yaadaatti nama qalbii hir'ata, tasgabbaa'aa miti jedhamee yaadamu waa amaanaa galmaan gaha jedhanii itti hin himataniis itti hin hidhatanis. Maaliif jennaan, namni akkasii har'a ijaaree bor diiga, dubbatee haala hin amanamu jechuudha. Haata'u malee, dubartiin garuu hanqinuma ishee waliin jiraachuunumti ishee qofti barbaachisaa ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Itti fufuun afgaaffii gaafa 13/09/2014 Aanaa Beddellee Ganda Oddootti Obbo Fedhasaa Tuujii taasifameen mammaaksota kanneen akka (45) **“Mukti baala malee manni dubartii malee hinbareedu”**, (46) **“Mana dubartii hinqabne titiisatu itti walhora”** (47) **“Dubartiifi loon malee qe'een hintolu”** jedhan kan argame ta'uudha.

Mammaaksonni kun sadeenuu barbaachisummaa dubartootaa irratti xiyyeeffatanii jiru. Miidhaginni dubartii waliin ta'uu, manni dubartoonni keessa jiran kan qulqullinni isaa eegamu akkasumas, qe'ee horiin jiru akkuma jiidha qabu, quufnis jiru, yoo dubartiifi loon hin jirre gadadoofi rakkina malee gaarummaan akka hin jirre kan ibsudha. (Obbo Fedhasaa Tuujii)

Yaanni kunis, jiruufi jireenya hawaasaa keessatti iddoo marattuu dubartoonni daran barbaachisoo ta'uu kan ibsudha. Ergaan waliigalaa mammaaksonni sadeenuu qabatanii jiran barbaachisummaan dubartootaa daran olaanaa ta'uu kan ibsudha. Mammaaksi jalqabaa mana dubartii hinqabne muka baala hinqabnetti fakkeessee jira. Mukti baala hinqabne ayyaandhabeessa ta'uu bira darbee carraa jireenya itti fufuu kan hinqabne; gogaa yookan goguuf kan qophaa'e ta'a. Jireenyi mana dubartiin keessa hin jirrees hangana hamaa ta'uu yaada ibsudha. Manni dubartii hinqabne ona, mana onaa keessatti immoo jireenya egeree yaaduun ulfaataadha. Mammaaksi mana dubartiin keessa hinjirre titiisatu itti walhora jedhus kanumaan walqabata. Jalqabarratti manni dubartiin keessa hinjirre ona yaanni jedhu ka'eera. Manni onaa immoo qulqullina hinqabu, qabaa gaariis hinqabaatu. Kanaaf gaarummaan dubartii waliini yaada jedhu qaba.

Dhumarratti, mammaaksi dubartiifi loon malee qe'een hintolu jedhus yaadota armaan olii waliin walfakkaata. "Qe'een horii jiidha" jedha Oromoon. Bu'aan horiirraa argamu danuu ta'uu isaarraan kan ka'e jireenyaaf gaariidha. Gaarummaa qabaachuun qe'ee dubartii qabuus kanatti fakkeeffamee jira. Walumaagalatti, ergaan ijoo mammaaksota kanneenii kallattii maraanuu jireenyi dubartoota malee hiika kan hinqabneefi barbaachisummaan dubartootaa daran olaanaa ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Inni biraan afgaaffii taasifameen argame, (48) "**Bakka dubartiin hinjirre nagaan hinjiru**" kan jedhuufi (49) "**Dubartii malee gadaan guutuu hinta'u**" kan jedhu ta'a. Yaanni mammaaksa jalqabaa dubartoonni nagaan buusuu keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaanii kan ibsudha. Silumayyuu dubartoonni jaalalaan kan beekaman ta'uun kutaa kana keessatti ka'eera. Kanaaf, dubartoonni yoo wanti hamaan dhufellee, amalaan qabanii, jaalalaan mo'atanii dubbii kan qabbaneessan ta'uu hubachuun ni danda'ama. Faallaa kanaa akkuma xiinxala kutaa jalqabaa taasifne keessatti ilaalle, akka waan dubartoonni madda walitti bu'insaafi jeequmsaa ta'anitti kan kaasu jiraatus, yaada ijoo mammaaksa kanaatiin immoo lafa dubartiin hinjirre nagaan akka hinjirre ni kaasa.

Kanaaf, nagaan buusuu keessatti iddoo guddaa qabaachuu dubartootaa akkuma salphaatti hubachuun ni danda'ama. Ijoo guddaan mammaaksi lammaffaa qabates, iddoo dubartiin hinjirre hir'inni wayii akka mul'atuibsa. Hojii kamuu keessatti qooda fudhannaan dubartoota hinjiru taanaan hanqinni kan jiraatu ta'uu yaada ibsudha.

Xummura irratti, (50) “**Warraaqsi dubartiin keessa hinjirre galma hingahu**” mammaaksi jedhus afgaaffiidhuma obbo Fedhasaaf taasifameen kan argamedha. Ergaa guddaan mammaaksa kanaas, yaadota armaan olitti ka’aniin adda miti. Dubartiin mala qabdi. Abbaan warraa yoo yaada tokkotti dhiphatee galu tasgabbeessee kan yaada furmaataa fidu yeroo hedduu dubartoota yookan haadha warraati. Kanaaf, galma gahinsa hojii tokkootiif gaheen dubartootaa xiqqaa akka hintaane kan ibsudha. Sochii kamuu keessatti dubartoonni qooda guddaa qabaachuu agarsiisa. kanaaf, haala kamuu keessatti dubartoonni daran barbaachisoo ta’uu hubanna.

Walumaagalatti, mata duree kana jalatti kallattii hundaanuu barbaachisummaan dubartootaa guddaa ta’uufi dubartii malee milkaa’inni, miidhaginniifi gammachuun akka hinjiraanne hubachuun danda’ameera. Iddoo dubartiin hinjirre qaawwi yookan hanqinni akka jiraatu ta’uu ergaa mammaaksota kanaarraa hubachuun ni danda’ama.

#### **4.2.3. Mammaaksota Haxxummaa Dubartootaa agarsiisan**

Afoolli dhoksaa hawaasa keessa jiru diigee baasuu keessatti iddoo guddaa qaba. Keessumaa immoo hawaasni Oromoo afoolatti haalaan dhimma baha. Mammaaksi immoo damee afoolaa keessaa tokko ta’uu isaarraan kan ka’e, hawaasa Oromoo biratti beekamtii guddaa qaba. Karaa kallattiinis haata’u alkallattiin waan barbaade ittiin ibsata. Kanarraa ka’uunis, malaafi fala dubartoonni qaban irraa ka’uun haxxummaa isaan qaban ibsa. Qorataanis, kanuma bu’uura godhachuun haala hawaasicha keessa jiru akka itti aanutti funaanee xiinxaleera.

Afgaaffii gaafa 15/09/2014 Aaddee Fallaqach Bafiqaaduu itti gaafatamtuu waajjira dhimma dubartiif daa’imman aanichaaf taasifameen abshaalummaan dubartootaaf kennaadha jechuun jalqaban. (51) “**Nabutuun kee hin oollee nan godhiin ijoollee jette abshaalli durbaa gateetti olbaatee**” mammaaksa jedhuun jalqabde.” Osoo na hin rakkisiin suutuma nafudhuu gali waan jettu fakkaata” (Adde Felleqech) Akka mammaaksa kanarraa hubatamutti, butiin karaalee sirni fuudhaafi heerumaa bifa dirqii qabu yookan fedharratti hinhundoofne itti gaggeeffamu keessaa isa tokkodha. Dhoksaan mammaaksa kana keessa jiru inni guddaan, adeemsi butii sun adeemsa dirqisiisuu kan ofkeessaa qabu ta’us, fedha qabaachuun ishee kan hinoolle ta’uutu hubatama.

Kanaaf, fedha qabaachuu ishee kallattiin ibsuuf safuu jiruuf qaanfatti. Karaa biraa immoo, gatii namoonni kun isheef kennan gadi buusuu danda’a. Kanaaf jecha tooftaa qabdutti fayyadamuun, eega ta’uun isaa hin oollee asiifi achi nabuttee na hinrakkisiin, akka ijoollees akkana na

hinbaatiin suutuma ofiinuu nan deema yaada jedhu dabarfachuu barbaaddeetu akka ijoolleetti baatamuu nama jibbe fakkeessitee dubbatti.

Mammaaksa (52) **“Naaf hin hirre jette jaartiin marqaa gurroo olfixxee”** akkasumas, (53) **“Fayyaan haa nyaatu jette jaartiin kijjoo maraa sagal fixxee”** jedhus, Adde Fallaqach irraa argame. Mammaaksonni kunis dhoksa guddaa ofkeessaa kan qabuudha. ”Haaxxummaa jabaa dubartoonni qaban kan mul’isudha. Hanga dandeessu nyaatee quufeera jechuurra, tooftaa uummatte agarsiisa”.

Yaadichi karaa tokko waakkannaa yoo fakkaatuyyuu, hanga dandeessu nyaatee erga quuftee booda; nyaadhu naan hin jenne, fayyaan haatu, qooda koo miti jechuu ishee ibsa. Marqaan gurroo ol dhume yookan kijjoo maraa sagal dhume salphaa miti. Hanga kana nyaadheera jechuun qaaniis waan ta’uuf, tooftaadhaan jecha jalaa bahuufis kan fayyadamte ta’uun ni hubatama. Walumaagalatti xiinsamuu jabaafi waa atattamatti jijjiiruu danda’u qabaachuu dubartootaa ibsa.

Inni biraan Aadde Fallaqach irraa argame, (54) **“Asuu oolle jette kan heerumaaf muddamte”** mammaaksa jedhudha. ”Ariitii heeruma sanaaf qabdu ibsachuuf tooftaa fayyadamtedha malee, achi ooluun rakkoo itti taanaan miti”. (Adde Fallaqach) Yaada kanarraa akka hubatamuun danda’amutti, intalli heerumaaf qophooftaati, haata’u malee misirtoon ariitii isheen barbaadduun dafee dhufee ishee fudhachuu hindandeenye. Yeroo kanatti warra misirrootu dhufuu dideen qaaniis waan ta’uuf, karaa salphaafi oguma qabuun ergaa ishee dabarfachuu isheetumul’ata.

Itti dabaluun, (55) **“Abshaalli dubartii gabaa galtee ashaboo liqii gaafatti”** mammaaksi jedhus Aadde Fallaqachirraa argame. Dubartii gabaa dhaqxe mana isheef waan barbaachisu hanga humni ishee danda’u, bitattee ni galti. Haata’u malee, tooftaa qabdu fayyadamtee waan qabdu qusachuuf jecha, gabaa galtee olla liqii gaafachuu isheetumul’ata. Kunis, mammaaksa **“Midhaan warra gowwaa bona bona nyaatuu, midhaan warra gamnaa ganna ganna nyaatu”** isha jedhuun walfakkaata. Gowwaan bona midhaan waan dhumu waan itti hin fakkaanneef, waan ta’uufis, waan hintaaneefis waan qabu bittimsee fixa. Gamni immoo akka yeroo bonaa haalli akka hin mijanne, waan beekuuf waan qabu qusatee yeroo rakkinaaf olkaa’achuutu mul’ata. Dhimmi kun akkaataa qusiillee walii isaa barsiisuuf hawaasichi kan itti

gargaaramu ta'uu hubachuun ni danda'ama. Akkuma kana dubartiin haala mijataa gabaa keessaa waan barbaadde osoo bitachuuf qabduu malaan kan ishee qusachuuf kan gargaaramte ta'uun ni hubatama.

Xumura irratti, afgaaffii taasifameen (56) “**Ani ofiif mitii gurbaan kun fuudha kajeleera**” jette intalli gurbaa kajeeltee mammaaksa jedhu (Adde Baqqaluu) irraa argachuun danda'ameera. Mammaaksa kanarraas wanti hubatamu oguma gadi fagoo falaasama Oromoo mul'isa. Gurbaa kanatti heeruma kajeleera jechuuf safuu cabsuu ta'a. Waan ta'eef, haxheen intalaa karaa gurbaa feetu sana itti harka galfattu kalaqxee cinaan ergaa ishee akkamitti akka dabarfattu kan agarsiisudha. Safuun hawaasichaas hincabnee, ergaa ishees dabarfachuunis hin hafne. Dhagaa tokkoon sinbira lamaan isa kana.

Gaafuma 15/09/2014 afgaaffii Aaddee Jamaanee Iddoosaatiif taasifameen dhimmoota mammaaksota dubartootaan walqabatan irratti barteen kun kaleessuma kan tureefi bartee cabuu qabu garuu hanga har'aatti xiyyeeffannoo dhabee gangalatee asgahedha jechuun kaasaniiru. Kanumarraa ka'uun, qabiyyee kana ilaalchisuun abshaalummaa dubartootaa haala itti hawaasichi ibsu yoo kaasan (57) “**Barri baranaa bara nuugiitis jette jaartiin xaafii fixxee**” mammaaksa jedhu kennaniiru.

Kun kennaa dubartoonni rakkoo isaan quunname jalaa atattamaan bahuuf qabanidha. Xaafiin sanyii facaasaaf olkaa'amedha. Akkuma aadaattuu sanyii nyaachuun ammoo kolfa. Rakkina kanaa jalaa bahuuf tooftaa cimaan isheen uummatte, karoorri xaafii facaasuu gara nuugiitti akka jijjiiramu tooftaa uumuudha. Isheenis kanuma goote. (Adde Jamanee)

Yaada kanarraas abshaalummaa badii ofii ittiin dhokfachuuf dubartii abshaalli tokko fayyadamtu kan mul'isudha. Akka aadaa oromooti sanyiin hin nyaatamu. Dubartiin sanyii nyaattes hawaasicha biratti kabaja hinqabaattu. Kana hunda jalaa bahuuf jecha dirqama fala falachuun dirqama. Xaafiin sanyiif kaa'ame dhumeera. Kanaaaf, barri baranaa bara xaafii mitii bara nuugii waan ta'eef waa'ee xaafii na hin gaafatiinaa ergaa jedhu malaan dabarfachuu ishee mul'isa. “**Malli dubartii dhagaa ura**” jechuun kan mammaakanis isuma kana. Tooftaa cimaa waa jijjiiruufi amansiisuu irratti isaan qaban kan agarsiisudha. Itti dabaluuinis, afgaaffuma taasifameen;

(58)“**Dubartiin mana qabdu fala hindhabdu**” mammaaksa jedhus (Adde Baqqaluu) irraa argameera.”Waan ishee quunnamu kamiifuu fala kaa’uu dubartootaa kan ibsudha”.(Adde Baqqaluu) Yaanni kunis, jiruuf jireenya ishee keessatti dubartiin yeroo hundumaa haala hundumaa keessatti waan ishee mudatuuf fala battalaa kennuu danda’uu ishee kan mul’isudha.(59) “**Humna akka bishaanii mala akka dubartii siif haa kennu**”jechuun Oromoon kan mammaaku ta’uus itti dabalaniiru.Dhahaan bishaanii baay’ee jabaadha jirma gurguddaa gangalchee baatee deema.Abshaalummaan dubartiis kanatti fakkeeffamee jira.Ijoon mammaaksa kanaas, hamman dubartoonni tooftaa guddaa akka qabaniifi abshaalota akka ta’an kan ibsudha.

Walumaagalatti, yaadonni armaan olitti ka’an abshaalummaa cimaa, kennaa addaa rakkoo isaanis ta’ee nama biroo mudate furuuf qaban kan agarsiisudha.Mala beekuu, fala battalaa kaa’uu danda’uu isaanii ibsa.

#### **4.2.4. Mammaaksota jaalalaafi barbaachisummaa haadhaa ibsan**

Akkuma ibsamuuf yaalametti,haati mallattoo jaalalaati.Maqaan haadhaa kaanaan jaalala isheen dhala isheef qabdu, lubbuu ishee yoo ta’eyyuu hin waakkattu. Kanuma bu’uura godhachuun, marii garee gaafa 22/08/2014 (Abbaa Gadaa Suutaa Mokonnin, H/S Sukkaaree Raggaasaa, Takkaalinyi W/mikaa’el, Baqqaluu Biraanuu, Tigist Maammoo, Bayyanaa Ittaanaa) fa’aa waliin taasifameen mammaaksota hedduu funaanuun danda’ameera.

Bu’uuruma kanaan,(60) “**Jaalannaan akka haadhaa jabaannaan akka dhagaa**” mammaaksi jedhu (Adde Tigist Maammoo) irraa argameera.”Kana jechuun jaalalli haadhaa baay’ee cimaafi kan homtuu; dhabuunis argachuunis hin jijjiirredha’. (Adde Tigist)

Yaada kanarraa wanti hubatamu jaalalli haadhaa kan mudaa hin qabne ta’uudha.Mammaaksa kanaan jaalala haadhaafi jabina dhagaa walbira qabee jira Yaada kanarraa akkuma hubachuun danda’amutti,jabinni dhagaa hagam akka cimaa ta’e beekamaa yoo ta’u, jaalalli haadhaas daraan cimaa ta’uu hubachuun ni danda’ama.Jaalalli haadhaa homaanuu kan bakka hin buune bu’uura cimaa qabaachuutu hubatama.Jaalalli haadhaa sadarkaa kamirrattiyyuu garaagarummaa kan hin qabaanne ta’uun beekamaadha.

Mammaaksi biroon marii kanaan argame, (61) “**Ilmoon haadha malee manni utubaa malee hin tolu**” kan jedhudha. Akkuma manni utubaa malee dhaabachuu hindandeenye yookan yoodhaabates hundee hinqabaanne, ilmoonis haadha malee jiraachuu hindandeessu, yoo jiraattes jireenya gaarii hiika qabu jiraachuu akka hindandeenye hubachuun ni danda’ama. (Adde Baqqaluu Biraanuu)

Yaanni armaan olii kunis, maatii keessatti barbaachisummaan haadhaa olaanaa ta’uu agarsiisa. Manni utubaa malee mana ta’ee turuun akkuma nama shakkisiisu, ilmoonis haadha malee haala gaariin guddattiin gaaffii jala nama galcha jechuudha. Maaliyyuu taatu haati barbaachistuu ta’uu ishee yaadicharraa hubachuun ni danda’ama.

(62) “**Namni haadha qabu nama waaqa qabu**” mammaaksi jedhus marii garee kanarraa kan argamedha. ”Waaqa qabaachuun ammam waan hunda qabaachuu akka ta’e beekamaadha. Mammaaksi kunis ammam haati barbaachistuu akka taate fakkeenyummaa Waaqaatiin kan hubachiisudha”. (Obbo Bayyanaa Ittaanaa)

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda’amutti, namni waaqa qabu nama waan hundumaarratti abdi qabaachuu kan ibsudha. Sababni isaa waaqa isa waan hundumaa kennuu danda’u qaba waan ta’eef. Kanaaf, namni haadha qabus akkuma nama waaqa qabuu kan ilaalamu ta’uu nama hubachiisa. Kanaaf, namni haadha qabu akka nama rakkina hinqabneetti ilaalama.

Inni biraan marii garee kanaan argame, (63) “**Haati ballaa yaa bakkalcha koo jetti**”, (64) “**Haati naafaa yaa shininniqaa koo jetti**” mammaaksota jedhudhan fa’i. ”Mammaaksota kana lamaan irraayyuu wanti hubatamu, jaalala guddaa haati ilmaan isheef qabdu kan agarsiisudha. Mudaa kamillee qabaachuun jaalala haadhaa hin hir’isu”. (H/S Sukkaaree Raggaasaa)

Yaanni armaan olii kunis, haati ilmoo ishee jaalala cimaa qabaachuu mul’isa. Haati ballaa yaa bakkalcha koo jetti yaanni jedhu kun waa’een ija tokko ta’uu mucaa ishee kan itti hin mul’anneefi maaliyyuu ta’u haadhaaf ilmoon ishee maaliinuu kan hingeddaramne ta’uu kan hubachiisudha. Namni bakkalchatti fakkeeffamu nama ija gurguddatu, bareeduufi daran miidhagina qabudha. Haata’u malee, jaalala qabduufirraa kan ka’e hanqinni mucaa ishee itti hin mul’anne.

Haati naafaa yaa shininniqaa koo jetti inni jedhus akkuma isa jalqabaa mudaan yookan hanqinni mul'atu kamiyyuu osoo ishee hindaangessiin jaalala ho'aa haati mucaa isheef qabdu kan ibsudha. Walumaagalatti, jaalalli haadhaa mudaa kan hinqabneefi homaanuu kan hingeddaramne, bal'innis dhiphinnis, bareedinnis, fokkifnis jaalala haadhaa kan hin jijjiirre ta'uu kan hubachiisudha.

Itti dabaluuun mammaaksi marii kanaan argame biroon, (65) **“Haadha dhabuu manna haadha dhabduu wayya”** kan jedhudha. Mammaaksi kunis ammam haati barbaachiftuu akka taate kan ibsudha. Haati iyyeettiillee taatu ilmoo isheef akka barbaachiftuufi gaarii haadha ormaarra iyyeettiin haadh ofii akka caaltu ibsa. Haati qabeenyaafi beekamtii gurguddaa biraan bakka akka hin buune kan hubachiisudha.

(66) **“Abbaan muka dalgaati haati utubaa manaati”** kan jedhus mariidhuma kanaan kan argamedha. ”Kana jechuun maatii tokkoof abbaa caalaa haati barbaachiftuu ta'uu kan ibsudha”. (Obbo Takkaalinyi) Yaanni kunis barbaachisummaan haadhaa daran cimaa ta'uu ibsuuf maatii tokko keessaa haadhaafi abbaa waldorgomsiisee jira. Manni utubaa malee mana ta'ee dhaabachuu hindanda'u. Haati kanatti fakkeeffamtee jirti. Manni yookan maatiin haatiwarraa keessa hin jirres akka mana utubaa hinqabneeti jechuudha. Dagaleen barbaachisummaa qabaatus hanga utubaa miti. Abbaan jiraachuun gaarii ta'us barbaachisummaan haadhaa kan caalu ta'uu hubachuun ni danda'ama. Hoggansaafi kunuunsa maatii keessatti haati iddoo olaanaa qabdi.

Mammaaksi biraan, (67) **“Haati ofii kafana ofiiti”** kan jedhudha. ”Kafanni qullaa namaa kan dhoksudha. Qullaa dhoksuu bira darbee miidhaginaafillee ni tajaajila. Akkasuma haatis jaalala, mudaa namaa dhoksiti”. (Adde Baqqaluu) Alattis ta'ee manatti, fagoottis ta'ee dhiyootti kafanni daran barbaachisaadha. Egaan hanguma kafanni qullaa dhoksu haati immoo mudaa namaa dhoksiti. kanaaf iddoon haadhaaf kennamu hanga kana olaanaa ta'uu kan nama hubachiisudha. Haati mudaa ilmoo ishee bakkeetti baastee mul'istu hin jirtu jechuudha.

(68) **“Waaqaafi haadhatti baqatu”** mammaaksi jedhus marii garee taasifamerraan kan argamedha. (A/G Suutumaa)

Uumaa waan hundumaa isa ta'e waaqatti fakkeeffamtee jirti haati. kunis, deeggarsiifi oolmaan haadhaa olaanaa ta'uufi rakkina dhufu irraa kan nama oolchitu ta'uudha. Rakkoo beelaas haata'u, rakkoo daaraa hanga humna isheetti haati ilaaltee garaa jabaattu



hinjirtu.Kanaaf uumaafi oolchaa waan hundumaa isa ta'e waaqatti fakkeeffamtee jirti.(A/G Suutumaa)

Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubachuun danda'amutti,haati da'oo iddoo baqaa, oolchituu gaafa rakkinaa ta'uu ishee ibsa.Haati garaatti ilmoo isheetti jabaattu hin qabdu.Hangamillee badii yoo qabaate, haati ilmoo ishee dabarsitee hamaatti kennitu akka hinjirre ibsa.

Xumura irratti, (69) “**Haadhaafi biyya ofiitiin boonu**”mammaaksi jedhu argameera.(A/G Suutumaa) Biyya ofii keessa seenaafi eenyummaatu jira.Mammaaksi kunis biyyaafi haadha waldorgomsiisee jira.Namni biyya qabu seenaa, dudhaafi eenyummaa ittiin beekamu qaba.Akkasuma namni haadha qabus gammachuufi ofittii amanamummaa cimaa akka qabaatu yaada kanarraa hubachuun ni danda'ama.Sababni isaas, galaan biyya ormaa waan ittiin boonu hinqabaatu, namni haadha hinqabnes akkasuma gammachuu guutuu qabaachuun hindanda'u jechuudha.

Walumaagalatti, qabiyyee kana jalatti jaalalaafi barbaachisummaa haati qabdu xiinxaluun danda'ameera.Haati ofuma isheetiif jaalala, naamusaafi jaalala guddaanis maatii ishee bulchiti.Jireenyi haati keessaa qooda hinqabaanne jireenya dukkanaafi gammachuu hinqabne ta'uus hubatameera.kanaaf, maatii tokkoof haati daran barbaachistuufi homaanuu kan bakka hinbuune ta'uu hubachuun danda'ameera.

#### **4.2.5. Mammaaksota oguma qabaachuu yookan harka toleeyyii ta'uu dubartootaa ibsan**

Qabiyyee kana ilaalchisuun marii garee gaafa 22/08/2014 Abbootii Gadaa,Haadholii Siinqeefi Maanguddoota buleeyyii waliin taasifameen, mammaaksota hedduu hawaasichi itti fayyadamaa tureefi itti fayyadamaa jiru funaanuu danda'eera qorataan.Namoota marii taasifame keessatti argaman keessaa H/S Sukkaaree Bantii (70) “**Bunni dubartiin danfistu cabaa fayyisa**” mammaaksa jedhu kannaniiru.”Oguma buna gaarii danfisuu dubartii kan agarsiisudha”.(H/S Sukkaaree Bantii)

Kanarraa wanti hubatamu, buna danfisuun gahee dubartii qofa yoo ta'uu baates, dubartoonni ogummaa cimaa qabaachuu isaanii yookan harkatoleeyyii ta'uu kan ibsudha. Buna dhiirris danfisuu kan danda'u ta'us, kan dubartiin danfistu adda ta'uufi gaarii ta'uu ibsa.

Marii kanaan itti fufuun,(71) “**Dubartii jechuun harka Saree jechuun sagaleedha**” kan jedhus (H/S Sukkaaree)’n kennaniiru.

Kana jechuun dubartii jechuun kan oguma hojii mana keessaa gaarii qabdu, nyaataa yookan ittoo gaarii qopheessuu kan dandeessu, mana ishee illee haala gaariin qabachuu kan dandeessu jechuudha.Akkasuma sareen illee kan guddifamtuu naannoo akka eegduuf, akka dattuufi yoo hin taane jiraachuun ishee gatii hin qabaatu.Dubartiinis, harka hin toltu oguma kana hin qabdu taanaan akkasuma jechuudha. (H/S Sukkaaree Bantii)

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamu,hammam barbaachisummaan dubartootaa oguma isaani waliin akka walqabatu kan agarsiisudha.Dubartummaan maaliin akka ifu akkasumaas barbaachisummaan saree maaliif akka ta’e lafa kaa’ee jira.Aadaadhumaan dhiirri tokko durba yeroo ilaallatu gaaffii guddaan oguma harkaatti akkami? Waan jedhu gaafata.Karka toleettii ta’uu ishee adda baafata jechuudha.Kanaaf, dubartii gaariin oguma gaarii kan qabduufi kaamettii kan taate ta’uu hubachuun ni danda’ama.Akkuma sareen mana hin eegne, hindunne barbaachisummaan ishee laafaa ta’u, dubartiinis yoo harka toleettii hintaane fudhatamni ishee ni laafa jechuudha.

Marii kanarratti kan argaman Abbaa Gadaa Suutaa Mokonninis (72) “**Bakka dubartiin hinjirre dhangaan hintolu**” mammaaksa jedhus kennaniiru.Mammaaksi kunis akkuma kanneen armaan olii dubartoota oguma isaaniin kan leellisudha.Kanarraa ka’uun nyaanni gaariin yookan dhangaa gaariin dubartootaan kan hojjetamuufi yoo dubartoonni hinjiraanne kun hundi kan hinjirre ta’uu kan ibsudha.

Inni biraan marii kanaan Abbaa Gadaa Aanichaarraa argame, (73) “**Manni dubartiin ijaarte hin jigu**” mammaaksa jedhudha.Mammaaksa kanaanis, dubartoonni qabiinsa manaa gaarii akka qaban, oguma mana isaani akka gaariitti bulchuufi hogganuu akka qaban kan ibsudha.Adeemsa mana isaani bulchuu keessatti bu’uura gaarii kaa’uu warra danda’an ta’uu isaani hubachuun ni danda’ama.

Itti dabaluniis,Abbaan Gadaa (74) “**Qe’ee dubartii kaamettii urgooftuu funaannatu**” jechuun oguma dubartootaa ilaalchisee yaada dhiyaatetti dabalaniiru.Mammaaksa kanarraa wanti hubatamuun danda’amu, kaamettiin dubartii harka toltu, qulqullina mataa isheefi mana ishee

naannoo ishee sirriitti eeggattu jechuudha. Waanta'eef, qe'een ishee miidhagina kan qabuufi biqilaan adda addaa wanti barbaachisaa ta'ee naannoo qe'ee isheetii hindhibu. Kanaafi qe'ee dubartii gaarii waan gaariin akka jiru ibsuuf kan mammaakamedha.

Walumaagalatti, jiruufi jireenyi dubartoonni qooda keessaa hin qabne gaarii akka hin taane, dubartoonni oguma akka qabaniifi karaa adda addaa isaan kana ibsuuf akkamitti hawaasichi akka dhimma bahu mammaaksonni ibsan qaaceffamaniiru.

#### 4.2.6. Mammaaksota Kabaja Dubartootaa ibsan

Hawaasni kamuu aadaafi duudha mataasaa kan ta'e kan ittiin beekamu qaba. Aadaafi safuu isaa waan ta'eef, hawaasni Oromoos dubartootaaf kabaja qabu karaa adda addaa ibsata. Akkuma beekamu dubartiin haadha, obboleettiidha, mucaadha, haadha warraatisi. Kanaaf, kabaja, lagannaafi safuu guddaa qabu dubartoonni. Oromoon gaafa dubartootaaf safeeffatu, “**dubartii dura laga hin ce'ani**”, “**bishaan dheebuullee dubartii dura hindhugani**” jedha. Kun kabaja guddaa hawaasicha keessatti dubartoonni qaban kan ibsudha. Ijoo guddaan qorannoo kanaas, yaadota akkasii hawaasicha keessatti akka babal'atuufi lafa qabatu gochuudha. Kanumarraa ka'uudhaanis, mammaaksota barbaachisummaa dubartootaa ibsuuf hawaasicha keessatti mammaakaman akka itti aanutti qaaceffamaniiru.

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti, waan dubartootaan walqabatu kamuu ibsuuf kallattii adda addaatiin akkaataa hawaasichi gargaaramu ilaalamaa tureera. Kanumarraa ka'uun qabiyyee kana jalattis kabaja dubartootaan walqabsiisee hawaasichi mammaaksota inni gargaaramu armaan gaditti ilaalla.

Marii garee gaafa 22/08/2014 taasifameen Abbaa Gadaa Suutaa Mokonnin (75) “**Bishaan dheebuu dubartii dura hindhugan**” mammaaksa jedhu erga kennanii booda, bulchiinsa sirna Gadaa keessattis dubartoonni iddoo guddaa akka qaban eeraniiru. ”Adeemsa kamuu keessatti dursi, angafummaan dubartootaaf kan kennamu ta'uu kan ibsudha”. (A/G Suutaa)

Yaada kanarraas wanti hubatamu, ulfinaafi kabaja guddaa dubartoonni hawaasicha keessatti qabanidha. Sirna bulchiinsa isaa keessattis aadaa dubartootaaf dursa kennuu qabaachuu hawaasichaa kan agarsiisudha. Kanaaf Oromoon yeroo mammaaku, “**Dubartii dura karaa hindeemanii, Dubartii dura laga hince'enii, Dubartii ulfaa duras hinqaxxaamurani**”

jedha.Kun marti kabajaafi ulfina aadaa hawaasichaa keessatti dubartootaaf godhamu kan agarsiisudha.Dubartii dura darbamee wanti tokkollee ta'uu akka hindandeenye kan ibsudha.Saayinsii ammayyaa keessattis “dursi dubartootaaf “ dhaadannoon jedhu jira.Kun kan ibsu hawaasa keenyatu saayinsiirraa fudhate osoo hintaane, aadaafi duudhaan hawaasa keenyaa bu'uura saayinsii ammayyaa ta'uu kan hubachiisudha.Bu'uurri qaroominaafi beekumsa addunyaa hawaasicha ta'uun waan walnama gaafachiisu miti.

Yaaduma kanaan kan walqabatu, (76)“**Garaafi dubartii ofduratti ilaalu**” mammaaksa jedhus Abbaan Gadaa itti dabalaniiru.”Aadaa isaa keessatti Oromoon safuufi kabaja dubartootaaf qabuuf jecha karaallee yoo deemu dubartii fuuldura kan hin deemne ta'uu kan ibsudha”.(A/G Suutaa Mokonnin)

Yaanni kunis dursa dubartootaaf kennamu kan ibsudha.Sochii jiruuf jireenyaa taasifamu kamuu keessatti dursi dubartootaaf kan kennamu ta'uudha.Walqixxummaa addunyaan jaarraa 19ffaa booda itti dammaqxe Oromoon durumaan aadaa godhatee kan ittiin walbulchaa ture ta'uu afoola isaarraa hubachuun ni danda'ama.

Itti dabalun mammaaksota Abbaan Gadaa qabiyyee kana jalatti kaasan keessaa (77)“**Baraafi dubartii dura hin dhaabbatani**”mammaaksa jedhudha.Bara dhufee darbu namni yookan teekinooloojiin qabee dhaabu tokkollee hinjiru.Akkuma kana murtoo dubartii, yaada isaan kennan kan mormu jala kan dhaabatau kan hinjirre ta'uu hubachuun nidanda'ama.Yaadi kunis kabajaaf ulfina guddaa hangana gahu qabaachuu dubartootaa kan ibsudha.

Xumura irratti manguddoon marii kana irratti hirmaatan,(78) “**Ciminniifi ulfinni dubartii waliini**”mammaaksa jedhu kaasani. “Akkuma dhiira cimaa duuba dubartii cimtuutu jira jedhamu, milkaa'ina kamiifuu dubartoonni barbaachisoo ta'uu yaada ibsudha”.(A/G Suutaa) Yaada kanarraas wanti hubachuun danda'amu, dubartiin kaaniifillee gaachana akka taate kan ibsudha.Milkaa'inni dubartiin ala akka hinjiraanne yaada ibsudha.Kanaaf, “jabinni dhiiraa dubartii alatti kan hin jirre ta'uudha.

Itti dabalunis,(79) “**Dubartiin faaya dhiirati**”mammaaksa jedhus maree kanarraa argachuun danda'ameera.”Dubartii malee hin bareedani jechuudha.(Obbo Bayyanaa Ittaanaa) Mammaaksa kanarraa wanti hubatamu, akkuma milkaa'inni dubartii waliin ta'uu ilaalle miidhaginnis dubartii

waliin ta'uu hubachuun ni danda'ama.Dhiirri qophaa akka hintolle keessumaa immoo miidhagina dhiira duuba dubartiin jabduun jiraachuu hubachuun ni danda'ama.

**(80) “Haadhaafi biyarratti hinqoosamu”** mammaaksi jedhus mariidhuma gaafa 22/08/2014 gara dhumaatti taasifameen kan argamedha.

Lafa kanarratti haadha ofii fi biyya ofiin kan qixxaatu akka hin jirre kan ibsudha.Haati homaanuu hin geeddaramtu,garaan haadhaa tokkuma.Gatiin haadhaa homaattuu tilmaamuu hin danda'u.Biyyi ofiis akkanuma, gaarii biyya hormaarra yartuu biyya ofii wayya.Kanaafi, lamaan isaaniittuu hin qoosamu kan jedhameef.(Obbo Bayyanaa)

Yaanni armaan olii kunis, kabajumaafi safuu dubartootaaf taasifamu kan agarsiisudha.Dhimmi biyyaa gaafa ka'u waan filannoo hinqabne, dhimma eenyummaa ofii akka ta'e beekamaadha.Haatis akkasuma, haadhaan wanti madaalamuu danda'u tokkollee hinjiru.Kanaafuu wanta homaanuu bakka bu'uu hindandeenye kanaan qoosaan akka hin danda'amne mammaaksa agarsiisudha.Qabiyyee kana jalatti yaadonna ka'an hundinuu kabaja guddaa hawaasicha keessatti achii asdhufa taasifamaa dhufeefi ammas taasifamaa jiru ta'uu kan nama hubachiisudha.

Walumaagalatti, qorannoo kana keessatti mammaaksota dubartoota bu'uureffatanii mammaakaman bakka lamatti qooduun xiinxaluun danda'ameera.Isaan kunis, mammaaksota dadhabbina dubartootaa bu'uureffatanii mammaakamanii mata duree xixiqqaa shan jalatti akkasumas kanneen cimina dubartootaa bu'uureffatanii mammaakaman mata duree xixiqqaa jaha jatti qooduun xiinxaluu danda'eera qorataan.Qabiyyeewwan kana jalatti mammaaksawwan hawaasa keessaa walitti qabaman saddeettama **(80)** xiinxaluun danda'ameera.Kunis, hedduun mammaaksota walitti qabamanii bu'uurri yaada yookan ergaan isaan dabarsan tokko ta'uufi gabaabina yeroo irraa kan ka'e ta'uudha.

## **BOQONNAA SHAN: GOOLABAAFI YAADA FURMAATAA**

### **5.1. Goolaba**

Adeemsa hojii qorannoo kana keessatti odeeffannoowwaniifi ragaawwan adda addaa walitti qabaman irraa yaadoleen waliigalaa akka cuunfaa waliigalaatti armaan gaditti ibsamani jiru.

Hawaasni sadarkaa kamiyyuu seenaa, dudhaafi aadaa mataasaatii qaba. Ibsituun seenaa dudhaafi aadaa ummatichaa ammoo fookiloorii isaati. Fooklooriin hiika adda addaa qabaatus kallattii hiika isaa bal'isnee yemmuu ilaallu; qaama aadaa, duudhaaleefi amantiilee hawaasaa kanneen barsiifata hawaasaa keessatti bal'inaan mul'atan irratti kan hundaa'eedha. Kana malees, hawaasaan hawaasaaf kan uumamuufi yeroo mara afaaniin yookaan gochaan kan darbuudha. Aartiiwwan, dandeettiiwwan dhala namaafi shubbisni muuziqaa fookiloorii jalatti haammatamu.

Fookilooriin calaqqee eenyummaa hawaasa tokkooti. Wanti hundi hawaasicha ibsu achi keessatti argama. Aadaa, dudhaafi bartee isaa immoo karaa ittiin ibsatu, dhalootaaf dabarsu kan mataa isaa ni qabaata. Bartee fi dudhaa isaa, ogumaafi falaasama isaa kana immoo dhalootaa dhalootatti dabarsuuf meeshaa guddaan damee fookiloorii kan ta'e afoola isaati. Afoolli ammoo aadaa, dudhaa, safuu, bartee, oguuma, ilaalcha, amantaa, seenaa, muuxannoofi mudannoo isaa afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti darbaa kan tureefi ammas darbaa kan jiru og-uumee hawaasichaati.

Kanaaf, afoolli kuufama beekumsa hawaasaa labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbudha. Afoolli Oromoo dubartoota haala garagaraatiin ibsa. Haalli qabatamaan uummata keessa jiru, mammaaksonni Oromoo irra caalaan isaanii cimina osoo hin taane dadhabbina dubartootaa kan ibsan ta'uu isaati. Akka biyyaattis waliigaltee biyyattiin walqixxummaa dubartootaa mirkaneessuu ilaalchisee mallatteessite akkasumas, akka sabaattis sabichi saba dudhaafi aadaa ittiin safuu dubartootaa eeguuf qabu waliin kan deemu miti. Haalli kun ammoo dubartoota irratti dhiibbaa garagaraa fida. Dhiibbaan kunis, dhiibbaa xiinsammuu hamaa fiduu irraan kan ka'e, jireenya hawaasummaa adda addaa keessatti, sochii dinagdee keessatti gama walqixxummaa dubartootaanis yoo ilaalamu rakkoo hamaa ta'uun hubatameera.

Afoolli akaakuu garaagaraa ofjalaa qaba. Akaakuuwwan kanneen keessaa; mammaaksa, hibboo, durdurii, geersa, faaruwwan, adda addaa kanneen akka faaru jaalalaa, jechamoota, cigoowwan, eebba, abaarsa, tabaaliwwaniifi kkf.eeruun ni danda'ama.

Akaakuuwwan kanneen keessaa mammaaksi hawaasa Oromoo biratti iddoo olaanaa qaba. Sababni isaas, mammaaksi ofuma isaatiifuu falaasama. Mammaaksi cuunfaa yaada sammuu ilma namaati. Akkasumaan lafumaa ka'amee kan mammaakamu osoo hin taane, itti yaadamee beekumsaafi muuxannoo qaban fayyadamuun ergaa barbaadan dabarfachuuf kan dubbatamudha. Mammaaksa duuba beekumtaa, eenyummaa, sadarkaafi falaasama hawaasa tokkoo hubachuun nama hin rakkisu.

Mammaaksaan miira isaa waan itti dhagahame ibsata. Bilchinaafi hubannoo qabu gargaaramee mammaaksaan diiguu, ijaaruu, kaasuu, kuffisuu, deeggaruu, mormuu danda'a. Mammaaksi faayidaa hedduus kan qabudha. Isaan keessaas; dubbii miidhagsuu, muuxannoo ibsuu, dubbii gabaabsuu, safuu hawaasaa eeguu, barsiisuufi amansiisuu kanneen jedhan ni argamu. Mammaaksi akkuma faayidaa mataasaatii qabaatu, amaloota mataa isaatii ittiin beekamus ni qabaata. Isaan kunneenis; jechoota filatamoo fayyadamuu isaa, tasa haasa'amuu dhiisuu isaa, dubbii dubbatamaa jiruun kan walsimu ta'uu isaa, itti fayyadamuufis ta'ee hubannoof bilchina kan barbaadu ta'uu, dubbii qolaatiin kan dhiyaatuufi kan kana fakkaatu fa'i.

Karaa biraa immoo, mammaaksi mi'eessituu yookan cuubata dubbiiti. Dubbii tokko mormuufis ta'ee deeggaruuf akkasumas barsiisuuf karaa bilchina qabuun gargaarama hawaasichi. Yaada bal'aa ta'e karaa gabaabaa ta'e cunqeessanii ergaa guddaa dabarsuuf gargaara. Kanarraa ka'uun, mammaaksi dubbii fiduuf yookan dubbii fixuufi kan jedhamuuf. Kanaaf, mammaaksi hawaasicha keessatti beekantiifi bu'uura cimaa qaba.

Bu'uuruma kanaan, hawaasichi achii asdhufa haala kamiin mammaaksatti dhimma bahaa ture kan jedhu ilaalameera. Mammaaksi mammaakamu safuufi dudhaa hawaasichaa eeganii kan mammaakaman ta'us, dubartoota xiyyeeffachuun mammaaksonni mammaakaman danuun hawaasicha keessaa ni mul'atu. Keessumaa dubartoota qeequufis haata'u, deeggaruuf kan mammaakaman ni jiraatu.

Kanaaf, mammaaksota “Dubartiin beekaa deessi malee beekaa hinqabdu” jedhan fa’aa argina. Yaadonni akkasii qabatama jiru waliin miira gadaantummaa guddaa dubartoota keessatti akka uumu hubachuun ni danda’ama.

Gabaabumatti, qoratichi gaaffilee bu’uuraa arfan qabatee ka’eef bu’aalee armaan gadii argateera.

- ❖ Qabiyyeewwan mammaaksotaa dubartootaa bu’uura godhachuun mammaakaman gama ciminaafi hanqina isaanii xiyyeeffatan haala itti aanuun adda bahaniiru. Keessumaa ammoo, qabiyyeewwan mammaakkaa gadaantummaa dubartootaa ibsan kanneen akka;
  - Akka waan dubartoonni beekumsa hinqabneetti,
  - Gahumsa hogganuu hinqabneetti,
  - Akka gootummaa hinqabnetti,
  - Akka barbaachisummaa hinqabnetti,
  - Amanamummaa akka hinqabnetti akkasumas,
  - Akka madda walldhabdeetti ilaalu jiraachuun xiinxala gaggeeffameen bira gahameera.

Yaadonni akkasii kun ammoo dhiibbaa xiinsammuu guddaa, miira gadaantummaafi miira hin dandeenyu jedhu dubartoota keessatti akka uumu hubachuun danda’ameera.

- ❖ Qabiyyeewwan mammaaksa dubartootaa armaan olitti ibsaman; gama ciminaanis haata’u, gama hanqina dubartootaan adda bahan ergaa mataa isaanii qabu.

Ergaawwan kuunneen akkuma kanneen gaarummaa isaanii leellisan jiran kanneen hanqina dubartootaa irratti xiyyeeffatanis jiraachuun kan mirkanaa’e ta’us, keessumaa kanneen hanqina dubartootaa haala malee arbeessanii ibsan kunneen gama yaaxxina dubartummaan qabsoo walqixxummaa dubartootaa mirkaneessuuf taasifamaa tureefi jiru gufachiisuu bira darbee akka aadaa uummatichaattis kan walhinsimne, sirna bulchiinsa Gadaa hawaasichi ittiin walbulchaa ture keessattis kan fudhatama hinqabne ta’uu hubachuun danda’ameera. Dabalataanis, rakkoo xiinsammuu hamaa, miira hirkattummaafi hindandeenyu jedhu isaan keessatti kan uumu ta’uufi gama mirga dubartootaanis, seera amma addunyaan itti jirtu kan faallessu akkasumas, aadaafi safuu hawaasichi dubartootaaf qabuuf rakkoo hamaa ta’uun hubatameera.

Kanaaf, mammaaksota kanneen keessatti haalli ittiin dubartoonni bakka buufaman waalama kan ofkeessaa qabu ta’uu isaati. Inni jalqabaa dadhabbina dubartootaa kan ibsu yoo ta’u, inni itti aanu



cimina isaanii kan ibsudha.Bu'uuruma kanaan, gama cimina isaaniitiin haqa dubartoonni qaban bu'uura godhachuun kennaa addaa isaan qabaniin;

- haxxummaa,
- gara laafummaa,
- jaalala,
- beektuu ta'uu,
- kabajaafi
- oguma guddaa isaan qabaniin bakka buusuun ibsee jira.

Karaa biraa immoo, akka waan dubartoonni homaatti hingallee; dadhaboo, kan waa'ee hinbaafnefi akka barbaachisummaa hinqabnetti bakka buusee ibsa.

- ❖ Uummanni Godina Buunoo Beddellees mammaaksatti yeroo dhimma bahu hawaasa Oromoo godinoota kaaniirraa adda bahee kan hin ilaalamne ta'uunis hubatameera.

Kana jechuunis,keessumaa mammaaksota dubartoota bu'uureffachuun mammaakaman barteedhuma tureen akkuma hawaasa naannoo birootti fayyadamaa turuu hubachuun danda'ameera.Barteewwan duubatti hafoo aadaafi duudhaa hawaasa keenyaan walfaallessan fuula duratti akka hin tarkaanfanne gochuun ijoo qorannoo kanaa isa guddaadha.

Karaa biraa immoo, “Beektuun dubartii olkeessee fudhatti” kan jedhutu argama.Namni egereef yaadee waa olkaa'atu hunda miti>Nama waa'een borii galeefidha.Kun immoo gahumsa fageessanii yaaduu dubartootaa kan mul'isudha.Kanuma bu'uura godhachuudhaan, qabiyyeewwan mammaaksa dubartootaa cimina dubartootaa ibsan kanneen akka; dubartiin beektuu ta'uu, jaalala haadhummaa kan qaban, haxxummaa kan qaban, barbaachisummaa olaanaa kan qaban, ogummaa kan qaban, kabajamoo ta'uu isaanii ibsanis xiinxalamaniiru.Yaadota akkanaa jajjabeessuun kanneen cinatti dhiifamuu qabanis xiinxalanii hawaasi akka irraa baratu gochuun barbaachisaadha.Galmi taa'es isaan kana qotanii baasuun xiinxaluu irratti kan bu'uureffatudha.Kanuma ka'umsa godhachuun, mammaaksonni dubartoota qeeqanis, kanneen leellisanis walbira qabuun akka qaaceffaman ta'eera.

- ❖ Mammaaksota dubartoota bu'uureffachuun mammaakaman keessatti dubartoonni kallattii lamaan kan ilaalamudha.Haaluma armaan olitti xiinxala gaggeeffameen;

Kanneen hanqina isaanii qofarratti xiyyeeffatan dubartoota daran gadi buusee kan ilaaluufi aadaa hawaasichi qabu kan faallessu garuu barteedhumaan kan dhimma itti bahamu yoo ta’u, mirga walqixxummaa dubartoonni kallattii kamiinuu dhiira waliin qaban kan faallessuufi dhiibbaa cimaa kan qabu ta’uun ilaalameera.

Kanumarraa ka’uunis, xiinxala gaggeeffameen mammaaksotni hedduun hawaasichi barteen gargaaramu hamilee dubartootaa kan tuqu ta’ee argameera. Yaanni kun ammoo, mirgaafi walqixxummaa dubartootaa yeroo ammaa akka idil-addunyaatti irratti xiyyeeffatamee jiruun kan walfaallessu ta’uun hubatameera. Mammaaksonni akkanaa hamilee dubartootaa kan tuqan waan ta’eef, barteewwan duubatti hafoo hawaasa keenyatti rarra’anii asgahan, kanneen qaroominaafi aadaa bareedaa hawaasa keenyaa waliin hindeemne akka hafaa deemu gumaachuun barbaachisaa ta’uun ilaalameera.

Karaa biraas, qorannoodhuma kanaan, ciminniifi gaarummaan dubartoonni hawaasa keessatti qaban faallaa yaadota akka hanqinaatti ilaalamanii ta’an bal’inaan xiinxalamaniiru. Qorannoo kanaan, kabajaafi ulfina guddaa dubartoonni hawaasicha keessatti qabaniifi ilaalchonni ‘dursa dubartootaaf’ kennuu, isa hawaasni addunyaa jaarraa 20ffaa keessa yaadate hawaasni Oromoo durumaanuu achii asdhufa itti fayyadamaa kan ture ta’uu qorannoo kanaan hubachuun danda’ameera.

Waan kana ta’eef, hanqinoota dubartootaa jechuun yaadonni ka’an kun ilaalcha qoodinsaa hamaa dhaloonni qabatee akka deemu kan godhaniifi dubartoonni jireenya hawaasummaa keessatti gadi akka qabamaniifi akka meeshaatti itti fayyadamuuf yoo ta’een ala bu’uura seenaas ta’ee bu’uura seeraa waan hinqabneef, ciminoota isaanii warrabamee hindhumneen bakka buusaa deemuun kan danda’amu ta’uun hubatameera.

## **5.2. Yaada Furmaataa**

Mammaaksota dubartootaan walqabatee dhimmoonni jiran armaan olitti gadi fageenyaan qaaceffamaniiru. Adeemsa kana keessatti mammaaksonni dubartoota xiyyeeffachuun kallattii cimina isaanii ibsaniifi hanqina isaanii irratti xiyyeeffatan bal’inaan funaanamanii xiinxalamaniiru. Xiinxala gaggeeffame kana keessatti hanqinoota mul’atan furuuf qorataan yaada furmaataa ta’a waan jedhu akka armaan gadiitti lafa kaa’eera.

- Kitaabileefi jiildiiwwan hedduun mammaaksota qabatan addatti hawaasa keessaa funaanuun maxxanfamaniiru. Mammaaksonni waa'ee dubartootaa ibsanis yoo baay'ee ta'uu baateyyuu akkasuma. Qopheessitoonni haftee hawaasaa akkasii irratti hojjetan duuchumatti walitti guuranii maxxansuurra osoo gargar baasanii maxxansanii caalaatti bu'a qabeessummaafi hojirra oolmaan isaa ni dabala. Karaa biraas, qopheessitoonni hojii akkasii irratti bobba'an callisanii dheedhiidhuma isaa walitti guuranii maxxansuu irra osoo xiinxala irratti gaggeessanii akkuma aadaafi barteewwan barbaachisoo hintaane biroon maqfamaa deeman mammaaksota irrattis hojjetamee kan maquu qabu akka maqaa deemu taasifamee daran qaroomina hawaasichaa kan mul'isu ta'a.
- Mammaaksaan walqabatee qorannooleen garaagaraa sadarkaa adda addaatti gaggeeffamaniiru. Keessumaa immoo mammaaksonni ciminafi hanqina dubartootaa xiyyeeffatan qofa qofaatti gaggeeffamaniiru. Haata'utii garuu, walbira qabanii xiinxaluun isa jajjabaachuu malu jajjabeessaa, isa maqfamuu malu ammoo kallattii kaa'uun hinbaratamne. Hojiin akkasiis yoo barame dhaloonni irraa barataa deemu danda'a, beekumsi nattoo hawaasni keenya ittiin beekamus caalaatti guutuu ta'a.
- Qaamonni dhimmi kun ilaalu, barsiisonni afaanii, namoonni dhuunfaa qorannoo gurguddaa aadaafi afaan irratti gaggeessan, Waajjiroonni mootummaa kanneen akka Waajjira Aadaafi Turizimii akkasumas manneen murtii aadaa sirnaafi aadaa hawaasichaa lafa qabsiisuu keessatti hojii guyyaa guyyaa isaanii keessatti yoo irratti xiyyeeffatanii dhimma kanarratti hojjetan barteewwan hawaasicha hinmadaalle, aadaa, dudhaafi safuu isaa waliin hindeemne suuta suuta hambisaa deemu mala.
- Abbootiin Gadaa, Hawwoliin Siinqeefi biyyaa jila adda addaa, walgayii gurguddaa sadarkaa adda addaatti gaggeeffamu, iddoo jaarsummaafi hawaasni walitti qabamu maratti rakkoo mammaaksota hanqina dubartootaa ibsaniin dhufaniifi bu'aa mammaaksonni cimina dubartootaa qaban walbira qabuun barsiisaa yoo deeman akka rakkootti wantoota qorannicha keessatti ka'an adeemsaan maqsaa deemuun ni danda'ama.
- Ilaalcha dubartoonni mataan isaanii ofiisaaniitiif qabanis darbee darbee dhiibbaa turerraa kan ka'e rakkoo ta'uun qorannoo kanaan kan hubatame waan ta'eef, sadarkaa jiru kamuu irratti aadaan dubartootaaf dursa kennuu hawaasa keenya keessa

durumaanuu jiru dhaloota ammaa keessattis akka hinbannee carraa argame kamiinuu hubachiisaa, barumsa kennaa deemuun dhawataan rakkoo kana maqsaa deemuun ni danda'ama.

- Qopheessitoonni kitaabolee barnoota afaanii waa'ee qabiyyee mammaaksaafi mammaaksotuma mataa isaanii kan barsiisu qopheessuu bira darbanii addatti mammaaksa dubartootaan walqabatee dhugaa hawaasa keessa jiru irratti yoo xiyyeeffatan dhaloota itti aanu waan fooyya'aa dhaalchisuun hawaasa walqixxummaa dubartootaa jecha bira darbee gochaan agarsiisu uumuun ni danda'ama.
- Ammallee afoolli Oromoo keessumaa ammoo mammaaksi dubartoota xiyyeeffannoo barbaachisu waan hinarganneef yoo irratti xiyyeeffatame qaroomina hawaasa kanaa addunyaaf fakkeenya ta'u caalaatti beeksisuun ni danda'ama.

## Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Qorannoo hujoo afaan oromoo keessatti*

Addunyaa Barkeessaa.(2014). *Bu'uura Barnoota Afaanii fi Afoola Oromoo.*

Oromiyaa Finfinnee: Far East Trading PLC.

Addunyaa Barkeessaa. (2016). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.* Finfinnee  
Oromiyaa

Alamaayyoo F. fi Alamituu Oliy. (2010). *Seensa Afoolaa.*Kan hinmaxxanfamne (Yuunivarsiitii  
Jimmaa).

Asaffaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguuma Oromoo.*Finfinnee: Oromiyaa Far East Trading  
Plc.

Bascom, W. (1992). *American Folklore in the New world Bloomington And Indianapolis:* Indiana  
University Press.

Amos, D. (1975). Folklore in Africa Society in research literature.6 (2) PP.165-198.

Amos, D. (1979). *Toward a definition of folklore in context* (Reading American Folklore). South  
Asian Publishers Ltd. New Dechi.

Bryson. (1999). *Fiminist Debates Population:* London Macmillan Press.

Bukenya.A. (1994). *Understanding Oral Literature.* Nairobi Universty Press.

Coffin P. and H. cohen. (1962). *Folklore in America Doubleady and company, Inc:* New York .

Creswell, J.W. (2003). *Research design: Qualitative and mixed method approaches.*

(2nded). Thousand Oaks, CA: sage.

Dasta Dessalegn. (2002). *Bu'uura qorannoo:* Yuuniversitii Finfinnee. Far East Trading PLC.

Dorson, R. (1972). *Folklore and folklife: An Introduction.* Chicage University  
Press, Chicago.

Dundes, A. (1979). "Meta Folklore and Oral literary Crititicism." Beadings in American  
Falklres.

Dundes, A. (1965). *The study of folklore.*Berkelay:prentice-Hall,Inc.

- Encyclopedia America. (1995). *Vol.11. USA. Glolier Incorporated*
- Finnegan, R. (1970). *Oral literature in Africa*. Nirab Oxford University Press.
- Finnegan, R. (1976). *Oral literature in Africa*. Oxford University Press.
- Finnegan, R. (2012). *Oral literature in Africa*. Cambridge: Univesity Press.
- Gaaddisaa Birruu. (1991). *Maalummaa Mammaaksa Barruulee jildi 4ffaa Biroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa*. Finfinnee.
- Gaarummaa Abdiisaa. (2020). *Saxaxa Qorannoo*. Yaadrimee Bu'uura Qorannoo. 3H printing Press. Finfinnee
- Goldestin, Q. (1964). *A Guide for filed workers in falklore*. Hatboro: Folklore Associates, Inc.
- Hinseene Makuriyaa. (2010). *Gaachana kormaa*. Addis Ababaa printed by Far East plc.
- Komishiinii Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa. (1999). *Waadaalee Idil-Addunyaa Mirgoota Namoomaa*. Finfinnee.
- Kuwee Kumsaa. (1998). Oromo Women and Other Oromo National Movement. *In Journal Of Oromoo Studies*. Vol.4, Nos 1and2.
- Malkaamuu Margoo. (2007). *Dubartoota Mammaaksa Oromoo Keessatti: Qaaccessa Qabiyyee* MA Thesis Addis Ababa University.
- Marga Abbabaa. (2016). *Qaaccessa Bakka Bu'insa Namfakkiilee Dubartootaa Asoosama Imaanaa Imaltuufi Hiree Galgalaa keessatti Waraqaa digirii 2ffaa kan hin maxxanfanne*. Yuunivarsiitii Jimmaa.
- Meider, W. (1997). *The politics of proverbs from traditional wisdom to proverb stereotypes*, the university misconsia press.
- Okumba. (1994). "Understanding and teaching proverbs" *Understanding oral literature*. Nairobi: Nairobi Universty Press.
- Oring, E. (1984). *Folk Groups and falklore Generes; An Introduction*. Longman Utah Sate University.
- Sahilu Kidaane. (1996). *Borana Oromo prose Narratives. A contxetual study*. MA thesis A.A Univerity.
- Sahilu Kidaane. (2002). *Borana Folktales. contextual Study*. London University kingdom

- Sa'idaa Kadir. (2002). *Sirna Gadaafi Dubartoota*. Finfinnee. Dhaabbata Maxxansaa Birahaan.
- Sims, C. & Stephens, M. (2005). *Living folklore: An introduction to the study of people and their tradition* USA: Utah State University Press.
- Solomon Areaya. (2004). *Qualitative Research: Beyond anumber Game*. Institute of Educational Research Flambeau. Addis Ababa University (Vol. aaNo. 2)
- Soofiyaa, Warquu, Yeneenahfi kaawwan. (1999). *Wirtuu Jidii 9 Barrulee Qormaata Waltina Afaan Oromoo*. Finfinnee kan maxxansiise Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti Qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo.
- Tadesse Jaleta. (2004). *Social Function of Oromo Proverbs In Oromo Oral Poetry*. Germany.
- Tafarii Getahun. (2000). *An analysis of Awgni proverbs*. MA Thesis Addis Ababa University.
- Tafarii Kumasaa. (2001). *Qabiyyee Mammaaksa. Wirtuu Jildii (9ffaa)* Finfinnee: Artist printing.
- Tashoomee Egeree. (2013). *A feminist Reading of selected Afaan Oromo Novels: Deconstruction in focus*. Waraqaa Qorannoo PhD hin maxxanfamme.
- Wasanee Bashaa. (1994). *Qorii Qorsaa*: Birana Printing.
- Wasanee Bashaa. (2000). *Bantuu haaraa*. Finfinnee: EMAY.
- Wiirtuu. (1990). *Gumii Qormaata Afaan Oromoo*. Jiildii 2ffaa Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.
- Yeweyinxaji Daamxoo. (2008). *Qaaccessa Qabiyyee Mammaaksota Oromoo Cimina Dubartootaa ibsan*. Waraqaa qorannoo digirii 2ffaa kan hin maxxanfamme.

## **Dabalee A**

Yuniversiitii Jimmaa, kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaaniitiitti, Dame Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutti Qorannoo Sagantaa Digirii Lammaffaa(MA) guuttachuuf geggeeffamuuf gaaffilee Afaanii Kutaalee Hawaasaa garaagaraa irraa odeeffannoo funaannachuuf qophaa'e.

### **Afgaaffii Odeeffannoo Kennitootaaf Qophaa'e.**

#### **Odeeffannoo Dhuunfaa**

1. Maqaa hanga akaakayyuutti\_\_\_\_\_
2. Koorniyaa \_\_\_\_\_
3. Umurii\_\_\_\_\_
4. Sadarkaa Barumsaa\_\_\_\_\_
5. Hojii(Ogummaa)\_\_\_\_\_
6. Caasaa hawaasaa keessatti gahee qabu\_\_\_\_\_

**Qajeelfama Waliigalaa:Gaaffileen afaanii** asii gaditti isiniif dhiyaatan kunniin hojii qorannoo barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin Digirii lammaffaa (MA) ittiin guuttachuuf geggeeffamuuf qofa kan ooludha.Dhimmoota gaaffii isiniif dhiyaatu irratti yaadaafi hubannoo qabdan osoo itti hindabaliin yookaan irraa hin hir'isiin odeeffannoon naaf kennitan milkaa'ina hojii qorannoo kanaaf iddoo Olaanaa qaba.Kanaafuu odeeffannoo dhugaa akka naaf kennitan yoon isin gaafadhu,deeggersa naaf gootaniifis durseen isin galateeffadha.

1. Akka qabatama Aadaa hawaasa Godina Buunnoo Beddelleetti Mammaaksi maali?
2. Oromoon Mammaaksa yeroo akkamii Mammaaka? Maaliifi?
3. Namoota akkamiitu Mammaaksatti dhimma baha?
4. Mammaaksi Dubartii hoo maali?
5. Mammaaksonni Dubartootaaf Mammaakaman kunneen ergaawwan akkamii dabarsu?
6. Mammaaksonni Dubartootaaf mammaakaman aadaa Oromoo keessatti mirga Dubartootaan walqabatee akkamiin ilaalamu?
7. Hawaasni Oromoo Godina Buunnoo Beddellee Mammaaksota Dubartootaaf Mammaakaman akkamiin dhimma itti baha?



8. Mammaaksota Dubartootaaf mammaakaman keessatti Dubartoonni akkamiin bakka buufamu?

## **Dabalee B**

Yuniversiitii Jimmaa, kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaaniitiitti, Dame Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutti Qorannoo Sagantaa Digirii Lammaffaa(MA) guuttachuuf geggeeffamuuf Marii Garee Kutaalee Hawaasaa garaagaraa irraa odeeffannoo funaannachuuf qophaa'e.

**Gaaffilee Marii** gareef armaan gaditti dhiyaatan hojii qorannoo barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin Digirii lammaffaa (MA) ittiin guuttachuuf geggeeffamuuf qofa kan ooludha. Waan ta'eef, odeeffannoon isin kennitan bu'aa qorannoo kanaaf, gahee guddaa qaba. Odeeffannoo sirrii akka nuuf kennitan jechaa, eeyyamamoo ta'uu keessaniif dursee galata isiniif galchuun barbaada.

1. Akka hawaasa Godina Buunnoo Beddelleetti Mammaaksaaf Dubartummaa akkamiin ilaaltu?
2. Mammaaksa Dubartootaaf mammaakaman ija mirga Dubartootaan akkamiin ilaaltu?
3. Mammaaksonni Dubartootaa dhiibbaalee akkamii Dubartoota irratti qabu?
4. Mammaaksonni ciminaafi hanqina Dubartootaa ibsan hawaasa keessatti beekamuu? Yoo kan beekaman ta'e fakkeenya yoo naaf laattan.
5. Mirga Dubartootaan walqabatee hawaasni haala kamiin mammaaksatti yeroo fayyadamu Dubartootaaf of-eeggataa?
6. Ogummaa, Beekumsaafi haxxummaa Dubartootaan walqabatee mammaaksonni hawaasa keessatti beekaman jiruu? Yoo jiraate fakkeenya yoo naaf laattan.

## **Dabalee C**

Mammaaksonni kunneen Mammaaksota Afgaaffiifi marii garee hojii qorannoo kanaatiif taasifameen kan funaanamedha.

### **I. Mammaaksota Dubartootaa Gadaantummaa Dubartootaa ibsan**

1. Abiddi dubartiin qabsiifte hin dhaamu.
2. Baatiriifi dubartiin jilbaa gaditti.
3. Beekumsi dubartii gorroo hin darbu.
4. Beekumsi dubartii laga nama hin ceesisu.
5. Biyya dubartiin mootetti raafuun midhaan dhaala.
6. Biyya mootiin dubartii mariin karaarra.
7. Dhiirri dubbii dubartii fudhatu, ollaan nagaa hin bulu.
8. Dubartii amma harmi rarra'u qalbiin rarra'a.
9. Dubartii gadheen gorsa hin jaallattu.
10. Dubartii mooqqattuun cilee fuularraa hin dhabdu.
11. Dubartiifi Adurreen mana keessatti.
12. Dubartiifi barariin lafa jiidhaa jaalatti.
13. Dubartiifi bililleen garaa guddatti.
14. Dubartiifi biqila hin jajan.
15. Dubartiifi dinnichi udduun bilchaatti.
16. Dubartiifi eegee ofboodatti ilaalu.
17. Dubartiifi eeleen meeshaa manaati.
18. Dubartiifi fardi galgala baddi.
19. Dubartiifi gemmoon keessummaa hin qabdu.
20. Dubartiifi gingilchaan kaballaa jaalatti.
21. Dubartiifi harree hamma isheen nama bira jirtutti irraa nyaatu.
22. Dubartiifi harreen ba'aa jaalatti.
23. Dubartiifi harreen tola hin jaallattu.
24. Dubartiifi harreen ulee jaalatti.
25. Dubartiifi hordaan qomaa gaditti.
26. Dubartiifi ijoolleen nama walitti naqxi.
27. Dubartiifi kotte duudaan kaballaa jaalatti.

28. Dubartiifi lukkuun kosiirraa tokko.
29. Dubartiifi maraatuun qalbii hin qabdu.
30. Dubartiifi saree mandaraa hin dhaban.
31. Dubartiifi Sareen jibba hin beektu.
32. Dubartiifi sareen laagaa dheeratti.
33. Dubartiin amma ofjalatti fincooftu yaaddi.
34. Dubartiin buddeen tolchiti malee dubbii hin tolchitu.
35. Dubartiin deessuu malee beektuu hin qabdu.
36. Dubartiin dheertuu malee beektuu hin qabdu.
37. Dubartiin furdoo malee guddoo hin qabdu.
38. Dubartiin ganama ijaarree galgala diigdi.
39. Dubartiin garaa bulchiti malee biyya hin bulchitu.
40. Dubartiin goota hinqabdu goota deessi malee.
41. Dubartiin Gubalii Olitti.
42. Dubartiin hirree daaku malee sammuu yaadu hin qabdu.
43. Dubartiin hojjaa dheerattu dhuma midhaanii hin beektu.
44. Dubartiin itti tole qullaa qooxii yaabbatti.
45. Dubartiin keessummaa hin qabdu.\
46. Dubartiin kosii ormaati.
47. Dubartiin lama hin beektu; tokko hin wallaaltu.
48. Dubartiin mala malee mana hin qabdu.
49. Dubartiin mana baatti malee amaanaa hin baattu.
50. Dubartiin mana bulti malee nama hin bulchitu.
51. Dubartiin mana hin qabdu; mana dhiiraa bulti.
52. Dubartiin muraniifis, muruu baataniifis boo'a hin dhiiftu.
53. Dubartiin qaamaan malee yaadaan hin furdattu.
54. Dubartiin qalbii hin qabne tuullaa xaafii gufatti.
55. Dubartiin raacitii bulchiti malee dubbii hin bulchitu.
56. Dubartiin Sabbata nyaatti.
57. Dubartiin safuu malee sammuu hin qabdu.
58. Dubartiin siiksitu nama hin hiiksitu.

59. Dubbiin dubartiifi udaan lukkuu burree hin dhabu.
60. Durbi mammaakteefi re'een albaate, manaa baate.
61. Egereen heeruma jettee har'a ilkaan rigattee.
62. Firri karaa dubartii amma godaa supheeti.
63. Gabaa dubartii mannaa dhiira tokko wayya.
64. Gangeefi dubartiin hin amanamtu.
65. Gootummaan dubartii amma bishaan dhangala'utti.
66. Hasawaan dubartii gartokkeen soba.
67. Jirbiifi dubartii teessoon hin ga'u.
68. Karaan dubartiifi karaan jaldeessaa bowwaa nama buusa.
69. Killeefi dubartiin keessa hin qabdu.
70. Mana dubartiin danatte raafuun hin bilchaatu.
71. Mana dubartiin kumtokkoo bobeesaan muk-tokko.
72. Mootummaan dubartii abidda bira hin darbu.
73. Mootummaan dubartii karra banaa bulcha.
74. Qawweefi dubartiin suuqatti tolti.
75. Qe'ee dubartiin baay'atte karri banaa bula.
76. Sanyii haadhaa, intala farsoon qalloo.
77. Taa'uu manna durbaa dhalchuu wayya.

## **I. Mammaaksota cimina Dubartootaa ibsan**

1. Aarriifi dubartiin karaa ba'umsaa hin dhabdu.
2. Aayyoo marqaan mooqa jennaan marqaan mooqa miti akka walgahu goona jette jaartiin.
3. Abbaan muka alaati haati utubaa manaati.
4. Abshaalli dubartii gabaa galtee ashaboo liqii gaafatti.
5. Agarru ni heerumna dhabnu migira guurree galla jette durbi.
6. Akkan beekuttan du'a jette deessuun.
7. Ani ofiif miti gurbaan kun fuudha kajeleera jette intalli gurbaa kajeeltee.
8. Anuu nan taa'aa jaartiin aseennaa baddee jette intalli.
9. Arginaan na butan malee tokko buleen gale jette intalli.
10. Asuu oolle jette kan heerumaaf muddamte.
11. Bakka dubartiin hin jirre dhangaan hin tolu.
12. Bakka dubartiin hin jirre nagaan hin jiru.
13. Baraafi dubartii dura hin dhaabbatani.
14. Bareedumni koo hin dhumu xiyyoon ija kee si dhuma.
15. Barri baranaa bara nuugiitis jette jaartiin sanyii xaafii fixxee.

16. Beektuun dubartii olkeessee fudhatti.
17. Buddeenni ittoo hin qabneefi manni dubartii hin qabne tokko.
18. Buddeenni ittoo malee dhiirri dubartii malee hin tolu.
19. Bunni dubartiin danfistu cabaa fayyisa.
20. Ciminniifi ulfinni dubartii waliini.
21. Dhiira aango qabeessarra dubartii obsa qabeettii wayya.
22. Dhiirri soortuu jaalata.
23. Dibaabee gaafa bokkaa dubartii gaafa morkaa.
24. Doofaatti heerumuu mannaa durbummaan hafuu wayya jette intalli.
25. Dubartii beektuun mana ishee ijaarti.
26. Dubartii deessuufi waaqa roobu keessaa waa argatu.
27. Dubartii jabduun utubaa manaati.
28. Dubartii jechuun harka, saree jechuun sagaleedha.
29. Dubartii makarattuun harka dhiiraatti hin haftu.
30. Dubartii makartuun akka dhiiraati.
31. Dubartii malee gadaan guutuu hin ta'u.
32. Dubartii si'eettiin dhiira dabeessa gootomsiti.
33. Dubartiifi abidda sodaadhu.
34. Dubartiifi budaan ciiftee malti.
35. Dubartiifi dugdaan lafaa ka'u.
36. Dubartiifi gindoon hin teessu.
37. Dubartiifi harreen kan bara rakkinaati.
38. Dubartiifi lafatu nama baata.
39. Dubartiifi loon malee qe'een hin tolu.
40. Dubartiin bara rakkoo rakkoodhaa nama baasti.
41. Dubartiin faaya dhiiraati.
42. Dubartiin harma guuti malee harka hin guutu.
43. Dubartiin mana qabdu mala hin dhabdu.
44. Dubartiin nyaata dhaba miti dhugaa dhaba duuti.
45. Dubartiin waa olkeessu dhirsaa wajjin dhaala nyaatti.
46. Dubartiin xiqqoo hin qabdu.
47. Durba hamtuu mannaa durba haftuu wayya.
48. Duuti biyyaa wajjinii hirriba jette jaartiin.
49. Fagaatan malee mi'aa haadha manaa hin argan.
50. Fayyaan haa nyaattu jettee jaartiin kijjoo maraa sagal fixxe.
51. Fuula na tolchi malee bareedinni ollaarraa dhufa jette intalli.
52. Garaafi dubartii ofduratti ilaalu.
53. Godaa mannaa godoo wayya jette haftuun.
54. Haadha dhabuu mannaa haadha dhabduu wayya.
55. Haadha ilaalanii intala fuudhu.

56. Haadhaafi bishaani hin lagatani.
57. Haadhaafi biyya ofiitiin boonu.
58. Haadhaafi biyyarratti hin qoosamu.
59. Haadhaafi hadurree hin ifatani.
60. Haadhaafi irbaataan hin qoosani.
61. Haadhaafi lafatu nama danda'a.
62. Haadhaafi lagni xurii hin qabdu.
63. Haadhatu laga jiraa ilmoon qarreerra kaatti.
64. Haalaafi fala dubartii gaafatu.
65. Haati 'mixmixaa' kanuma kootu guba jetti.
66. Haati ballaa yaa bakkalcha koo jetti.
67. Haati bokkaa qacacaati malaan nama quubsiti.
68. Haati harma guuti malee harka hin guutu.
69. Haati manaa abbaa manaa isheetiif gaachana.
70. Haati manaa abbaa manaa isheetiif gaachana.
71. Haati naafaa yaa shininiqaa koo jetti.
72. Haati ofii harka ofiiti.
73. Haati ofii kafana ofiiti.
74. Haati Utubaa manaati abbaan muka dagaleeti.
75. Haatiifi gabaan waan namaa kennitu hin dhabdu.
76. Hamminni intalaafi ilkaan lukkuu garaa keessa.
77. Humna akka bishaanii mala akka dubartii siif haakennu.
78. Humna Bishaaniifi mala dubartii hin beekani.
79. Ilmoon haadha malee manni utubaa malee hin tolu.
80. Jaalannaan akka haadhaa, jabaannaan akka dhagaa.
81. Jaartii bishaan nyaannaan silaayuu dhimman nyamariin dhaqun qaba jette.
82. Kam muranii kamiin fincaa'ani jeette haati manaa abbaa manaan ofirraan mura jennaan.
83. Kan dubartiin ergite du'a hin sodaatu.
84. Kopheefi dubartiin nama hin qabiin.
85. Lama na hin suufan jette jaartiin qullubbii hattee.
86. Lapheen dubartii akka dhadhaati, malli ishees akka bofa lo'uuti.
87. Maatiin dubartiin keessa hin jirre mana cufaa hin qabneen tokkicha.
88. Malaafi fala dubartii gaafadhu.
89. Malkituu malee malkaa hin dhaqani.
90. Malli dubartii dhagaa ura.
91. Mana dubartii hin qabne titiisatu itti walhora.
92. Mana onaa manna dubartii qalbii onaa wayya.
93. Manni dubartiin ijaarte hin jigu.
94. Marqaa durbaa mannaa qorba jaartii wayya.
95. Michuu dubartii hormaarra yartuu haadha ofii wayya.

96. Mukni baala malee manni dubartii malee hin bareedu.
97. Na butuun kee hin oollee nan godhiin ijoollee jette abshaalli durbaa gateettiitti olbaatee.
98. Naaf hin hirre jette jaartiin marqaa gurroo olfixxee.
99. Namni haadha qabu nama waaqa qabu.
100. Namni waaqaafi dubartiin mariyate ni milkaa'a.
101. Natti hin hafiin maaramiitti haahafu jette dhabduun ciniinsifattee.
102. Niitiin gaariin dhirsaaaf kafana.
103. Osoo tolee boora kootu naan gala caccabsaa na fe'aa jette jaartiin.
104. Qe'ee dubartii kaamettii urgooftuu funaannatu.
105. Rakkina dhirsaa gabaabaa waldura deemu jette niitiin.
106. Sila sihafe alaa mishingaa keessa jette intalli gurbaan.
107. Sirba dhaquu hin jibbu sirbaa galuun jibba jette jaartiin.
108. Tattaafattuun dhirsaa hin dhabdu.
109. Uggum yaa uumaasaa jette intalli of jala ilaaltee.
110. Ulfeessan ulfina argatu jettee haati ilmaaf farda qabdee.
111. Waanti olkaa'an hin badu jettee jaartiin durbummaan duute.
112. Waaqaaf safuu jette abbaa manaa kabaltee.
113. Waaqaafi dubartii harkaa waa hin dhabani.
114. Waaqaafi haadhatti baqatu.
115. Walakkeessa ollaan marqaa balleessa jette.
116. Wallaalee hin goone walhaagahuuf malee jette haati ijoollee marqaatti bishaan naqxee.
117. Warraaqsi dubartiin keessa hin jirre galma hin gahu.
118. Yaa abbaa manaa koo akka kee wallaalani galaa kee sisaamanii jette niitiin.
119. Yeroon waqixxummaadha koottu biyya bulchina jette niitiin.
120. Yoo karaan cite malee garaan haadhaa hin citu.

## Dabalee D

### Odeefkennitoota afgaaffii qorannichaa irratti hirmaatan

T/L	Maqaa	Saala	Umurii	Sad.Bar umsaa	Ganda	Gahee hojii
1	Asaffaa Qana'aa	Dhi	55	10	Oddoo	Qonnaan Bulaa
2	Kadir Dhaabaa	Dhi	81	7	Yabaallaa	Qonnaan Bulaa
3	Buzaayyoo Warqinaa	Dhi	62	12	Ilkee Qararoo	Qonnaan Bulaa
4	Ittafaa Daargee	Dhi	58	8	Ilkee Qararoo	Waardiyyaa
5	Eebbisaa Darasuu	Dhi	51	10	Ilkee Qararoo	Hojjetaa
6	Yoonas Takkaalinyi	Dhi	63	4	Yabaallaa	Qonnaan Bulaa
7	Fedhasaa Tuujii	Dhi	92	-	Oddoo	Qonnaan Bulaa
8	A/G/Suutumaa Mokonnin	Dhi	60	12		Qonnaan Bulaa
9	H/S/Sukkaaree Raggaasaa	Dha	56	5	Oddoo	Qonnaan Bultuu
10	Fallaqach Bafiqaaduu	Dha	45	Digirii	Shuuramuu gootaa	I/G/Dhi/Du/Daa'im manii
11	Jamaanee Iddoosaa	Dha	61	8	Oddoo	Qonnaan Bultuu
12	Caaltuu Ittaanaa	Dha	66	-	Yabaallaa	Qonnaan Bultuu
13	Dassaalenyi Fiqiree	Dhi	35	Dip.	Abbaa Bokkuu	I/G/Waj/A/Turizim ii
14	Tafarraa Abdiisaa	Dhi	42	Digirii	Shuuramuu Gootaa	I/G/Waj/A/Alangaa
15	Huseen Gamteessaa	Dhi	81	Dip.	Ilkee Qararoo	Sooramaa



## Dabalee E

### Odeefkennitoota marii garee irratti hirmaatan

T/L	Maqaa	Saala	Umurii	Sad.Ba rumsaa	Ganda	Gahee hojii
1	Sukkaaree Raggaasaa	Dha	57	-	Oddoo	Qonnaan Bultuu
2	A/G/Suutumaa Makonnin	Dhi	60	12	Siddisa	Qonnaan Bulaa
3	Takaaliny Dheeressaa	Dhi	61	-	Firrisaa Shuuramuu	Qonnaan Bulaa
4	Baqqaluu Biraanuu	Dha	58	-	Oddoo	Qonnaan Bultuu
5	Tigisti Maammoo	Dha	55	6	Oddoo	Qonnaan Bultuu
6	Bayyanaa Ittaanaa	Dhi	65	4	Oddoo	Qonnaan Bulaa
7	Takkaalinyi Danuu	Dhi	69	9	Ilkee qararoo	Qonnaan Bulaa
8	Mohaammad Jibriil	Dhi	71	-	Oddoo	Qonnaan Bulaa
9	Qana'aa Suphaa	Dhi	84	4	Oddoo	Qonnaan Bulaa
10	Ahimad Sulee	Dhi	64	8	Abbaa Bokkuu	Sooramaa
11	Bafiqaaduu Wayyeessaa	Dhi	79	11	Abbaa Bokkuu	Sooramaa
12	Taarikuu Simaa	Dhi	64	4	Yabaallaa	Qonnaan Bulaa
13	Daani'eel Waaqjiraa	Dhi	52	8	Yabaallaa	Waardiyyaa
14	Awwal Sulee	Dhi	73	-	Yabaallaa	Sooramaa
15	Taaddalech Moosisaa	Dha	54	8	Yabaallaa	Qonnaan Bultuu
16	Fayyinee Soorii	Dha	55	6	Yabaallaa	Qonnaan Bultuu
17	Alamituu Waaree	Dha	67	-	Oddoo	Qonnaan Bultuu
18	Tafarii Galaalchaa	Dhi	75	4	Yabaallaa	Qonnaan Bulaa

## Dabalee F

Suuraa yeroo mariin Abbootii Gadaafi Hawwotii Siinqee Aanichaa akkasumas Manguddoota filataman waliin gaafa guyyaa 22/08/2014 taasifamu agarsiisudha.





Suura yeroo Mariin Garee Maanguddoota Aanichaa filataman waliin gaafa 29/09/2014 taasifamu agarsiisan

